INSTIITIYUUTII LEENJII OGEESSOTA QAAMOLEE HAQAA FI QORANNOO SEERAA OROMIYAA

QORANNOO SAKATTA'A BU'AA LEENJII FI QORANNOO ILOQHQSO

Qorattootni:

Milkii Makuriyaa

Waaggaarii Dullumee

Abdusalaam Aabbee

Getaachoo Fayyisaa

Gulaaltotni:

Darajjee Ayyaanaa

Alamaayyoo Massalaa

Tafarii Baqqalaa

Eebla2008

Adaamaa

Qabiyyee

SEENSA QORANNICHAA 1

1.1. Seensa 1

1.2. Kaayyoo Qo'annichaa 2

1.3. Fayidaa fi Fayyadamtoota Qo'annichaa 3

1.4. Mala Qorannoo 3

1.5. Hanqinaalee Qorannichaa 4

1.6. Ibsa Waliigalaa Haala Qabatamaa Leenjii fi Qorannoo Inistiitiyuutichaa 5

Boqonnaa Lama 10

XIINXALA DAATAA BU'AA LEENJII FI QORANNOO ILOQHQSO 10

2.1. BU'A-QABEESSUMMA LEENJII ILOQHQSO 10

2.1.1. Beekumsaa fi Ogummaa 10

2.1.2. Naamusaa Ogummaa 18

2.1.3. Qulqullina fi haqa-qabeessummaa hojii dabale 24

2.1.4. Seerota bifa walfakkataa ta'een hojiirra oolchuu yookaan hiikuu 27

2.1.5. Itti fayyadama yeroo fi si'oomina hojii 29

2.1.6. Leenjiin kenname dhaqqabamummaa, iftoominaa fi itti gaafatamummaan akka hojjetan taasisuu irratti 33

2.1.7. Quuqama, kaka'umsaa fi miira tajaajiltummaa 36

2.1.8. Bu'a-qabeessummaa mana hojii dabale 42

2.1.9. Gahuumsa addaa dabale 45

2.1.9. Hudhaalee bu'a-qabeessummaa leenjii fi qorannoo 46

2.2. Bu'a Qabeessummaa Hojii Qorannoo Seeraa 54

BOQONNAA SADI 58

YAADOTA GUDUUNFAA FI FURMAATAA 58

3.1. Yaadota Guduunfaa 58

3.2. Yaadota Furmaataa 60

MIILTOOLEE i

Gabaajeewwanii fi Jechoota Kottoonfataa

- ILOQHQSO --- Instiitiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qorannooo Seeraa Oromiyaa
- MMWO --- Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa
- BHO --- Biiroo Haqaa Oromiyaa
- KPO --- Komishinii Poolisii Oromiyaa
- LHI --- Leenjii hojii irraa
- LHIYG --- Leenjii hojii irraa yeroo gabaabaa
- LHD --- Leenjii hojiin duraa
- AS ---Abbaa Seeraa
- AA --- Abbaa Alangaa
- OL --- Olaanaa
- H/Mu ---Hanga muraasa
- HD --- Hin daballe
- HB --- Hin beeku

BOQONNAA TOKKO

SEENSA QORANNICHAA

1.1. Seensa

Biyyi keenya sirnoota mootummaawwan darbanii keessatti sirna haqaa cimaa fedhii fi faayidaa lammiilee kabachiisuu danda'u ijaaruu hin dandeenye ture.Mootummaan Rippaablika Dimokraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa erga hundaa'ee assirna haqaa rakkoowwan walxaaxaan hudhamee ture fooyyessuuf tarsiimoo fi sagantaaleen adda addaa bahaniiru.Tarkaanfiiwwan gama kanaan fudhataman keessaa tokko abbootii seeraa fi abbootii Alangaa beekumsa/dandeettii/ seeraa, ogummaa fi naamusa olaanaa gonfatan, akkasumas miira fi ilaalcha tajaajilatummaa ummataa qaban horachuun murteessaa ta'uu hubatamee sadarkaa mootummaa Federaalaatti Wirtuun Leenjii Abbootii seeraa fi Abbootii Alangaa akka hundaa'u ta'eera. Instiitiyuutiin Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Oromiyaas bulchiinsa mootummaa naannoo Oromiyaatiin bara 1999 hundaa'eera.

Instiitiyuutichi sirna haqaa naannichaa fulduratti tarkaanfachiisuuf baruma hundaa'e kana irraa eegalee hojiiwwan leenjii fi qorannoo seeraa gaggeessuu irratti argama. Leenjiiwwan Instiitiyuutichi kennu bifa lama kan qaban yoo ta'u, isaanis: leenjii hojiirraa fi leenjii hojiin duraa kan jedhamani dha. Leenjiin hojiirraa gama biraatiin LHI yeroo gabaabaa fi LHI yeroo dheeraa jedhamee beekama. Leenjiin Hojiin Duraa leenjifamtoota baruumsa seeraatiin koollejjii fi yuunivarsiitii irraa eebbifaman bara 1999 irraa eegalee hanga bara 2007'tti marsaawwan saddetiinleenjifamtoota 1830 eebbisiisee sirna haqaa naannichaatti akka makaman taasisee jira[1]. Leenjiin Hojii irraa yeroo dheeraa,gama biraatiin, dandeetti ogummaa ogeessota hojiirra jiranii cimsuudhaaf yeroo baatii 5 hin caalleef kan kennamu yoo ta'u, sagantaa kanaanis abbootii seeraa fi abbootii alangaa baay'inni isaanii 1982ta'anmarsaawwan kudhaniin hirmaachisuun danda'ameera. Leenjiin hojii irraa yeroo gabaabaa guyyoota 3-5 kan turu yoo ta'u, Inistiitiyuutichi erga hundeeffamee kaasee hanga Waxabajjii 08/2007 mata dureewwan adda

[1] Gabaasa raawwii hojii ILOQHQSO (kurmaana 4ffaa bara 2007), fuula 19, kan hin maxxanfamne.

addaa irratti ogeessota 27,074ta'an leenjisuun danda'ameera[2].Dhimmootni Instiitiyuutichaan qorannoon irratti gaggeeffames 40 gahaniiru.[3] Gumeen qorannoo kunis fayidaa fi bu'aa (impact) leenjiiwwaniifi qorannoowwan hanga bara 2007'tti Instiitiyuutichaan raawwataman raawwii hojii ogeessota qaamolee haqaa fooyyessuu irratti argamsiisan sakatta'uuf kan qophaa'edha.

1.2. Kaayyoo Qo'annichaa

Kaayyoo Waliigalaa

Kaayyoon waliigalaa qorannichaa hojiiwwan leenjiifi qorannoo Instiitiyuutichaan hojjetamaa turanfooyya'iinsa sirna haqaa naannichaa keessatti faayidaa argamsiisee fi jijjiirama fide sakatta'uu fi tarkaanfii sirreeffamaa fudhatamuu qabu agarsiisuu dha.

Kaayyoo Addaa

Kaayyooleen addaa qorannichaa leenjiiwwan Instiitiyuutichaan kennamanii fi qorannoowwan gaggeeffaman:

- qaamolee haqaa tajaajila qulqullina qabu, haqa-qabeessaa fi saffisaa ta'e kennan uumuu danda'uu isaa adda baasuu
- qaamolee haqaa tajaajila walfakkaataa (tilmaamawaa), iftoomina fi itti-gaafatamummaa qabu akka argamu hammam bu'aa akka buusan adda baasuu
- ogeessotni qaamolee haqaa naamusawaa akka ta'anii fi hawaasa biratti amantaa akka horatan hammam akka dandeessise agarsiisuu
- Hanqinaalee fi dadhabbina leenjiiwwan kennamanii fi qorannoowwan gaggeeffaman qaban adda baasuu fi rakkoolee jiran maqsuuf tarsiimoowwan gargaaran adda baasuu kan jedhani dha.

[2] Gabaasa raawwii hojii ILOQHQSO kurmaana 4ffaa bara 2007, fuula 20.
[3]Gabaasa raawwii hojii ILOQHQSO kurmaana 4ffaa bara 2007, fuula 26.

1.3. Fayidaa fi Fayyadamtoota Qo'annichaa

Qorannoon kun bu'aa sagantaalee leenjii kanneen irraa argame akkasumas ciminaa fi laafinaalee sagantaalee leenjii kanneenii sakatta'uun adda baasuun kallattii fuulduraa ni kaa'a. Kana gochuunis qorannichi:

- Instiitiyuutichi sagantaalee leenjii, kaarikulamii fi tajaajila isaa irratti fooyya'iinsa barbaachisaa akka taasisu ni gargaara.
- Ogeessotni qaamolee haqaa naannicha leenjii fedhii isaanii bu'uureffatee fi gahuumsa qabu akka argatan ni gargaara.
- Sirni haqaa fi sirni heeraa naannichaa ogeessota leenji'anii fi gahuumsa olaanaa qabaniin akka utubamu ni gargaara.
- Hooggansa Instiitiyuutiif, sagantaaleen leenjii kennamaa jiran maalirra akka jiran akkasumas galma isaa gahaa jiraachuu fi dhabuu ni agarsiisa.

Kanaaf ILOQHQSO, Mootummaan Naannoo Oromiyaa, qaamoleen haqaa naannichaa fi hawaasni naannichaa kallattiinis ta'e alkallattiin fayyadamtoota qorannichaa ti.

1.4. Mala Qorannoo

Daataan sakatta'a bu'aa leenjii fi qorannoowwanii kana gaggeessuuf oolu karaawwan garagaraatiin kan argamu dha. Malootni garagaraa walfaana hojiirra kan oolanis amanamummaa qorannichaa dabaluufi dha. Malawwan daataan qorannichaa ittiin funaaname:

- Bargaaffiiwwan fayyadamuun odeeffannoo funaanamaniiru /Questionnaire survey/
- Afgaaffiiwwan gariin caaseffaman fayyadamuu /Semi-structured interviews/
- Ragaalee barreeffamaa fi istaatiksii fudhachuuni dha.

Bargaaffiin mala adda duraan daataa qorannichaa funaanuuf hojiirra oolu yoo ta'u, innis ogeessota sagantaalee leenjii kanneen irratti hirmaatan (abbootii seeraa fi abbootii alangaa) fi hooggantoota qaamolee haqaatiin kan guutamu ta'a. Afgaaffiinis ogeessota qaamolee haqaa mana murtii fi waajjiraalee haqaatiin ala jiran biroo leenjifamtoota waliin hojjetanii fi dhimmamtoota qaamolee haqaa biro irraa odeeffanoo funaanameera.

Qorannoon kun akka naannootti kan geggeeffamu yoo ta'u sababa hanqina yeroo, maallaqaa fi humna namaatiif mala eddattoo fayyadamuun dirqama ta'eera. Bu'uuruma kanaanis qorannicha gaggeessuuf godinaaleen 6kan filataman yoo ta'u, aanolee isaan jala jiran sadi sadi irraa odeeffannoon funaanameera. Godinaaleen kunninis: Harargee Bahaa, Arsii Lixaa, Gujii, Shawaa Lixaa, Wallagga Bahaa, Jimmaa dha.

Aanoleen daataan irraa funaanamu Haramayaa, Abaadir, Calanqoo, Amboo, Dandii, Jalduu, Arsii Nageellee, Kofalee, Wandoo, Guutoo Giddaa, Giddaa Ayyaanaa, Jimmaa Arjoo, Gommaa, Geeraa fi aanaa Jimmati.

Godinaalee fi aanaalee kanneeniin alatti MMWO, BHO, Waajjira Qindeessaa Koree Fooyya'iinsa Sirna Haqaa, Komishinii Poolisii Oromiyaa irraa daataan funaanameera.

Gabateen armaan gadii qorannoo sakatta'a bu'aa kana gaggeessuufbaay'ina daataa funaanamee fi karoorfame kan agarsiisu dha.

Gabatee 1

Mala daataan ittiin sassaabame	Karoora	raawwii	dhibbeentaan
Bargaaffii	264	259	98%
Afgaaffii	130	129	99.23%
Ida'ama	**394**	**388**	**98.61%**

1.5. Hanqinaalee Qorannichaa

Bu'aa sagantaa leenjii, keessattuu immoo kan leenjii abbootii seeraa fi abbootii alangaa, sakatta'uuf ulaagaalee fi safartuuleen gargaaran adda bahanii teechifamanii hin argamani. kanaafuu qorannoo kana keessatti ulaagaalee muuxannoo fi sanadoota gara garaatiin agarsiifaman walitti fiduudhaan safartuulee kanneen wixineessuun sakatta'iinsi kungaggeefameera.

1.6. Ibsa Waliigalaa Haala Qabatamaa Leenjii fi Qorannoo Inistiitiyuutichaa

Leenjii ogeessoota qaamoolee haqaa gahumsa olaanaa gonfachiisu itti fuufiinsaan kennuun ogeessota sirna heeraa fi seeraa kabajanii fi kabachiisan baayinaa fi qulqullinaan horachuu, fi rakkoowwan sirna haqaa irratti qorannoo fi qo'annoo gaggeessuun yaada haaraa burqisiisuun fooyya'iinsi sirna haqaa itti fufiinsaan akka jiraatu dandeessisuun ergama Instiitiyuutiiti. Instiitiyuutiin toora xiyyeeffannoo 2 kan qabu yoo ta'u; isaanis: gahumsa ogeessotaa qaamolee haqaa fi qo'annoo fi qorannoo dha. Inistiitiyuutichi ijaarsa sirna dimokraasii keessatti gahee qaamoleen haqaa mirgoota lammilee bu'uuraa akkasumas sirna heeraa fi seeraa mirkaneessuu keessatti qaban hubachuudhaan kaayyoowwan waliigalaa armaan gadii qabatee hundaa'eera**:**[4]

- Qaamolee haqaa ogeessota kabaja sirna heeraa tiif kutannoon dhaabbatan baaynaa fi qulqullina baarbaadamuun horachuu;
- Sirni haqaa naannichaa ogeessota dandeeti ol'aanaa, naamusa gaarii fi amantaa fi quuqama uummataa qabaniin akka ijaaramu gochuu;
- Kenniinsa tajaajila haqaa qajeeltowwan ol'aantummaa seeraa, iftoominaa fi itti gaafatamummaa irratti hundaa'e qindoominaa fi bifa tokkummaa qabuun mirkaneessuu;
- Naannicha keessatti sirna haqa bu'a qabeessa ta'e si'oomina fi haqqummaa qabu mirkaneessuu dha.

Kanaaf Institiyutichi qaamoleen haqaa hubannoo heeraa fi seerota biyyittii gahaa ta'e horachuun ijaarsa sirna dimokraasii fi ol'aantummaa seeraa kabajchiisuu keessatti gahee isaanirraa eeggamu akka bahuu danda'an gargaara.Sirni haqaa keenya si'aawaa, bu'a qabeessaa fi haqa qabeessa akka ta'uufis ni hojjata. Instiitiyutichi hojiiwwan ijoo armaan gadii ni qaba:

- **Hojii leenjii kennuu**: leenjiin bifa lama qabu kan kennamu yoo ta'u leenjii hojii irraa fi leenjii hojiin duraa ti.

- *Leenjii hojiin duraa* jechuun leenjii abbooti seeraa, abbootii alangaa, rijistraara, abukaattoo ittisaa akkasumas hojjatoota seektara qaamolee haqaa kana ta'uudhaan gara sirnichaatti haarawaa makamaniif sagantaa yeroo dheeraatiin kennamu dha.[5]
- *Leenjii hojii irraa* jechuun immoo ogeessota hojiiwwan armaan olii kana irratti bobba'anii argamaniif ga'uumsa isaanii cimsuuf yaadamee kan kennamu dha.[6]

- **Hojii qorannoo fi qo'annoo gaggeessuu**: Hojii leenjiin alatti hojii guddaan Inistiitiyuutichi hojjatu inni biroon rakkoowwan hojimaataa, kenniinsa tajaajilaa fi yaadota fooyya'iinsaa irratti qo'annoo fi qorannoo geggeessuu dha.[7]

Instiitiyutichi erga hojii jalqabee hojii bal'aa hojjachaa akka jiru ni beekama.Guraandhala bara 1999 hojii ijootti kan gale instiitiyutiin sagantaa leenjii hojii duraatiin hanga bara 2007 kurmaana 4ffaatti ogeessota 1830 gahan leenjisuun gara qaamolee haqaatti akka makaman godheera. Leenjiin hojiirraas xiyyeeffannoon olaanaa ta'e kennameefi bara 2000 as hanga bara 2007 kurmaana 4ffaatti mata dureewwan gara garaa 126gahan irratti ogeessota baay'inniisaanii 27,074ta'uuf LHI yeroo gababaa kenneera. LHI yeroo dheeraatiinis hanga bara 2007 kurmaana 4ffaatti ogeessota 1982ol ta'an bara 2002 irraa eegalee baatii 5'f leenjisuun eebbisiiseera. Gama hojii qo'annoo fi qorannootiinis mata dureewwan 40 gahan irratti qorannoo hojjechuun, bu'aawwan isaaniis workishooppiif dhiyaachuun, qophii mojuulii leenjii keessattis galtee ta'uu fi kara gara garaatiin hojiirra oolfamaa turaniiiru.[8]Kaayyoon adeemsa leenjii karoora tarsiimoowaa Instiitiyuutichaan taa'eskan akka itti aanutti taa'e dha.

> *'Gaaffii hanqina gahuumsaa fi ilaalchaa guutuuf maamiltoota irraa ka'e akka ciicataatti fudhachuudhaan qophii leenjii gochuun, leenjifamtoota simachuun, leenjicha kennuu fi leenjifamtoota gaggeessuudhaan hanqina dandeettii leenjiidhaan guutuudhaan dandeettii raawwachiisummaa isaanii guddisuu'* dha.[9]

Ergamni adeemsa leenjii '*kenna leenjii fi tajaajila gorsaa fedhii qorannoon adda bahe irratti hundaa'e gaggeessuu fi dandeettii raawwachiisummaa abbootii seeraa fi abbootii alangaa ol*

[5] Dambii ILOQHQSO hundeessuuf bahe, Dambii lakk 77/99, kewt 7(1).
[6] Dambii lakk 77/99,kwt 7(2).
[7] Dambii lakk 77/99,kwt 7(3).
[8] Dambii lakk 77/99,kwt 7(3).
[9]Sanada SMBKT ILOQHQSO, 2003.

guddisuun rifoormii sirna haqaa naannoo Oromiyaa keessatti hojiirra oolu haala itti fufiinsa qabuu fi amansiisaa ta'een dhugoomsuu' dha.[10]

SLHD's kaayyoowwan waliigalaa armaan gadii ni qabaata: Abbootiin seeraa fi Abbootiin alangaa haaroleen fulduratti hojiitti bobba'uuf jedhan:[11]

- Kabaja heeraa fi sirna heeraatiif quuqama kan qaban akka ta'an;
- Walitti dhufeenya poolisiiwwan mootummaa heeraa fi seera waliin qaban hubachuudhaan raawwatiinsa isaatiifis ga'uumsa akka horatan gochuu;
- Fedhii hawaasichaa hubatanii, tajaajila haqa qabeessaa, saffisaa fi qulqullina qabu kennuudhaaf ga'umsa ogummaa fi ilaalcha barbaachisu akka argatan dandeessisuu;
- Ittigaafatamummaa hojii abbaa seerummaa fi abbaa alangummaa ba'uu akka danda'an beekumsa, ogummaafi ilaalcha akka horatan gochuu;
- Dhimmoota, dhaddachaa fi hojii isaanii saffisaa fi bu'a qabeessa kara ta'een gaggeessuu akka dandeessisu ogummaa fi ilaalcha akka qabaatan gochuu;
- Murtiin isaan kennanis sababaan kan deeggarame akka ta'u ogummaafi ilaalcha barbaachisu horachiisuu;
- Naamusa hojii a/seerumma ykn a/alangummaa raawwachuuf barbaachisu hubachuun hojiirra oolchuufis kan isaan dandeessisu ogummaa akka qabaatan gochuu;
- Hojii isaanii saffisiisuuf kan isaan gargaaru teeknoloojiiwwanitti ogummaa fayyadamuu akka qabaatan gochuu dha.

Qabiyyee fi duraa duubni sagantaan LHD ittiin kennamus beekumsa yaadrimeerraa gara ogummaatti akka deemu yaadame kan teechifame yoo ta'u, innis kan armaan gadii fakkaata.[12]

- Heeraa fi gahee qaamolee haqaa, itti gaafatamummaa fi bilisummaa abbaa seerumma mirga dubartootaa, eegumsa naannoo, HIV fi mirga namoomaa
- Waajjiraalee seektara haqaan ala jiran keessatti kenniinsi tajaajila haqaa hagam gamachiisaa akka ta'e ilaaluu fi madaaluu

[10]Chaarterii ittiin bulmaata adeemsa hojii ijoo kenna leenjii fi tajaajila gorsaa.
[11]Karikulamii LHD Wiirtuu Leenjii ogeessota Qaamolee Haqaa Federaalaa irraa fudhatame, Kan fooyya'e.
[12]Karikulamii LHD Wiirtuu Leenjii ogeessota Qaamolee Haqaa Federaalaa irraa fudhatame, fuula 11fi 13.

- Rakkoolee abbaa seeraa fi abbaa alangaa hiikkoo fi raawwatiinsa seerota bu'uuraa irratti quunnaman
- Seerota adeemsaa fi gaggeessa falmii
- Maalummaa, fudhatamummaa, amanamummaa fi maddallii seera ragaa
- Kenniinsaa fi barreessa murtii, duudhaalee haala kenniinsa murtii hubachuun ittiin hojjachuu akka danda'an baratu.
- Kenniinsaa fi akkaataa qabiinsa tajaajilaa
- Shaakallii hojiirraa waajjira haqaa fi shaakallii hojiirraa mana murtiitti.

Calallii leenjifamtootaatiinis walqabatee Inistitiiyutichi qajeelfama raawwii filannoo leenjifamtootaa Lakk. 03/2000 ta'e baafatee hojiirra kan oolche bara 2001 irraa eegaleeti. Kana jechuun yeroo leenjifamtoota SLHI marsaa duraa calalee leenjiif simatutti Inistitiiyutichi adeemsa filannoo ifatti murtaa'e hin qabu ture. Leenjifamtootni LHI marsaa 2ffaa fi 3ffaa garuu sirna diriire kanaan kan calalamani dha[13].

Gama biraatiin, Instiitiyutichi SLHD'tiif sirna madaallii mataa isaa kan qabu yoo ta'u, kunis tooftaalee sadiin gargaaramuudhaan kan gaggeeffamu dha.Isaanis[14]:

1. Madaallii itti fuufiinsa leenjii irratti kennamu: madaalliin kun leenjifamtootni yeroo leenji'an hirmaannaa, hojii dhuunfaa fi garee qormaata barruu fi afaanii kkf irratti kan hundaa'u dha.Tooftaan kun cuunfaa bu'aa madaalli 50% kan qabatu ta'a.
2. Maddaallii bu'aa raawwii shaakalaa - raawwannaa leenjifamaan turtii shaakalaarratti agarsiisuu kan bu'uurreffatu yoo ta'u, cuunfaa bu'aa madaallii keessaayis 30% qabata.
3. Madaallii qormaata xumuraa[15]- dhuma leenjiirratti qormaatni kennamus 20% qabata.

Walumaa galatti bu'aa madaallii 100% keessaa qabamu kanaan leenjifatootni dhiiraa 50% dhalaan immoo 40% fi isaa ol yoo hin deebisne ragaan mirkaneessa gahuumsaa akkasumas

[13]Qajeelfama raawwii filannoo leenjifamtootaa Lakk. 03/2000.
[14]Qajeelfama Sirna Kenniinsa Qormaata Seensaa, Madaallii Itti Fufiinsaa fi Kenniinsa Qormaata Xumuraa, lakk. 04/2001.
[15] Qormaatni xumuraa Institiyutichaan qophaa'e dhuma leenjiirratti leenjifamtootaaf kan kennamudha. Firiin qormaata kanaas cuunfaa bu'aa madaallii leenjifamtoota kanaatti kan dabalamu ta'a.

ramaddiin hojii hin kennamuuf[16]. Leenjii hojiirraa yeroo dheeraa irratti immoo marsaa 4ffaa irraa jalqabee dhiiraafis ta'e dubartiif bu'aan madaallii argachuu qaban 50% fi isaa oli dha.

[16]Akkuma miiljalee 14ffaa olii.

Boqonnaa Lama

XIINXALA DAATAA BU'AA LEENJII FI QORANNOO ILOQHQSO

2.1. BU'A-QABEESSUMMA LEENJII ILOQHQSO

2.1.1. Beekumsaa fi Ogummaa

Beekumsii fi ogummaan dhimmota walitti hidhannoo cimaa qabanii dha.beekumsi, qajeeltoo yaadrimee fi qabatama dhimma hojii tokko irratti, namni tokko bifa odeeffannootiin argatee baratuu dha. Ogummaan immoo akkataa beekumsa argame fayyadamuun hojii qabatamaa ittin raawwatan yookaan rakkina qabatamaa ittiin furanii dha.[17]

Kaayyoowwaan gurguddoo Inistitiyuutiin Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa Fi Qorannoo Seeraa Oromiyaa galmaan gahuuf hundaa'eef keessaa, beekumsaa fi ogummaa ogeessota qaamolee haqaa cimsuun isa ijoo dha.[18]Inistitiyuutichis kaayyoo kana galmaan ga'uuf leenjiiwwan hojiin duraa, hojii irraa (yeroo dheeraa fi gabaabaa) adda addaa ogeessoota qaamolee haqaatiif kennaa tureera. Bu'aawwan leenjiiwwan kunneen gama beekumsaa fi ogummaa ogeessota kanneen cimsuutiin argamsiisaan ilaalchisee xinxaalli daataa funaanamee haala itti aanuun teechifamee jira.

[17]Glossary, Recommendation of the European Parliament and of The Council of 23 April 2008 on the Establishment of the European Qualifications Framework for Lifelong Learning, can be reached at http://www.eucen.eu/EQFpro/GeneralDocs/FilesFeb09/GLOSSARY.pdf visitedat 4/1/2016.

[18]Seensa Dambii lakk.77/1999, Inistitiyuutiin Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa Fi Qorannoo Seeraa Oromiyaa hundeessuuf bahe.

Gabatee 2

Safartuu	**Leenjii hojiin duraa**			**Leenjii hojii irraa**		
	OL	H/mu	HD	OL	H/mu	HD
Leenjii erga fudhatte booda beekumsi kee hangam dabaleera jetta?	65	24	1	55	34	1
Leenjii erga fudhatte booda ogummaan kee hangam dabaleera jetta?	55	20	3	57	31	2

Ogeessota sagantaa leenjii hojiin duraa hordofaniif leenjii erga fudhatanii booda beekumsi fi ogummaan isaanii hagam akka dabale akka madaalan godhamee jira. Akka waliigalaatti ogeessonni leenjii hojiin duraa fudhatanii fi bargaafficha guutan 104 dha. Ogeessota leenjii bargaafficha guutan keesssaa 90 ta'an gaaficha kan deebisan yommuu ta'u kanneen hafan 14 gaaficha hin deebisne. Kanneen gaaficha deebisan keessaa 72% kan ta'an beekumsi isaanii sadarkaa olaanaan akka dabale yoo ibsan kanneen 27% ta'an immoo beekumsi isaanii haga muraasaan akka dabale amanu. Kanneen beekumsi keenya hin daballee jedhan %1dha.

Haga dandeettii ogummaa isaanii dabale irrattis leenjitoota leenjii hojiin duraa fudhatan bargaaficha guutaan keessaa, % 70.5 ogummaan isaani leenjii booda sadarkaa olaanaan dabaluu kan amanaan yoo ta'u, kanneen %26 ta'an immoo haga muraasa dabale kan jedhu filataniiru. Ogeessonni filannoo hin daballe jedhu guutaan %53.5 dha.

Leenjii hojii irraa yeroo dheeraa ilaalchisee beekumsi isaanii leenjiin booda haga dabale irratti bargaaffiin ogeessota 114 leenjicha irratti hirmaatan irraa kan funaaname yoo ta'u, kanneen deebii kennan ogeessota 90 dha. Kanneen hafan gaaficha hin deebisne. Oggeessota gaaficha deebisan keessaa %61 kan ta'an beekumsi leenjii irraa argatan olaanaa akka ta'e amanu. Kanneen 38% ta'an beekumsi isaan leenjii irraa argatan haga muraasa akka ta'etti yoo madaalaan, 1% immoo leenjii kenname beekumsa keenya hin daballee kan jedhu filataniiru.

Haga ogummaa leenjiin booda dabalatanii irratti oggeessonni leenjii hojii irraa fudhatan gaaficha deebisan keessaa % 63 kan ta'n olaanaa, % 35 kan ta'an haga muraasa dabaluu yoo ibsan, %2 ta'an immoo hin daballe yaada jedhu qabu.

Leenjiin kennamaa ture beekumsaa fi ogummaa leenjifamtootaa hagam dabaleera kan jedhu irratti bargaaffiin hoggantoota mana murtii fi waajjira haqaa sadarkaa adda addaa jiran irraa funaanamee jira. Hoggantoota akka waliigalaatti bargaaffii guutan 48 keessaa kanneen 42 ta'an haga beekumsa leenjiifamtootaa dabale 37 immoo haga ogummaa dabale akka itti aanuun sadarkeessaniru. Hoggantootni hafan gaafficha hin deebisne.

Gabatee 3

Lakk	Safartuu	**LHI**			**LHD**		
		OL	H/Mu	HD	OL	H/ Mu	HD
1.	Beekumsi hojii /knowlegde/ isaanii hangam dabaleera jettu?	32	8	2	18	16	3
2.	Ogummaan hojii /skills/ isaanii hangam dabaleera jetta?	26	10	1	19	13	0

Leenjii hojiin duraa ilaalchisee hoggantoota bargaafficha guutaan keessaa, % 76 kan ta'an beekumsi leenjifamatootni sagantaa leenjichaa irraa argatan olaanaa ta'uu kan amanan ta'uu yoo ibsan, kan %19 ta'an immoo haga muraasaan dabale kan jedhu filataniiru. Hoggantootni %5 ta'an beekumsi leenjifamtootaa hin daballe amantaa jedhu qabu. leenjii hojii irraa ilaalchisee immoo hoggantoota bargaaficha guutan 37 keessaa % 49 kan ta'an sadarkaan beekumsi leenjifamtootaa itti dabale olaana dha kan jedhan yoo ta'u, % 43 haga muraasaan dabale jedhaniiru. % 8 kan ta'an immoo leenjichi beekkumsa leenjitootaa hin daballee ejjannoo jedhu qabu. Ogummaa leenjitootni leenjii irraa argatan ilaalchisees, leenjii hojiin duraaf % 70 olaanaa, %27 haga muraasa dabaluu yoo ibsan, % 3 immoo hin daballe jedhaniiru. Leenjii hojiirraaf immoo % 59 olaanaa, % 41 immoo haga muraasa akka dabale kaa'aniiru.

Kana irraa hubachuun kan danda'amu leenjiin Inistitiyuutichaan kennamaa ture akka waliigalaatti beekumsa fi ogummaa leenjifamtootaa dabaluu irratti gahee guddaa akka qabuu dha. Keessumattuu leenjiin hojiin duraa, leenjii hojii irraa caalaa leenjifamtootni beekumsa dabalataa fi ogummaa akka argatan kan isaan gargaare akka ta'e agarsiisa. Kanneen bargaaficha irratti haga muraasaan dabale yookaan hin daballe jechuun bargaaficha deebisan sababa kana filataniif ibsaniiru. Abbootiin ogeessonni leenjii hojiin duraa fudhatan hedduun isaanii kallattiin mana baruumsa seeraa irraa waan dhufaniif gama beekumsa seeraa irratti hubannoo fooyya'aa qabatanii akka dhufan ibsu. Ogeessonni hojii irraa leenjitti makaman immoo muuxannoon

duraan hojiirratti argatan waan qabaniif ogummaan dabalataa argatan olaanaa akka hin jenne akka isaan dirqamsise ibsaniiru.[19]

Dataa bifa afgaaffiitiin ogeessotaa fi hoggantoota adda addaa irraa funaanames leenjiin Inistitiyuutiin kennamaa jiru, beekumsii fi gahuumsi ogummaa Abbootii Seeraa fi Abbootii Alangaa akka dabalu gargaaruu isaa ibsu.

Leenjiin inistitiyuutiin kennamu akkaataa hojiin qabatamaan ittiiin hojjetamu kan agarsiisu waan ta'eef barnoota yunivarsititti laatamu cinaatti bu'aa gaarii buusee jira. Ogeessonnii leenjiif gara Inistitiyuutichaa dhufan, keessumattuu kan hojiin duraa, dhaabbilee barnootaa keessatti hubannoo seeraa argatanii kan dhufanii dha. Barnootni yunivarsitii yaadrimee irratti kan xiyyeeffatu yoo ta'u, leenjiin immoo qabatamaa irratti xiyyeeffata. Leenjiin dhimmoota qabatamaa irratti kennamu kun ogeessonni yommuu gara qaamolee haqaatti makaman akkataa tajaajila haqaa sirrii itti kennan irratti baay'ee isaan fayyadee jira.[20] Inistititiyuutiin beekumsaa fi dandeettii ogummaa ogeessota haqaa cimsuu irratti hojiin hojjetaa jiru bu'aa gaarii akka buusee ogeessonni ni ibsu. Fakkeenyaaf, Abbootiin seeraa galmee banuu kaasee haga murtii kennuu fi raawwachiisutti leenjii dhimmoota qabatamoon deeggarame waan fudhataniif hojii irrattis bu'a qabeessa akka ta'an[21] yaadota ka'an irraa hubachuun ni danda'ama. Bu'aan leenjiin gama beekumsaa fi ogummaatiin Abbootiin Alangaatiif argamsiise olaanaa ta'uu Abbootiin Alangaa hojii Inispeekshinii hojjetan ni ibsu. Abbootiin Alangaa leenjii hin fudhanne, himata yoo banan, keeyyata sirrii hin taane caqasuun, gadi buusanii himachuun tureera. Yeroo ammaa garuu leenjii erga fudhatan booda rakkoon kun baay'ee fooyya'ee jira. Gama biraatiin galmee dhimma yakkaa hedduu keessatti abbootiin alangaa hedduun yaada adabbii cimsus ta'ee salphisu bu'ura seeraatiin dhiyeessaa kan jiran ta'uun hubatameera.[22]

Bu'aawwan leenjiin ogeessota haqaaf argamsiisu keessaa kan biraa ofitti-amanamummaa isaanii cimsuu dha. Ogeessi hubannoon seeraa fi ogummaa hojii isaa kan dabale taanan immoo ofitti-

[19] Yaadota bargaaffii irraatti barreefaman irraa kan fudhatame.

[20] Afgaaffii obbo. Nigaatuu Jaarsoo, pireezdaantii Mana Murtii Olaanaa Godina Booranaa, obbo. Shimallis Simee, hoogganaa Waajjira Haqaa Godina Booranaa,Fiixaanbaas Faanaa,hoogganaa Waajjira Haqaa Aanaa Yaaballoo waliin gaafa 08/06/08, obbo. Aaddisuu Dhaabaa Abbaa Alangaa fi bakka bu'aa Hogganaa waajjira haqaa Aanaa Sibuu Siree waliin gaafa 26/05/08 taasifame.

[21] Afgaaffii obbo.Nigaatuu Jaarsoo, pireezdaantii Mana Murtii Olaanaa Godina Booranaa waliin gaafa 08/06/08 taasifame.

[22] Afgaaffii obbo.Akiliiluu Abbabaa, Abbaa Alangaa Inispeekshinii Biroo Haqa oromiyaa waliin gaafa 10/05/08 godhame.

amanamummaan isaas kan dabalu ta'a. Leenjii erga fudhatan booda sadarkaa ofitti-amanamummaan ogeessotaa dabale irratti bargaaffiin funaanamee jira.

Gabatee 4

Safartuu	**Leenjii hojiin duraa**			**Leenjii hojii irraa**		
	OL	H/mu	HD	OL	H/mu	HD
Leenjii erga fudhatte booda ofittiamanamummaan kee hangam dabaleera jetta?	76	12	6	72	22	3

Hooggantootni qaamolee haqaas hanga ofotti amanamummaa ogeessotaa leenjiiwwan kannen booda dabale ilaalchisee bargaaffiin guutan gabatee itti aanuun kan kan ibsame fakkaata.

Gabatee 5

Safartuu	**LHD**			**LHI**		
	OL	H/Mu	HD	OL	H/ Mu	HD
Ofitti-amanamummaan isaanii hammam dabaleera jettu?	26	12	0	21	13	0

Ogeessota LHD fudhatan keessaa ofitti-amanamummaan isaanii sadarkaa olaanan dabaluu kan ibsan %81, haga muraasaan dabale kan jedhan 13% yoo ta'an, %6 kan hin daballee kan jedhu filataniiru. Hoggantootnis leenjitoota LHD ilaalchisee 67% sadarkaa olaanaan, %32 haga muraasaan ofitti-amanamuummaan ogeessotaa kan dabale ta'uu ibsaniiru. Leenjitoota LHIf immoo %62 olaanaa, %38 haga muraasa dabaluu amanu. Kanarraa kan hubatamu leenjiin kennamaa ture ofitti-amanamummaa ogeessotaa akka waliigalatti bal'inaan kan dabale ta'uu isaati. Kanneen bargaaficha guutan keessaa ofitti-amanamummaan isaanii akka hin daballe kan ibsan kanneen ofitti-amanamummaan isaanii dabaluu ibsan waliin walbiratti yommuu ilaalamu baay'ee gadi aanaadha. Yaadni afgaaffiin argames kanuma kan cimsuu dha. Fakkeenyaaf,

Abboottiin Alangaa leenjii fudhatan hubannoo seeraa gahaa waan argataniif qorannoo yakkaa keessatti ofitti-amanamummaan dursuu danda'aniru.[23]

Haaluma walfakkatuun, Inistitiyuutichi beekumsa seeraa dabalataa illee akka isaanii argamsiise ogeessonni ni kaasu.Yunivarsitii yookaan dhaabbilee barnoota seeraa keessatti seeronni yeroo baay'ee baratan,seerota Federaalaan tumamanii dha. Seerota naannoo irratti hubannoon hagas mara hin uumamu. Seerotuma federaalaas yoo ta'e sababoota akka hanqina afaanii fi yerootiin wantootni osoo hin hubatin darbaman ni jiru. Inistitiyuutii keessatti seerota hubannoon sirritti irratti hin uumamnee fi hojii irratti immoo ogeessa mudatan, akkasumas jechoota seeraa afaan ingilffaan barataman, hubachuuf carraa gaarii ta'eera.[24] Kanaaf, leenjiin ILQSO'n kenamu garaagarummaa dandeettii oggeessoota gidduutti mul'atu illee akka walitti dhiyaatu taasisuu isaa ogeessonni leenjii kana irraatti hirmaatan ni hubachiisu.[25]Akka waliigalaatti, hanqinni ogummaa fi dandeetti dura ture leenjiwwaan irra deddeebiin seerota naannoo fi federaalaa irratti kenamaniin furameera yaadni jedhu baay'inaan ibsama.[26]

Leenjiin kennamu doggora hojii keessatti ogeessonni uumaan akka xiqqeesses namoonni yaada afagaaffii kennan ni ibsu. Inistitiyuutiin Leenjii osoo hin jalqabin dura ogeessoonni , keessattuu Abbootiin seeraa galmee keessatti dogongoroota seeraa adda addaa uumuun himatamanii adabamaa turan.Yeroo ammaa garuu leenjii kennamaa tureen ogeessonni hedduun seera qixa sirrii ta'een hubatanii hiikuu waan danda'aniif himannaa gama kanaan dhiyaatu xiqqaatee jira.[27] Dhimma kana irratti daataan bargaaffiin argames kanuma kan cimsuu dha. Innis akka itti aanutti dhiyaateera.

Gabatee 6

[23] Afgaaffii obbo. Tamasgeen Zerihuun Hogganaa Waajjira Haqaa Aanaa Mooyyalee waliin gaafa 11/06/08 taasifame.

[24]Afgaaffii obbo. Nigaatuu Jaarsoo, pireezdaantii Mana Murtii Olaanaa Godina Booranaa, obbo. Shimallis Simee, hoogganaa Waajjira Haqaa Godina Booranaa,Fiixaanbaas Faanaa,hoogganaa Waajjira Haqaa Aanaa Yaaballoo waliin gaafa 08/06/08, obbo. Aaddisuu Dhaabaa Abbaa Alangaa fi bakka bu'aa Hogganaa waajjira haqaa AanaaSibuu Siree waliin gaafa 26/05/08 taasifame.obbo. Duubaa Kulee Hogganaa waajjira haqaa Aanaa Dugda Dawaa fi obbo. Ashanaafii Nigaatuu A/alangaa waajjira haqaa Aanaa Bulee Horaa waliin gaafa 07/06/08 taasifame.

[25] Af-gaaffii Addee Balaayinash Tafarraa A/Alangaa fi qondaala dagaagina naamusa waajjira haqaa godina wallagga bahaa waliin gaafa guyyaa 25/05/08 taasifame

[26] Af-gaaffii Addee Caaltuu Hassan A/Alangaa Naannoo fi dagaagina naamusa fi inispeekshinii waliin gaafa guyyaa 10/05/08, obbo Kaliifaa Tolaa I/G/wajjira haqaa Aanaa Heexosaa waliin gaafa guyyaa 16/05/08, obboo Abdusamad Muhammad I/Gaafatamaa waajjira haqaa aanaa xiyyoo, obboo Abdusamad Muhammad I/Gaafatamaa waajjira haqaa aanaa xiyyoo waliin gaafa guyyaa 19/05/08 waliin gaafa guyyaa 19/05/08 taasifame

[27]Afgaaffii obbo.Fallaqaa Gaaddisaa Preezdaantii Mana Murtii Aanaa Sibuu Siree waliin gaafa 26/05/2008 godhame.

Safartuu	**Leenjii hojiin duraa**			**Leenjii hojii irraa**		
	OL	H/mu	HD	OL	H/mu	HD
Leenjii erga fudhatte booda dogongorri hojii keessatti ati raawwattu hangam hir'ateera jetta?	65	28	3	73	28	2

Qabxii Kanaan walqabatee hooggantootnis bargaaffii itti aanu guutaniiru.

Gabatee 7

Safartuu	**Leenjii Hojiin Duraa**			**Leenjii Hojiirraa Yeroo Dheeraa**		
	OL	H/Mu	HD	Ol	H/ Mu	HD
Dogongorri hojii keessatti isaan raawwatan hangam hir'ateera jettu?	28	14	0	18	19	2

Leenjifamtoota LHD irratti hirmaatanii fi bargaaffii guutan keessaa 68% kan ta'an leenjii erga fudhatanii booda dogogorrii hojii keessatti raawwatan sadarkaa olaanaan kan hira'ate ta'uu ibsaniiru. Ogeessonni %29 ta'an immoo sadarkaan dogoggorri hojii isaanii itti hir'ate haga muraasa ta'uu kana amananiidha. Kanneen %3 ta'an garuu dogongorri hojii keessatti isaan raawwatan homaa hin hir'annee kan jedhu filatan. Leenjii hojiirraa ilaalchisee ogeessota gaaficha deebii kennan keessaa %71 ta'an olaanaa, kan %27 ta'an haga muraasaa kan jedhu yoo filatan, %2 immoo dogongorrii hojii hin hir'anne yaada jedhu qabu.

Hoggantootni qaamolee haqaas bargaaffii guutaniin leenjitoota LHD ilaalchisee 67% sadarkaa olaanaan, %33 haga muraasaan dogongorri ogeessonni hojii keessatti raawwatan kan hir'ise ta'uu ibsaniiru. Leenjitoota LHI %46 olaanaa, %49 haga muraasa hir'isuu amanu. Kana irraa hubachuun kan danda'amu leenjiin ILQSO'n kennamu dongora ogeessonni hojii keessatti raawwatan hir'isuu keessatti gahee guddaa kan taphate ta'uu isaati.

Kana cinaattii, moojuuliinii fi bareefamoonni adda addaa dhimmoota seeraa irratti Inistitiyuutichaan barreefaman ogeessonni qaamolee haqaa akka dubbisanii hubatan kan godhu waan ta'eef, hojjii irratti kan isaan gargaare ta'uu ibsu.[28]

Ogeessota leenjii fudhatanii fi hin fudhanne gidduu garaagarummaan dandeettii fi ogummaa sirritti kan mul'atu ta'uu namoonni afgaaffiin taasifameef ni ibsu. Fakkeenyaaf Abbootiin Seeraa leenjii gahaa yookaan osoo hin fudhatin muudamanii hojiitti seenaan rakkoo hubannoo akka qabantu ka'a.Galmee tokko irratti dhimmoota adda addaa walitti dhufeenya hin qabne yommuu murteessantu jira.[29] Abbootii alangaa leenjii hin fudhanne birattis hanqinni dandeettii akka mul'atu namoonni afgaaffiin godhameef ni ibsu.[30]

Gama biraan immoo dogoggorri ogeessonni tokko tokko raawwatan hanqinni beekumsaa fi ogummaa amma illee kan hin furamne ta'uu yaadonni agarsisaan ibsamaniiru. Fakkeenyaaf, ogeessota leenjii ILQSO irraa fudhatanii booda kana gama mana murtii dhufan keessaa Abbaan seeraa tokko ragaa Abbaa Alangaa osoo hin dhaga'in ragaa ittisaa dhaga'eera.[31]Abbootii Alangaa ta'ee Abbootii seeraa biratti hanqinni himata keeyyata sirrii jalatti banuu fi seera sirnaan hikuus akka mul'atu yaadotni afgaaffii ni agarsiisu. Fakkeenyaaf, galmee mana murtii olaanaa shawaa bahatti dhiyaatee ilaalamaa ture keessatti yakka salqunnamtii daa'ima waggaa 2 irratti raawwatame yaalii gudeeddaa jechuun murtiin itti kenname, irraa rakkoo kana hubachuun nidanda'ama.[32] Dhimmi walfakkaataan godinaalee Oromiyaa kan biraa keessatti akka mul'atan yaadota afgaaffiin argaman irraa hubachuun danda'amee jira.[33]

Rakkoowwan beekumsaa fi ogummaa ogeessotaa amma qaamolee haqaa keessatti mul'atuuf hanqinni qophii leenjii marsaa tokkooffaa irratti mul'ate gahee akka qabu yaadonni ibsanis ni eeramu. Leenjii marsaa jalqabaa irratti qophiin Inistitiyuutichi gama karikulamii fi moojuulii

[28]Afgaaffii obbo.Kadiir Abdullaxiif pireezidaantii mana murtii aanaa Heexosaa waliin gaafa guyyaa 18/05/08, obboo Aaddisuu Dhaabaa Abbaa Alangaa fi bakka bu'aa Hogganaa waajjira haqaa Aanaa Sibuu Siree waliin gaafa 26/05/2008 godhame.

[29]Afgaaffii obbo.Jamaal Adam preezdaantii Mana Murtii Aanaa Doddotaa waliin gaafa 01/06/08 godhame.

[30]Afgaaffii obbo.Caalaa Bulchaa Aanaa Sibuu Siree waliin gaafa 26/05/2008 godhame.

[31]*Afgaaffii obbo.Nigaatuu Jaarsoo, pireezdaantii Mana Murtii Olaanaa Godina Booranaawaliin gaafa 08/06/08 taasifame.*

[32]Afgaaffii obbo.Akiliiluu Abbabaa, Abbaa Alangaa Inispeekshinii Biroo Haqa oromiyaa waliin gaafa 10/05/08 godhame.

[33] Afgaaffii Addee Balaayinash Tafarraa A/Alangaa fi qondaala dagaagina naamusa waajjira haqaa godina wallagga bahaa waliin gaafa guyyaa 25/05/08, Obbo. Taaddalaa Garramuu, bulchaa Aanaa Doddotaa waliin gaafa 01/06/08 godhame.

leenjii qopheessuutin godhe, laafaa ture.[34] Leenjitootni leenjiif filatamanis ulaagaa malee kan leenjii fudhatan waan ta'eef gama beekumsaa fi ogummaatin illee hanqina kan qabanii dha.[35]Leenjii hojiirraa yeroo gabaabaa ilaalchisee kenninsa leenjii irratti namootni hedduun kutaa tokkotti leenjii akka fudhatan godhamuun, qulqullina leenjii irratti dhibbaa mataa isaa akka qabatu godhee jira. Namoota leenjiif dhufan sirnaan hordofuun ni rakkisa. marii irratti namoonni akka barbaachisummaa isaatti akka yaada wal-jijjiran carraa hin uumu.[36]

Sadarkaan beekumsa fi ogummaa ogeessota qaamolee haqaa leenjii Inistitiyuutichaa fudhatan biratti mul'atu kallattiiwwan itti ibsaman kan biroo immoo, qulqullina hojii irratti mula'atu, seerota bifa walfakkaataan hojiirra oolchuu yookaan hiikuu fi tajaajila si'oominaa fi haqa-qabeessa ta'e kennuudhani. Qabxiilee kanneen ilaalchisee yaadonni bargaaffii fi afgaaffiin argaman haala itti aanuun xinxaalamaniiru.

2.1.2. Naamusaa Ogummaa

Gabatee 8

Lakk	Safartuu	**Leenjii Hojiin Duraa**			**Leenjii Hojiirraa**		
		Ol	H/Mu	HD	Ol	H/ Mu	H/d
1.	Leenjii erga fudhatte booda naamusni ogummaa kee hangam dabaleera jetta?	70	12	5	63	14	6

[34]Damoozee Maammee, Pirezidaantii MMWO gaafa 23/6/2008

[35] Afgaaffii obboo Kadiir Abdullaxiif pireezidaantii mana murtii aanaa Heexosaa waliin gaafa guyyaa 18/05/08 taasifame

[36] Af-gaaffii obboo Ashrafuu Kaliil B/B I/G waajjira haqaa godina Arsii waliin gaafa guyyaa 19/05/08 taasifame

Akkuma gabatee armaan olii irraa hubatamu, leenjii erga fudhatanii booda naamsni ogummaa isaanii hagam akka dabale ogeessota leenjii hojiin duraa madaalan keessaa, 80% ta'an naamusni ogummaa isaanii sadarkaa olaanaan akka dabale yoo ibsan, kanneen 14% ta'an immoo haga muraasa jedhaniiru. %6 kan ta'an immoo homaa akka hin daballee amanu. Leenjii hojii irraa ilaalchisee 76% kan ta'an olaanaa, kanneen 17% ta'an haga muraasaa akka dabale yoo ibsan, 7% kan taa'an immoo hin daballe jedhaniru. Daataa bargaaffii kana irraa kan hubatamu ogeessonni leenjii fudhatan naamusni ogummaa isaanii irraa caalmaan dabaluu isaa kan amanan ta'uu isaatidha.

Hooggantootni qaamolee haqaas naamusni ogeessotaa leenjii booda hagam akka dabale haala itti aanuun sadarkeessaniiru.

Gabatee 9

Lakk	Safartuu	**Leenjii Hojiin Duraa**			**Leenjii Hojiirraa Yeroo Dheeraa**		
		Ol	H/Mu	HD	Ol	H/ Mu	H/d
1.	Naamusni ogummaa isaanii hangam dabaleera jettu?	22	15	3	25	38	8

Akkuma gabatee olii irraa hubatamu leenjii hojiin duraa ilaalchisee hoggantoota gaaficha deebisan keessaa 55% kan ta'an naamusni ogummaa ogeessotaa sadarkaa olaanaan dabaluu yommuu ibsan, 37.5 immoo haga muraasaan akka dabale amanu. %7.5 hafan filannoo homaa hin daballe jedhu filatan. Leenjiin hojii irraa ilaalchisee hoggantoota bargaaffii guutaan keessaa 39% olaanaa, 50% haga muraasa fi 11% hin daballe kan jedhu filataniiru. Kana irraa kan hubatamu leenjiin booda naamusni ogummaa ogeessotaa akka waliigalaatti kan dabale ta'uudha. Haata'u malee jijjirama bu'aa leenjii ta'uun ibsaman kanneen biroo cinaatti yoo ilaalamu, sadarkaan daballii naamusaa gadi bu'aa ta'uu isaatidha.

Akka waliigalaatti bargaaffii ogeessonnii fi hoggantootni guutan irraa kan hubatamu, leenjiin ILQSO'n ogeessota qaamolee haqaaf kennamaa ture naamusa ogummaa ogeessota jijjiruu kan danda'e ta'uu isaati. Sadarkeessa leenjitootni taasisanii fi kan hooggantootni taasisan gidduus garaagarumaan akka jiru hubachuun ni danda'ama. Kunis sadarkaan jijjiramni naamusaa itti mul'ate jedhanii kan leenjitootni ibsan kan hoggantootni itti amananii ol akka ta'ee dha. Leenjiin hojiin duraa fi kan hojii irraa yommuu waliin madaalamu ogeessota leenjii hojiin duraa fudhatan leenjiin Inistitiyuutii namusa ogummaa akka horatan kan godhe ta'uun ni hubatama.

Jijjiramaa ogeessonni leenjii fudhatan gama naamusaa fi ilaalchaatiin mul'isan ilaalchisee yaadonni afgaaffiin funaanaman haala itti aanuun kan teechifamanii dha. Naamusaan wal-qabatee ogeessa hunda haala wal-fakkataan ibsuun rakkisaa akka ta'e namoonni afgaaffiin godhameef ni hubachiisu. Kunis ogeessonni naamusa gaarii qaban akkuma jiran kanneen rakkoo qabanis baay'inaan jiraachuu irraa kan ka'ee waan ta'eefi dha. Leenjiin osoo hin jalqabin dura haala turee fi leenjiin booda waan mul'atu, ogeessota qaamolee haqaa biratti jijjiramni amalaa, naamusa ogummaa gaarii qabaachuun , keessattuu ogeessota LHD fudhatan biratti,[37]yeroo gara yeroo dabalaa kan jiru ta'uutu ka'a.[38]

Gama biraan, rakkoon naamusaa bal'aan akka jiru yaadaota dhiyaatan irraa hubachuun ni danda'ama. Leenjitoota ILQSO bahan bira amaloonni akka ajajamuu dhabuu, naamusa abbaa seerummaa agarsiisuu dhabuun[39], hojimaata kenninsa tajaajila haqaaf jedhamanii qaamolee haqaa keessatti diriiran amananii fudhachuun itti hojjechuu dhabuun, abbaa dhimmaa ifachuu,sodaachisuun ogeessota yeroo amma Inistitiyuutii bahan biratti ni mul'ata.[40] Faayidaan hojjechuun, matta'aa fudhachuun, aantummaa ummataa fi tajaajilaa ummataa sirnaan hubachuu dhabuun ni calaqqisa.[41] Dabalataan seera ifa jiru cabsuu fi jallisanii fayidaa dhuunfaa giddu-

[37]Afgaaffii Abdurezaaq Nagaa; Miliyoon Wandaafarraash,

[38]Afgaaffii obbo. Fallaqaa Gaaddisaa Preezdaantii Mana Murtii Aanaa Sibuu Siree, Afgaaffii obboCaalaa,Bulchaa Aanaa Sibuu Siree waliin gaafa 26/05/2008 godhame, Komaandar Halakee Duubaa Ab/Ad/Ho/Qo/Ya fi Mu/ Haqaa kennisisaa qajeelcha Poolisii Aanaa Godina Booranaa waliin gaafa 08/06/08 taasifame. Afgaaffii Obbo. Taaddalaa Garramuu, bulchaa Aanaa Doddotaa waliin gaafa 01/06/08 godhame.

[39]Afgaaffii Naannoo Badhaadhaa, A/Alangaa Dursaa garee himannaa fi Qo'annoo Komoshinii Naamusaa fi Farra Malaanmaltummaa Oromiyaa waliin gaafa 03/06/08 taasifame

[40]Afgaaffii obbo.Nigaatuu Jaarsoo, pireezdaantii Mana Murtii Olaanaa Godina Booranaa waliin gaafa 08/06/08Yilmaa Hundee, Qondaala Naamusaa Aa/Mannaa, 19/05/2008

[41]AfgaaffiiNaasir Faaris, MMWO tti Abbaa adeemsa hojii kenniinsa tajaajila abbaa seerummaa, gaafa 16/6/2008. Warquu Gabbisaa, MMWO tti Abbaa adeemsa garee inspekshinii Naannoo, gaafa 15/6/2008, Kamaal Sirboo,

galeessa godhatanii hojjechuun,[42] aangoo garmalee fayyadamuun, abbaa dhimmaa dhaddacha jeeqe jechuun yookin sababa malee hidhuun,[43] waajjira poolisiittis abbaa dhimmaa daddarbuun ni mul'ata.[44]Abbootiin seeraa qaama falmii gama tokko fayyaduuf jedhanii dhimmota falmii keessatti hin ka'iin ofumaan galmeessuun ni mul'ata.[45]Dhimmoota tiraafikii irratti murtiileen kennaman qulqullina hin qaban. Mirga wabii eeguu, murtii hatattamaa kennuu irratti rakkooleen uumamaa jiran matta'aa fudhachuu waliin kan walqabatuu dha.[46]Abbootiin seeraa golgaa bilisummaa Abbaaseerummaan fayyadamanii waan fedhii isaanii murteessan jiru.[47] Mana murtii Aanaa biratti Abbootiin seeraa barreessitoota ummataa waliin ta'uun namoota falmii taasisan yommuu miidhaan ni mul'ata.[48] Abbaan Alangaa Abbaa seeraa fi Abbaa dhimmaa gidduu dallaalaa ta'ee, galmee keessa maallaqa ka'ee dhaddacha irratti Abbaa seeraatif dhiyeessu ille akka jiru ibsama.[49]

Haalli filannoo, leenjii fi to'annoo Ogeessota qaamolee haqaa haga barbaadamu cimaa ta'uu dhabuun hanqina naamusaatiif gahee kan qabu ta'uu hoggantootni qaamolee haqaa ni ibsu. Leenjiin naamusaa haala qabatamaa fi dhimmoota qorannoon adda bahan irratti hundaa'ee kennamuu dhabuun bu'aa barbaadame akka hin fidne taasisee jira.leenjiin kennamus namoota fakkeenyummaa qabaniin kan kennamaa jiruu miti.sadarkaa leenjitti to'annoo fi hordoffiin gahaan taasifamaa hin jiru. Darbees namoota hanqina namuusaa agarsiisan irratti adabbiin raawwatu gahaa miti.[50]

Pirezidaantii MMO Arsii Lixaa, gaafa 9/5/2008, Yilmaa Hundee, Qondaala Naamusaa Aa/Mannaa, 19/05/2008, Dajanee Kiflee, Abukaatoo dhuunfaa, Go/Jimmaa, 19/5/2008; Tolamariyam Dhibbisaa, Pirezdaantii MMA Gommaa, 18/05/2008; Jamaal Abbaaboor pireezdaantii Mana murtii Aanaa Jimmaa, 26/05/08 waliin godhame.

[42]Afgaaffii Mulugeetaa Getaachoo, B/B I/G/Wa/Haqaa Aanaa Gommaa, 18/5/2008; Dabalee Higuu, B/B I/G Wa/Haqaa Aa/Jimmaa, 17/5/2008; Mulugeetaa Fiqaaduu, Pirezdaantii MMO Go/Harargee Bahaa

[43]Afgaaffii Mulugeetaa Fiqaaduu, pireezdaantii Mana Murtii Olaanaa Go/Ha/ bahaa, /A/Inspeektaraa Sa'id Kaliil, A/Ad/Qo/Yakkaa, Wa/Po/Aa/Haramayaa

[44]Afgaaffii Abrihaam Silashii, I/G/Wa/Ha/Aa/Baabbilee

[45]Afgaaffii Mokonnin Hayiluu, MMO Arsii Lixaatti Inipekshinii Godinaa, gaafa 9/5/2008

[46]Afgaaffii Komaandar Halakee Duubaa Ab/Ad/Ho/Qo/Ya fi Mu/ Haqaa kennisisaa qajeelcha Poolisii Aanaa Godina Booranaa waliin gaafa 08/06/08 taasifame. Inispeektar Kamaal Aliyyii, Qorataa Poolisii, Wa/Po/Aa/Jimmaa, 17/05/2008, Ins. Abduroo Hawwii, B/B Hogganaa Waajjira Poolisii Godina Arsii Lixaa, gaafa 9/5/2008

[47]Afgaaffii obbo. Liibaan Areeroo, Bulchaa Godina Booranaa, obbo. Hasan Bulee, hogganaa Wajjira Siviil sarvisii Godina Booranaa, waliin gaafa 10/06/08 taasifame.

[48]Afagaaffii obbo.Baqqalaa Taarinoo, Abukaatoo dhuunfaa waliin gaafa 23/05/08 gaggeeffame.

[49]Afgaaffii obbo.Jamaal Adam preezdaantii Mana Murtii Aanaa Doddotaa waliin gaafa 01/06/08 godhame.

[50]Afgaaffii Damoozee Maammee, Pirezidaantii MMWO gaafa 23/6/2008

Daataa afagaaffiin argame kana irraa hubachuun kan danda'amu rakkoon naamusaa haala leenjiin dura ture irraa fooyya'iinsa kan qabu ta'us, ammas rakkoon naamusaa cimaa fi bifa adda addaan ibsamu kan jiru ta'uu isaati dha. Rakkoolee naamusaa uumaman kanaaf haalli ogeeyyiin itti filatamanii gama qaamolee haqaa kanatti makamanii fi sirni to'annoo naamusaa ogeessotaa amma jiru laafaa ta'uun gumaacha mataa isaanii qabu. inistitiyuutiinis akka qaama ogeessota kana ofitti fuudhee leenjisuutti dhimma naamusaa irratti leenjii qindaa'aa fi qabatamaa ta'e kennuu irratti darbees to'annoo leenjifamtootaa irratti hanqina akka qabu dha.

Jijjirama naamusa irratti gahee ILQSO'n taphatee fi taphachuu qabu ilaalchisee yaadonni adda addaa namoota afgaaffii kennan biraa ni dhiyaata. Naamusni dhimma uumamaa waan ta'eef ILQSO'n hanqina ogeessota biratti mul'atuuf ceepheffamuu hin qabu kanneen jedhan ni jiru.[51]Akka yaada kanaatti namni uumamaan amala gaariis ta'ee badaa qabatee dhalata. Leenjiin amala uumamaan namni qabu jijjirsisuu hin danda'u waan ta'eef ogeeyyonni leenjii ILQSOtii fudhatan hanqina naamusaa yoo kan mul'isan ta'e Inistitiyuutiin akka hojii hin hojjenneetti lakkaa'amuu hin qabu. Haaluma wal-fakkaatuun ogeeyyonni biroo immoo rakkoon naamusaa haala jireenyaa fi ilaalcha hawwasaa waliinis wal qabata waan ta'eef leenjii kennuu qofaan kan sirratuu miti jedhu.[52]Kanaaf rakkoo naamusaa furuuf haala jireenyaa fi walitti dhufeenya ogeessotni qaamolee haqaa hawaasa waliin qaban sireessuun yookiin fooyyessuun barbaachisaa akka ta'e hubachiisu.

Gama biraan immoo, hanqina naamusaa ogeessota biratti mul'atuuf hanqinnii ILQSO bira akka ta'e kan ibsanis jiru. Amala leenjifamtootaa to'achuutiin haalli dur ILQSO keessa turee amma laafa kan dhufe ta'uu namoonni ni ibsu.[53] Naamusa leenji'aa to'achuu irrattis hanqinni akka jiru ni himama.[54] Leenjitootni Inistitiyuutii irraa leenjii erga fudhatan booda irra caalaan kan ta'uu barbaadu A/seeraati. Kun immoo bilisummaa A/seeraatti fayyadamanii kiraasassabdummaa

[51]Afgaaffii obbo.Nigaatuu Jaarsoo, pireezdaantii Mana Murtii Olaanaa Godina Booranaa waliin gaafa 08/06/08 taasifame. Ismaa'el Abbaa boor, MMO Jimmaatti Bakka bu'aa pirezidaantii, gaafa 17/5/2008

[52]Afagaaffii,*obbo.*Naannoo Badhaadhaa, A/Alangaa Dursaa garee himannaa fi Qo'annoo Komoshinii Naamusaa fi Farra Malaanmaltummaa Oromiyaa waliin gaafa 03/06/08 taasifame.

[53]Afgaaffii obbo.Shimallis Simee, hoogganaa Waajjira Haqaa Godina Booranaa waliin gaafa 08/06/08 taasifame.

[54]Afgaaffii obbo. Fiqaaduu Jiraataa, inispeektara Mana Murtii Olaanaa Godina Booranaa waliin gaafa 08/06/08 taasifame.

keessatti hirmaachuuf fedhii jiru agarsisa waan ta'eef, ILQSO biratti ilaalcha irratti hojjechuun kan hafe ta'uu mul'isa yaadni jedhu ni ka'a.[55]

Gama gahee ILQSO'n jijjiraa naamusaa irratti bahee ture ilaalchisee akkuma namoonni yaada kennan hedduun hubachiisan Inistitiyuutiin dhimma naamusaa irratti hubannoo uumuu irratti hojii gaarii hojjetee jira. Dhimma naamusaa leenjisuun alattis naamusni leenjifamaan argarsiisu akka qabxii madaallii tokkootti ilaalamee leenjifamaan gara qaamolee haqaa makamuu fi dhiisuu isaa dhimma murteessu ta'eera. Haa ta'u malee hanqinoonni bal'aanis akka jiran hubachuun ni danda'ama. Hanqinoota hundaaf dhimmi hangafa ta'u leenjifamtoota yookaan ogeessota leenjiif (LHD) dhufan naamusa isaanii adda baasuun ogeessa amala gaarii qabu fudhachuu dhabuu dha. ogeessi amala fi naamusa gaarii hin qabne iddoo leenjitti amala isaa dhoksuun iddoo hojiitti yommuu bobba'e mul'isuu danda'a. Dabalataan amala jalqabuma badaa ta'e leenjiidhaan jijjiruun yookiin balleessuunis ni ulfaata. Kanaaf rakkoo naamusaa ammaa mul'ataa jiraniif filannoon ogeessotaa of eeggannoo haga barbaadamuun godhamuu dhabuun gahee mataa isaa qaba. Gama biraan iddoo leenjiitti hordoffiin gama Inistitiyuutiin godhamaa jiru haga barbaadame miti. Kenninsi leenjii naamusaas saayinsaawaa fi dhimmoota qabatamoo qorannoon adda bahan irratti kan hin hundoofne ta'uun bu'aa barbaadame akka hin dhufne godheera.

Rakkoo naamusaa mul'ataa jiru hundaaf hanqinni kenninsa leenjii sababa ta'uu hin danda'u.Akkuma namoota yaada kennaniin ka'e hanqinni naamusaa mijachuu dhabuu naannawaa fi haala hojii fi laafina sirna to'annoo fi hordoffii naamusa ogeessotaa waliin wal qabata. Kanaaf ogeessonni leenjii naamusaa gahaas fudhatanii gara qaamolee haqaa yoo makaman sababoota kanneen irraa kan ka'e hanqinni naamusaa mul'achuu danda'a. Haala amma jiruun leenjifamtootni LHD leenjii erga fudhatan booda Abbaa seeraa yookan Abbaa alangaa kan ta'an carraa kaasuudhani. Leenjitootni ILSOtti leenjii fudhatan hedduun isaanii leenjiin booda Abbaa seeraa ta'uu akka barbaadan qabatamaas ta'ee yaadota agaaffiin ka'an irraa ni hubatama. Leenji'aan leenjiin booda abbaa seeraa ta'uuf fedhii kan agarsiisu yoo ta'e jijjiramni ilaalcha akka hin dhufnetti yookaan akka hanqina naamusaatti fudhachuun sirriidhaa kan jedhu ilaaluun barbaachisaa dha. Dhimmi kiraa sassabdummaa carraa hojii abbaa seerummaa keessatti qofa uumamuu miti.Akkuma yaadoata afagaaffii olitti ibsaman irraa huabatamu abbaa seeraas ta'ee abbaan alangaa hojii hojjetanii fi aangoo qabanitti fayyadamanii gochoota kiraassassabdummaa

[55]Afgaaffii Obbo. Abdellaa Ogatee, It/A Hoogganaa Biiroo Haqaa Oromiyaa waliin gaafa 03/06/08 gaggeefame

adda addaa keessatti hirmaachuu danda'u. Ogeessi gara qaamolee haqaa makamu yaada kiraa sassabdummaatti hirmaachuu qaba yoo ta'e fi carraan kiraa sassabdummaa ogummaa lachi bira kan jiru yoo ta'e immoo ogummaa lameen wal-caalchisuuf qabxiin biraa ogeessi ilaalu jira jechuu dha. kunis haala hojii mijataa hin taanee fi qabiinsa ogeessotaa waliin kan walqabatu ta'uu yaada ogeessotaa irraa hubachuun ni danda'ama. Namni kamiiyyuu hojii yookaan ogummaa fedhii isaa filatee irratti bobba'uu kan danda'u ta'uun mirga eegumsa heeraan argatee dha. Leenji'aan ogummaa filatee fi irratti tajaajiluuf fedhii qabu irratti bobba'ee kan hojjete yoo ta'e bu'aa argamsiisa. Filannoo ogummaa ilaalchisee fedhiin ogeessotaa gama tokkotti kan luuca'u yoo ta'e ogummaa baay'inaan hin filatamne hawwataa akka ta'uu fi naannawaan hojii akka mijatu gochuun filannoo gaari dha.

2.1.3. Qulqullina fi haqa-qabeessummaa hojii dabale

Qulqullina hojii dabale ilaalchisee bargaaffiin ogeessonnii fi hoggantootni qaamolee haqaa guutaan haala itti aanuun teechisifamee jira.

Gabatee 10

Safartuu	**Leenjii Hojiin Duraa**			**Leenjii Hojiirraa**		
	Ol	H/Mu	HD	Ol	H/ Mu	H/d
Leenjii erga fudhattee qulqullinnii fi haqa-qabeessummaan hojii kee hagam dabaleera jetta?	68	32	4	73	34	2

Bargaaffiin hooggantootni guutanis akka itti aanutti kan taa'e dha.

Gabatee 11

Safartuu	**Leenjii Hojiin Duraa**			**Leenjii Hojiirraa**		
	Ol	H/Mu	HD	Ol	H/ Mu	H/d
Qulqullinnii fi haqa-qabeessummaan hojii hangam dabaleera jettu?	29	12	1	25	13	1

Ogeessonni qaamolee haqaa leenjii hojiin duraa fudhatan leenjii booda qulqullinni fi haqa-qabeessummaan hojii isaanii hagam akka dabale yommuu sadarkeessan %65 olaanaa, %31 haga

muraasa dabale jedhaniiru. %4 hafan immoo akka hin daballe ibsan. Kanneen leenjii hojii irra fudhatan keessaa %67 kan ta'an hagi qulqullina fi haqa-qabeessummaa hojii isaanii dabale olaanaa yommuu jedhan, %31 kan ta'an immoo muraasan dabaluu amanu. Kanneen %2 ta'an yaada hin daballe jedhu qabu.

Hoggantoota qaamolee haqaa haga qulqullina fi haqa-qabeessummaa hojii leenjii booda dabale irratti bargaaffii guutan keessaa %69 sadarkaa olaanaan, %29 haga muraasaan leenjii hojiin duraa biratti qulqullinni fi haqa-qabeessumman akka dabale ibsaniiru. Leenjii hojii irraa birattii immoo qulqullinni dabale olaanaa dha kan jedhan %64, haga muraasa kan jedhan %33 fi hin daballe kan jedhan %3 dha. Akka waliigalaatti daataa kana irraa kan hubatamu leenjiin kennamaa ture ogeessonni tajaajila kennan qulqullinaa fi haqummaan akka raawwatan kan gargaare ta'uu dha.

Qulqullinaa fi haqa-qabeessummaa hojii leenjiin booda dabale ilaalchisee yaadonni afgaaffiin funaanamanis haala itti aanuun xinxaalamanii jiru. Qulqullinni hojii naamusaa, dandeettii fi xiyyeeffannoon hojjechuu waliin dhimma walqabatu ta'ee, qindoomina ogeessota hundaa keessattuu, Abbaa seeraa, Abbaa Alangaa fi Abukaatoo kan barbaadu dha.[56] Bu'aan leenjiin Inistitiyuutii gama qulqullinaatiin buuse olaanaa ta'uu hoggantootni qaamolee haqaa ni ibsu. Fakkeenyaaf, qulqullina hojii leenjitoota leenjii hojiin duraa biratti mul'atu ilaalchisee, pireezdaantiin Mana murtii waliigalaa Oromiyaa haala itti aanuun ibsaniiru.

Leenjitootni hojiin duraa hunda isaanii jechuun ni danda'ama, seeraa fi ragaa irratti hundaa'uun, murtii haaala ifa ta'een barreessuu, hojiin kenninsa tajaajila haqaa irratti hojjetaa jiran kan nama boonsu dha. Qulqullina hojii isaanii irraa ka'uun iddoo tokko tokkotti aanaalee irraa ergifachuun mannen murtii olaanaa fi waliigalaa irratti hojjechiisaa jirra.[57]

Yaada kanarraa hubachuun kan danda'amu leenjiin Inistitiyuutiin kennamaa jiru, keessattuu kan hojiin duraa bu'aa barbaadame argamsiisaa akka jiruu dha.Leenjin kennamaa ture qulqullina

[56] Naasir Faaris, MMWO tti Abbaa adeemsa hojii kenniinsa tajaajila abbaa seerummaa, gaafa 16/6/2008.

[57] Damoozee Maammee, Pirezidaantii MMWO gaafa 23/6/2008

hojii dabaluuf bu'aa guddaa akka buusee ogeessonni kanneen biros ni kaasu.[58]Abbootiin seeraa murtii qulqullina qabu murteessuun isaanii dabalee jira.Murtii yakkaa yommuu laatan qajeelfama adabbii waan fayyadamaniif murtii barsiisaa fi madalawaa ta'e kennaa jiru.[59] Haalli murtiin itti barrahu,seroonni itti xiinxalaman fi jala murtiin itti kenamu baay'ee gaarii ta'ee jira.[60] Murtii haqa-qabeessa ta'e kennuun akka waliigalatti kan dabale ta'uu namoonni afagaaffiin godhameef ni ibsu.[61] Haqa qabeessummaa tajaajilaa ilaalchisee, dhimmoota dhiyaatan falmii madaalawaa taasisuun firii dubbii ragaan mirkaneessanii seera irratti hundaa'anii hojjechuun baratamaa dhufeera.[62]

Gama biraan immoo qulqullina hojiin wal qabatee ammas hanqinoonni akka jiran yaadonni agarsiisan ni ka'u. Mormiiwwaan sadarkaa duraa ka'an irratti jala murtii kennuu dhabuun murtii raawwatamuu hin dandeenye ogeessonnii laatan akka jiran; kun immoo qulqullinni sadarkaa barbaadamerra akka hin geenye taasisaa kan jiru ta'uu namoonni afgaaffiin yaada kennaniin ni hubachisu.[63] Keessattuu dhimmoota xiyyeeffannoon kennamuufii qabu kanneen akka yakkoota balaa tiraafikaa fi daldaala seeraan alaa irratti hojjechuu dhabuun, akkasumas adabbii sababa gahaa malee daangessuun[64] wantoota qulqullina hojii miidhaa jiraan ta'uu yaaadota afaggaaffiin argaman irraa ni hubatama. Tajaajila haqa qabeesssa ta'e kennuu irrattis hanqinni kan jiru ta'uu namoonni yaada kennan ibsu.[65] Dhimma kana irratti, komiin abbootii dhimmaa biraa baay'inaan dhiyaatu, Hanqinni jiraachuu mul'isa.[66] Rakkoon dhimmoota kanaan walqabatanii uumaman seera beekuu fi dhiisuu qofarratti kan hundaa'u osoo hin taane naamusaa waliin kan walqabatan

[58]*Afgaaffii obbo.*Naasir Faaris, MMWO tti Abbaa adeemsa hojii kenniinsa tajaajila abbaa seerummaa, gaafa 16/6/2008,Fiixaanbaas Faanaa, hoogganaa Waajjira Haqaa Aanaa Yaaballoo waliin gaafa 08/06/08 taasifame.

[59]Afgaaffii G/Inspeektara Alamuu Waaqoo, qorataa poolisii Aanaa Dugda Dawaa waliin gaafa 08/06/08 taasifame.

[60]Af-gaaffii obboo. Abarraa Wiirtuu A/seeraa fi B/B pireezidaantii mana murtii aanaa guutoo giddaa waliin gaafa guyyaa 24/05/08 ,obboo Waaqgaarii Elsaay pireezidaantii mana murtii aanaa jimmaa Arjoo waliin gaafa guyyaa 24/05/08 taasifame.

[61]*Afgaaffii obbo.* Damoozee Maammee, Pirezidaantii MMWO gaafa 23/6/2008, Naasir Faaris, MMWO tti Abbaa adeemsa hojii kenniinsa tajaajila abbaa seerummaa, gaafa 16/6/2008.obbo Liibaan Areeroo, Bulchaa Godina Booranaa waliin gaafa 10/06/08, obbo.Fiixaanbaas Faanaa, hoogganaa Waajjira Haqaa Aanaa Yaaballoo waliin gaafa 08/06/08 taasifame.

[62] Kamaal Sirboo, Pirezidaantii MMO Arsii Lixaa, gaafa 9/5/2008

[63]Hirphaa Irreessoo, pirezidaantii MMA Shaashamannee, gaafa 10/5/2008

[64]Kom. Asaffaa Gannatii, Komishinii Poolisii Oromiyaatti abbaa adeemsa qorannaa yakkaa.

[65] Warquu Gabbisaa, MMWO tti Abbaa adeemsa garee inspekshinii Naannoo, gaafa 15/6/2008

[66] Mokonnin Hayiluu, MMO Arsii Lixaatti Inipekshinii mana murtichaa, gaafa 9/5/2008

ta'uu ogeessonni dabaluun ni ibsu.[67] Fakkeenyaaf, Abbootiin alangaa tokko tokko fedhii dhuunfaa irraa kan ka'e qorannoo yakkaa, himata keewwata rogummaa qabu jalatti dhiyyeessuu fi ragaa sobaa hambisuu irratti kutannoon hojjechuu dhabuun qulqullina hojii miidhaa jiraachutu ibsama.[68] Ragaa fuudhuu fi madaaluu irratti loogiin ni hojjetama[69], qulqullina qorannoo irratti, keewwata rogummaa qabu jalatti himannaa dhiyeessuu fi falmii taasisuu dhabuun[70]; Poolisii fi abbaan alangaas abbaa aangoo fi abbaa qabeenyaa yakka raawwate seeratti dhiyeessuu dhabuun[71] rakkoolee qulqullinaa fi haqa-qabeessummaa hojii haqaa keessatti yeroo ammaa mul'ataa jiran ta'uu namoonni yaada kennan ni ibsu. Yaadota kana irraa hubachuun kan danda'amu dhimmoonni hanqina qulqullinaa fi haqa-qabeessummaa hojii agarsiisan kan mul'atan ta'uu isaati dha. Rakkoolee kanneeniif bu'urrii hanqina beekumsaa fi ogummaa qofa osoo hin taanee hanqinni naamusaa gahee guddaa akka qabu ni hubatama.

2.1.4. Seerota bifa walfakkataa ta'een hojiirra oolchuu yookaan hiikuu

Leenjiin Inistitiyuutiin kennamu gama seerota haala walfakkatuun hiikuutiin bu'aa maalii akka argamsiise yaadonni afgaaffiin argaman haala itti aanuun ibsu. leenjiin dhimmoota seera qaawwa qaban irratti kenaman seeroonni haala wal fakkaatuun akka hiikamu taasisee jira.[72]leenjii yeroo adda addaatti irra-deebiin kennamaa tureen dhimmoota seeraa irratti ejjannoowwan jiran kaasuun hiikaan seeraa walitti dhiyaatu akka kennamu godhamee jira.[73]Bakk qaawwi jiru dhimmootaan deeggaruun akkasumas galmee ijjibbaataa murtii isaatti fayyadamuun waan leenjifamaniif qaawwi akka hin uumamne gochaa jira.[74]Seerota haala walfakkatuun hiikuu fi hojiirra oolchuun akkasumas kenninsi tajaajilla haqaa illee akka naannoo keenyaatti akka wal-fakkatu ta'ee jira.[75] Kun immoo garaagarummaan hiikoo seeraa fi hojimaatni wal hin fakkaannee akka hafu

[67] Kamaal Sirboo, Pirezidaantii MMO Arsii Lixaa, gaafa 9/5/2008, Gamadii Daddafoo, Godina Arsii Lixaatti Qondaala naamusaa, Abbaa adeemsa hojii dhimma bulchiisa iyyannoo ummataa, gaafa 10/5/2008

[68] Amiin Aadam, I/G Waajjira Haqaa Godina Arsii Lixaa, gaafa10/5/2008

[69] Dabalee Higuu, B/B/I/G Wa/Haqaa Aanaa Jimmaa, 17/05/08.

[70] Jibriil Hammee, Fu'aad Shariif, B/B/Qondaala Naamusaa, Wa/Haqaa/Go/Harargee Bahaa, 24/5/2008.

[71] Mahaammud Abdulmajiid, pireezdaantii, MMA Meettaa, 24/05/2008.

[72] Af-gaaffii obboo Abarraa Wiirtuu A/seeraa fi B/B pireezidaantii mana murtii aanaa guutoo giddaa waliin gaafa guyyaa 24/05/08 taasifame. Darajjee Kabbadaa qondaala naamusaa MMO godina Jimmaa waliin gaafaa 17/05/08, Mulugeetaa Getaachoo, B/B/I/G Wa/Haqaa Aanaa Gommaa, 18/05/0

[73]Afgaaffii obbo. Fayisaa Alamuu A/Alangaa waajjira Haqaa Godina Booranaa waliin gaafa 08/06/08, obbo. Tamasgeen Zerihuun Hogganaa Waajjira Haqaa Aanaa Mooyyalee waliin gaafa 11/06/08 taasifame.

[74] Naasir Faaris, MMWO tti Abbaa adeemsa hojii kenniinsa tajaajila abbaa seerummaa, gaafa 16/6/2008.

[75]Afgaaffii obbo. Fallaqaa Gaaddisaa Preezdaantii Mana Murtii Aanaa Sibuu Siree, obbo. Aaddisuu Dhaabaa Abbaa Alangaa fi bakka bu'aa Hogganaa waajjira haqaa Aanaa Sibuu Siree waliin gaafa 26/05/2008,obbo.Salamoon Taaddasaa, Preezdaantii Mana Murtii Aanaa Mooyaalee waliin gaafa 11/06/08 taasiafame.

taasiseera.[76] Keessattuu LHD barnoota tiiworiin yuunivarsiitiitti kennamu qabatama gochuun dhimmootaan deeggaramee kennamuun isaa qaawwa guddaa hojiirratti uumamu kan cufe dha.[77]Hubannoo fi hiikkoo seera adda addaa oggeessoota fi beektoota seeraan ibsamu haala qabatama hojii irratti hiikamuun leenjiin kenamu namoonni hubannoo gaarii akka argatan taasisee jira.[78]Seeronni naannoo keenyaa fi federaalaan tumamaa jiran qulqullina haga barbaadame yommuu hin qabnetti Inistitiyuutiin akkaataa qawaan seerota kanneenii itti hiikamuu qabu irratti leenjii kennaa tureen qaawaa sirna seeraa illee cufaa jira.Fooyya'iinsa gama hiikoo seeraa wal fakkaatu uumuutiin mul'atu murtii dhaddachi ijibaataa mana murtii waliigalaa kennuun wal bira qabanii ogeessonni ibsan, jiildiiwwan kanneen gara jalqabaa irratti dhimmoota naannoo keenyaa baay'inaan kan hammatan yommuu ta'u, yeroo ammaa kana garuu dhimmoonni naannoo keenyaa baay'inaan kan hin maxxanfamne ta'uun hiikoo seeraa irratti hanqinni cimaan akka hin mul'anne agarsiisa jechuun yaada kennu.[79]Yeroo ammaa sadarkaa mana murtiitti murtii walfakkataa keennuuf, abbootiin seeraa murtii kennuun dura aadaan dhimmoota irratti mari'achuu barameera.[80]

Seerota haala walfakkaatuun hiikuu keessatti hanqinni gama ogummaan darbee darbee seerota adeemsa falmii, maatii, lafa baadiyyaa, qajeelfama adabbii,[81] gahee A/A hariiroo hawaasaa keessatti qabu[82], labsii shororkeessummaa[83], qajeelfama adabbii fayyadamuu irratti[84] fi RTD hiikuu irratti ni mul'ata.[85]Dhimmoota seera deemsa falmii hariiroo hawwasaa kew.69(2),78,73,70(a) irratti ammallee manneen murtii keessattii fi Abbootii seeraa gidduttii

[76] Af-gaaffii obbo Husseen pireezidaantii mana murtii ol'aana godina Arsii waliin gaafa guyyaa 19/05/08, obboo Kadiir Abdullaxiif pireezidaantii mana murtii aanaa Heexosaa waliin gaafa guyyaa 18/05/08 taasifameMulugeetaa Takilee, Koomaandara, Hoogganaa, Wa/Po/Go/Jimmaa, 18/05/2008; Miliyoon Wandaafarraash, I/G/Wa/Ha/Go/Harargee Bahaa, 24/5/2008

[77] Guuttataa Xuruneh, B/B I/G Wa/Haqaa Aa/Maannaa, 19/5/2008

[78] Af-gaaffii obboo Fayyisaa Dhiinsaa I/Gaafatamaa waajjira haqaa aanaa jimmaa arjoo waliin gaafa guyyaa 24/05/08 taasifame

[79]Afgaaffii obbo.Naannoo Badhaadhaa, A/Alangaa Dursaa garee himannaa fi Qo'annoo Komoshinii Naamusaa fi Farra Malaanmaltummaa Oromiyaa waliin gaafa 03/06/08 taasifame.

[80] Tarrafaa Dafaar,qindeessaa KFSH, Godina Jimmaa waliin gaafa 18/05/08, Fatih Abbaa Joobir

[81] Guuttataa Xuruneh; Baanchaamlaak Adaanaa, A/Ad/H/Q/Y fi M/H/Kennisiisaa, 19/5/2008

[82] Fu'aad Shariif

[83]Kom. Asaffaa Gannatii, Komishinii Poolisii Oromiyaatti abbaa adeemsa qorannaa yakkaa

[84] Kamaal Sirboo, Pirezidaantii MMO Arsii Lixaa, gaafa 9/5/2008

[85]Af-gaaffii obboo Booreessaa Baqqalaa I/Gaafatama waajjira haqaa godina wallagga bahaa waliin gaafa guyyaa 23/05/08 taasifame, obbo. Mahaammud Abdulmajiid, Pirezdaantii MMA Meettaa, 24/5/2008; I/A/Inspeektaraa Sa'id Kaliil, A/Ad/Qo/Yakkaa, Wa/Po/Aa/Haramayaa; Dajanee Kiflee, Fatih Abbaa Joobir, Jamaal Abbaaboor, Fufaa Hundumaa, Qondaala Naamusaa, Aa/Gommaa, 19/05/2008

garaagarummaan ni jira.[86] Dhimma yakkaa keessatti namoota yakka walfakkaataa raawwatan adabbii gara garaatiin adabuun ni mul'ata.[87]Leenjiin kennamu ogeessota mara kan wal hin geenye ta'uun garaagarummaan hiikkaa ammallee haga barbaadamuun akka hin dhufne taasisee jira.[88]Yommuu leenjiin kennamu, ejjannoo adda addaa ibsuun, kanneen keessaa ogeessonni hundinuu dirqama ittiin hojjechuu qabu kan jedhame qabsiisuun ala banaa gochuun Inistitiyuutii biratti ni mul'ata. Kun immoo Ogeessonnii ejjannoo mataa isaanii qabatanii hojiitti yommuu deebi'anis kanumaan kan hojjetan waan ta'eef wal-fakkeenya hiikoo seeraa irratti dhiibbaa fidaa jira.[89]Rakkoon naamusaa ammas seerota haala wal fakkaatuun akka hin hiikne wantoota taasisan keessaa tokkoo ta'uutu ibsama.[90]

2.1.5. Itti fayyadama yeroo fi si'oomina hojii

Gahuumsa leenjifamtoota gama itti-fayyadama yeroo fi si'oominaatiin jiru ilaalchisee daataan bargaaffii ogeessotni guutan kan itti aanu fakkaata.

Gabatee 12

Safartuu	LHD			LHI		
	OL	H/mu	HD	OL	H/mu	HD
Leenjiin erga keennamee itti fayyadamni yeroo fi si'oominni hojiii dabale yoo madaalamu	70	20	7	73	21	4

[86] Af-gaaffii obbo Husseen pireezidaantii mana murtii ol'aana godina Arsii waliin gaafa guyyaa 19/05/08, obboo Kadiir Abdullaxiif pireezidaantii mana murtii aanaa Heexosaa waliin gaafa guyyaa 18/05/08 taasifame

[87] Ins. Abduroo Hawwii, B/B Hogganaa Waajjira Poolisii Godina Arsii Lixaa, gaafa 9/5/2008, Abdiisaa Bariisaa, Abukaatoo dhuunfaa Godina Arsii Lixaa, gaafa 10/5/2008

[88] Jamaal Abbaaboor

[89] *Afgaaffii obbo. Fiqaaduu Jiraataa, inispeektara Mana Murtii Olaanaa Godina Booranaa waliin gaafa 08/06/08,* obbo. Jamaal Adam preezdaantii Mana Murtii Aanaa Doddotaa waliin gaafa 01/06/08 *taasifame.*

[90] Damoozee Maammee, Pirezidaantii MMWO gaafa 23/6/2008

Leenjiin Inistitiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Oromiyaatiin kennamaa ture itti fayyadamaa yeroo fi si'oomina hojii hangam akka fooyyesse sakatta'uuf daataan bar-gaaffiin ogeessota sagantaa leenjii hojiin duraa fudhatanii 104 fi leenjii hojii irraa fudhatan 114 irraa walitti qabameera. Ogeessotni sagantaa leenjii hojiin duraatiin leenjii fudhatan; Leenjiin erga kennamee itti fayyadamni yeroo fi si'oominni hojii sadarkaa akkamiin akka dabale madaaluun kanneen bar-gaaffii ijoo kana irratti guutan 94 keessaa, dhibbentaa 74.46% fooyya'iinsi jiru sadarkaa olaanaan dabaleera yoo jedhan; dhibbentaa 21.27% kan ta'an ammoo fooyya'iinsi dhufe hanga muraasa jedhaniiru. Dhibbentaan 4.25% ammoo jijjiiramni dhufe hin jiru jedhaniiru.

Ogeessota leenjii hojii irraa fudhatanii ijoo kana irratti bar-gaaffii guutan 98 keessaa, dhibbeentaa 74.48% fooyya'insi jiru sadarkaa olaanan dabaleera yoo jedhan; kanneen dhibbentaa 21.42% ta'an ammoo fooyya'insi dhufe hanga muraasa jedhaniiru. Dhibbentaan 4.08% ammoo jijjiiramni dhufe hin jiru jedhaniiru.

Ogeessotni bar-gaaffii irratti yaada isaanii bal'inaan ibsan akka jedhanitti; itti fayyadamni yeroo sa'atii hojii kabajuun walqabatee, rawwii hojii standardii taa'e keessatti qulqullinaan raawwachuun, yeroo gabaabaa keessatti dhimmoota dhiyaatan seerota rogummaa qaban irratti hundaa'uun furmaata kennuun dabaleera.[91] Himannaa istandardii yeroo taa'ee keessatti qopheessanii xumuramuun danda'ameera. Kunis barreefama dhaabbata leenjii irraa yeroo leenjii kennaman dubbisuun dhimmoota saffisaan hojjechuun kan dabale ta'uu isaati.[92] Seerota bu'uraa, adeemsa falmii, labsiiwwan adda addaa fi qajeelfama adda addaa irratti hubannoon waan kennameef fayyadama yeroo fi si'oominni hojii dabalee jira. Dhimmoota maalummaa fi adeemsa isaanii leenjiin dursee waan irratti kennamuuf hubatanii kallattii fi yeroo beellamaa keessatti abbaa dhimmaa osoo hin deddeebisin keessummeessuun ni jira. Sa'aa hojii mootummaatti abbaan dhimmaa yoo jiraachuu baates galmee qorachuu fi ajaja adda addaa dabarsuun hojiin hojjetamaa jira. Ragaa fi falmii yeroo seerota adeemsaa keessatti taa'een gadi ta'e ykn qixatti dhaga'uun danda'ameera.[93] Dhimmootni yommuu dhufanis haala kamiin fala kennuu akka qaban

[91] Cuunfaa bar-gaaffii irratti yaadota kennamanii
[92] Cuunfaa bar-gaaffii irratti yaadota kennamanii
[93] Cuunfaa bar-gaafii irraa kan argame

irratti hubannoo waan qabaniif yeroo jalaa kan hin fixnee fi beellama jijjiruun illee kan hafe ta'uu isaati.[94]

Daataan af-gaaffiin argames, akka waliigalaatti itti fayyadamni yeroo fi si'oominni hojii leenjii kennamaa tureen kan fooyya'e akka ta'e agarsiisa. Kana jechuun garuu harcaatiin dhimma kana irratti guutummaan guutuutti furameera jechuu miti. Si'oominaan hojjechuu leenjiin kennamuu osoo hin jalqabin turee fi amma jiru yeroo ilaalamu fooyya'insi jiraatullee , harcaattiin ni jira. Fknf, abbootiin seeraa tokko tokko galmee qorannaaf jedhamee bebeellamuun ni jira.[95]Yeroo ammaa murtii ariifataa fi haqa-qabeessa ta'e kennuun dabalee jira.[96] Inistitiyuutii keessatti itti fayyadama yeroo leenjitootni waan shaakalanii fi hubataniif iddoo hojiittis bu'aa qabeessa akka ta'an gargaaree jira.[97] Si'oominni hojii kanaan dura laafaa ture, leenjii Inistitiyuutichaan bulchiinsa dhimmaa irratti kennaa tureen fooyya'ee jira. Yeroo ammaa akkaataan kenninsa beellamaa baay'ee fooyya'aa kan ta'ee fi dhimmootni dhiyaatanis hatattamaan furmmaata argataa jiru.[98] Galmeen yakkaa yeroo gabaabaa keessatti furmaata argataa jira. Murtii saffisaan kennuu irratti fooyya'iinsi ni jira.[99] Fooyyeen kan jiru ta'us rakkooleen tokko tokko ni mul'atu. Keessattuu qorannoo yakkaa irratti dhimmoota tokko tokko lafarra harkisuun ni mul'ata.[100] Walumaa galatti harcaatiin kan jiru ta'us, leenjii inistitiyuutiin kennamaa tureen itti fayyadamni yeroo fi si'oominni hojii fooyya'ee akka jiru xiinxala taasifame irraa hubatamera.

Itti fayyadama yeroo fi si'oomina hojii dabaluu irratti fooyya'iinsa dhufe madaaluuf hoggantoota waajjiralee haqaa fi pirezidaantotni manneen murtii akka madaalan ta'ee, daataan bar-gaaffii isaanii irraa argame akka armaan gadiitti xiinxalameera.

Gabatee 13

[94] Cuunfaa bar-gaaffii irraa argame

[95]Abdiisaa Bariisaa, Abukaatoo dhuunfaa Godina Arsii Lixaa, gaafa 10/5/2008

[96]Afgaaffii obbo.Liibaan Areeroo, Bulchaa Godina Booranaa waliin gaafa 10/06/08, obbo.Fiixaanbaas Faanaa, hoogganaa Waajjira Haqaa Aanaa Yaaballoo waliin gaafa 08/06/08 taasifame.

[97] Afgaaffii obbo. Fiixaanbaas Faanaa, hoogganaa Waajjira Haqaa Aanaa Yaaballoo waliin gaafa 08/06/08 taasifame.

[98]Afgaaffii obbo. Fallaqaa Gaaddisaa Preezdaantii Mana Murtii Aanaa Sibuu Siree waliin gaafa 26/05/2008 godhame

[99] Mulugeetaa Takilee, Jibriil Hammee, I/G/Wa/Haqaa/Aa/Meettaa, 26/05/08.

[100] Jamaal Bakar, Qorataa, Wa/Po/Aa/Baabbilee, 25/5/2008; Darajjee Kabbadaa; Miliyoon Wandaafarraash

Safartuu	LHD			LHI		
	OL	H/mu	HD	OL	H/mu	HD
Leenjiin erga kennamee itti fayyadamni yeroo fi si'oominni hojii dabale yoo madaalamu	23	13	1	17	16	1

Leenjiiwwan hojiin duraa fi hojii irraa kennamaa tureen si'oominni hojii fi itti fayyadamni yeroo ogeessota biratti hangam akka fooyya'e madaaluuf hoggantootni 48 bar-gaaffii kan guutan yoo ta'u; sangantaan leenjii hojiin duraatiin kennamaa ture si'oominnii fi itti fayyadamni yeroo akka fooyya'u taasisuurratti maal akka fakkaatu madaaluuf hoggantoota ijoo kanarratti bar-gaaffii guutan 37 keessaa, dhibbentaan 62.16% fooyya'insi jiru sadarkaa olaanaan dabaleera yoo jedhan, dhibbentaan 35.13% fooyya'iinsi dhufe hanga muraasa jedhaniiru. Dhibbentaan 2.70% jijjiiramni dhufe hin jiru jedhaniiru.

Sagantaan leenjii hojii irraatiin si'oominaa fi itti fayyadamni yeroo hangam akka dabale madaaluuf hoggantootni 48 bar-gaaffii kan guutan yoo ta'u; sagantaa leenjii kanaatiin si'oominni hojii fi itti fayyadamni yeroo ogeessotaa sadarkaa akkamiin akka dabale madaaluuf ijoo kanarratti kan bar-gaaffii guutan 34 keessaa, dhibbentaan 50% sadarkaa olaanaan dabale yoo jedhan; dhibbeentaan 47.05% fooyya'iinsi dhufe hanga muraasa jedhaniiru. Dhibbentaan 2.94% jijjiiramni dhufe hin jiru jedhaniiru.

Af-gaaffii taasifameenis itti fayyadama yeroo fi si'oominaan hojjechuu irratti jijjiiramni akka jiru ka'eera.Tajaajila si'oomina qabuu kennuu irratti jijjiiramni jira. Haata'uutii, naamusaa fi tajaajila haqa qabeessa kennuu dhabuun, akkasumas faayidaa argachuuf jedhamee itti fayyadamni yeroo fi si'oominaan hojjechuurratti hanqinni iddoon itti mul'atu ni jira.[101] Sagantaa leenjii hojiin duraatiin kanneen leenjii fudhatan itti fayyadama yeroo fi si'oominaan hojjechuu irratti jijjiiramni gaariin kan jiruudha. Kunis, warri gara hojiitti osoo hin seeniin leenjii fudhatan

[101] Af-gaaffiiWarquu Gabbisaa, MMWO tti Abbaa adeemsa garee inspekshinii Naannoo, gaafa 15/6/2008, Gamadii Daddafoo, Godina Arsii Lixaatti Qondaala naamusaa, Abbaa adeemsa hojii dhimma bulchiisa iyyannoo ummataa, gaafa 10/5/2008.

haaluma qajeelfama yeroo leenjiitti isaaniif kennamuun kan hojjetan waan ta'eef fooyya'insi kan argame ta'uu isaati. Leenjiwwan hojii irraa ammoo kanneen hojiirra turanii fi haala hoj-maata duraan ture kan baratan waan ta'eef dafanii jijjiirama keessa galuuu dhabuun ni mul'ata. Yeroo dhiyoo asitti leenjiwwan hojii irraa kennamaa turan hala mijataa ta'e keessatti kan hin kennamnes waan ta'eef kunis jijjiirama inni fidu irratti dhiibbaa kan qabuudha. Kanaafuu, keessumattuu leenjiin hojii irraa yeroo gabaabaa hojii gara fuula duraallee itti fufu waan ta'eef hanqinoota inni qabu irratti hojjechuun barbaachisaadha.

2.1.6. Leenjiin kenname dhaqqabamummaa, iftoominaa fi itti gaafatamummaan akka hojjetan taasisuu irratti

Iftoominaa fi itti-gaafatamummaa leenjiin booda dabaleen walqabatee daataan bar-gaaffii fooyya'iinsa dhufe madaaluuf ogeessotaa leenjii hojiin duraa fi hojii irraa fudhataniin guutame kan itti aanu fakkaata.

Gabatee 14

Safartuu	LHD			LHI		
	OL	H/mu	HD	OL	H/mu	HD
Leenjiin erga kennamee booda hojii bifa iftoominaa fi itti gaafatamummaa qabuun raawwachuu irratti fooyya'iinsi jiru yoo madaalamu	77	9	7	71	24	2

Leenjiin Inistitiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Oromiyaatiin kennamaa ture dhaqqabamummaa, iftoominaa fi itti gaafatamummaan akka hojjetan taasisuu irratti maal akka fakkaatu madaaluuf daataan bar-gaaffiin ogeessota leenjii hojiin duraa fudhatan 104 fi kanneen leenjii hojii irraa fudhatan 114 irraa walitti qabameera. Haaluma kanaan, ogeessota sagantaa leenjii hojiin duraatiin leenjii fudhatanii ijoo kana irratti sadarkaa fooyya'insa dhufee madaaluun bar-gaaffii guutan 93 keessaa, dhibbentaan 82.79% iftoominaa fi itti gaafatamummaan hojjechuun sadarkaa olaanaan dabaleera yoo jedhan, dhibbentaan 9.67% hanga muraasa dabale jedhaniiru. Dhibbentaan 7.52% fooyya'iinsi dhufe hin jiru jedhaniiru.

Ogeessota sagantaa leenjii hojii irraatiin leenji'anii ijoo kana irratti bar-gaaffii guutan 97 keessaa dhibbentaan 73.19% iftoominaa fi itti gaafatamummaan hojjechuun sadarkaa olaanaan dabale yoo jedhan, dhibbentaan 24.74% fooyya'insi dhufe hanga muraasa jedhaniiru. Dhibbentaan 2.06% fooyya'insi dhufe hin jiru jedhaniiru.

Yaada dabalataa bar-gaaffii irratti ibsameen ogeessotni leenjii hojiin duraatiin fudhatan sababa leenjii kennameen iftoominnii fi itti gaafatamummaan hojjechuun hin daballe jedhan yaada isaanii bal'inaan yoo teechisan; dhiibbaan garagaraa waan jiruuf akka bakka leenjiitti dubbatamuun hojiitii hiikuun rakkisaa tu'uu fi duriyyuu hojiin iftoominaa fi itti gaafatamummaan kan hojjetamu waan ta'eef leenjiin jijjiirama dhufe miti.[102] Kanneen leenjiin kennamaa ture jijjiirama olaanaa fi hanga muraasa fide jedhan bal'inaan yaada isaanii yoo ibsan; seerota rogummaa qabanii fi ragaa madaaluun murtoon iftoominaa fi itti gaafatamummaa qabu kennuun akka danda'ame ibsu. Murtiin haala ifaa fi qulqullina qabuun barreeffama. Murtii kennamu keessattis tumaa seeraa rogummaa qabu caqasuun qulqullinaan, si'oominaanii fi dhimmoota falmisiisoof walxaxaa ta'an gareen mari'achuun hojjechuun dabaleera. Murtii fi ajaja kennamu keessatti adeemsa ifa ta'e hordofuun hojiin hojjetamaa jira.[103] Kunaanis mirga namootaa kabachiisuun danda'amera. Murtii kennu keessatti seerota roogummaa qaban caqasuun bifa itti gaafatamuummaa mirkaneessuu danda'uun hojjetamaa jira.[104]. Hojii abbaa seerummaa dhaddacha ifa ta'e irratti hojjechuun, seerota roogummaa qaban caqasun murtii kennuun, hoggansi dhimmaa, galmee kamuu namni hundi ilaalee maal falmaa akka jiru hubachuun murtii kennamuu qabuu fi murtiin kennamulee sadarkaa yeroo hedduu cimaa kan deemu ta'uun bu'aa leenjiin argameedha.[105] Dhaddacha ifaatti hojjechuu, murtii fi ajaja abbaa dhimmaatiif bifa qulqullina qabuun ibsuun danda'ameera. Murtiilee fakkeenyummaa qaban maxxansiisuun gocha kiraasaassabdummaa fi malaammaltummaa irraa bilisa ta'ee abbaa dhimmaa ija walqixaan ilaaluun keessummeessuu dabalee jira.[106] Akkasumas, akkataa adeemsa seeraatin dhimmoota saffisaan keessummeessuun hawaasa tajaajiluun fooyya'ee jira. Yeroo leenjiitti fakkeenyotni qabatamoo ka'anii kan leenjiin kennamu waan ta'eef dogoggoroota wal-fakkaatoo akka hin

[102] Cuunfaa bar-gaaffii irraa kan argame
[103] Cuunfaa bar-gaaffii irraa yaada argame
[104] Cuunfaa bar-gaaffii irraa yaada argame
[105] Cuunfaa bar-gaaffii irraa yaada argame
[106] Cuunfaa yaadota bar-gaaffii irraa argaman

raawwatamne taasiseera. Naamusa hojichi gaafatu qabaachuun hojiin akka hojjetamu leenjii taasisu waan ta'eef iftoominaanii fi ittigaafatamummaan akka hojjetan taasiseera.[107]

Daataan af-gaaffiin argames leenjiin kennamaa ture hojiin iftoominaan, itti gaafatamummaa fi dhaqqabamaa ta'uu bifa danda'uun akka hojjetamu taasisaa kan jiru ta'uun hubatameera. Ogeessonni qaamolee haqaa haala dhaqqabamaa ta'een hojjetaa jiru. Tajaajila qaama tajaajila barbaaduuf itti dhiyeenyaan kennuun ni jira. Dhimmoota RTD irratti guyyaa sanbataa illee waajjira galuun tajaajilli kennamaa jira.[108] Tajaajila dhaqqabamaa ta'e kennuun walqabatees ogeessotni kaka'umsaa fi fedhiin tajaajiluu dabaleera. Fknf bakkeewwan dhaddachoota naannawootti deemanii hojjechuuf fedhii fi kaka'umsi ni jira. Rakkoon hojii kanaaf gufuu ta'u hanqina gama dhiyeessiitiin jirudha.. Leenjifamtoota ILQSO marsaa tokkoffaa irraa kan hafan hundi isaanii jechuun ni danda'ama iftoominaa fi itti gaafatamummaan hojjechuu irratti gaaridha.[109]

Ittigaafatamummaan hojjechuu irratti hanqinni ni jira. Ogeessi mirgaa fi dirqama isaa beekuun hojjechuu caalaa sirna keessa waan jiruuf qofa hojjechutu mul'ata. Hojii itti kenname yoo dhiise ittin gaafatama jedhanii hojjechuun ni mul'ata. Akka nama sirnichaaf jedhee hojjetuu osoo hin taane akka qacaramee hojjetuu qofatti of ilaaluun ni jira.[110] Yeroo badiin naamusaa raawwatamee argamu tarkaanfii fudhachuu irratti lafarra harkisuun ni jira. Itti gaafatamummaan hojjechuun walqabatee namoota badii naamusaa raawwatan irratti tarkaanfiin fudhatamu barsiisaa miti. Yoo baay'ate bakka hojii irraa gara bakka biraatti jijjiiruu fa'atu akka tarkaanfiitti fudhatama; kun immoo ittigaafatamummaa mirkaneessuu hin fakkaatu.[111] Kun immoo itti gaafatamummaan hojjechuu irratti hanqinni jiraachuu agarsiisa.[112] Waan ta'eefuu, itti gaafatamummaa mirkaneessuun kutannoo hoggansaa kan gaafatu ta'us, leenjiin kennamaa ture gama itti gaafatamummaa mirkaneessuu irratti hanqina kan qabu ta'uu isaatu ka'e. Walumaa

[107] Cuunfaa yaadota bar-gaaffii irraa argaman

[108] Afgaaffii obbo.Baqqalaa Nagaasaa, barreessaa koree sagantaa fooyya'iinsa sirna haqaa Aanaa Sibuu Siree wliin gaafa 26/05/2008 taasisfame.

[109] Amiin Aadam, I/G Waajjira Haqaa Godina Arsii Lixaa, gaafa10/5/2008

[110] Af-gaaffii Naasir Faaris, MMWO tti Abbaa adeemsa hojii kenniinsa tajaajila abbaa seerummaa, gaafa 16/6/2008.

[111] Gamadii Daddafoo, Godina Arsii Lixaatti Qondaala naamusaa, Abbaa adeemsa hojii dhimma bulchiisa iyyannoo ummataa, gaafa 10/5/2008

[112] Af-gaaffii Kamaal Sirboo, Pirezidaantii MMO Arsii Lixaa, gaafa 9/5/2008). Mokonnin Hayiluu, MMO Arsii Lixaatti Inipekshinii mana murtichaa, gaafa 9/5/2008

galatti hanqinoota muraasa al-naamusumaa, walbeekumsaa fi faayidaaf hojjechuun dhufan irraa kan hafe leenjiwwan kennamaa turan iftoomina, itti gaafatamummaa fi tajaajila dhaqqabamaa ta'e akka kennan taasisuu irratti fooyya'iinsi akka dhufe hubatameera.

Leenjiin kennamaa ture ogeessotni iftoominaa fi itti gaafatamummaan tajaajila dhaqqabamaa ta'e akka kennan taasisuu irratti fooyya'iinsi sadarkaa akkamiin akka dabale madaaluuf hoggantoota waajjiralee haqaa fi pirezidaantotni manneen murtii akka madaalan ta'ee, daataan bar-gaaffii isaanii irraa argame akka armaan gadiitti xiinxalameera.

Gabatee 15

Safartuu	**LHD**			**LHI**		
	OL	H/mu	HD	OL	H/mu	HD
Leenjiin booda hojii bifa iftoominaa fi itti gaafatamummaa qabuun raawwachuu irratti fooyya'iinsi jiru yoo madaalamu	28	10	1	18	15	1

Ogeessota leenjii hojiin duraa fudhatan leenjii kennameen booda iftoominaa fi itti gaafatamummaan hojjechuu irratti maal akka fakkaatu madaaluuf ijoo kana irratti hoggantoota bar-gaaffii guutan 39 keessaa, dhibbentaan 71.79% sadarkaa olaanaan dabale yoo jedhan; dhibbentaan 25.64% hanga muraasa dabale jedhaniiru. Dhibbentaan 2.56% ammoo jijjiiramni dhufe hin jiru jedhaniiru.

Ogeessota leenjii hojii irraa fudhanii iftoominaa fi itti gaafatamaummaan akka hojjetan taasisuu irrattii leenjiin jijjiirama dhufe madaaluuf ijoo kana irratti bar-gaaffii guutan 34 keessaa dhibbentaan 52.94% jijjiiramni olaanaan dhufeera yoo jedhan; dhibbentaan 44.11% jijjiiramni hanga muraasatu dhufe jedhaniiru. Dhibbentaan 2.94% jijiiramni dhufe hin jiru jedhaniiru.

2.1.7. Quuqama, kaka'umsaa fi miira tajaajiltummaa

Gahuumsa hooggansaa fi kaka'uumsa ogeessotaa leenjiin booda fooyya'e ilaalchisee daataan bar-gaaffii ogeessotaa irraa argame kan itti aanee dhiyaate dha.

Gabatee 16

Safartuu	LHD			LHI		
	OL	H/mu	HD	OL	H/mu	HD
Leenjiin erga kennamee booda abbootii dhimmaa fi dhimmota hogganuu irratti gahumsi dabale	66	19	7	70	22	4
Leenjiin erga kennamee booda kaka'umsii fi miirri tajaajiltumaa hangi dabale	64	18	5	57	25	1

Leenjiin Inistitiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Oromiyaatiin kennamaa ture dhimmoota hogganuu, kaka'umsa akkasumas miirri tajaajiltummaa ogeessotaa akka dabalu taasisuu irratti maal akka fakkaatu madaaluuf daataan bar-gaaffiin ogeessota leenjii hojiin duraa fudhatan 104 fi ogeessota leenjii hojii irraa fudhatan 114 irraa walitti qabameera. Haluma kanaan, ogeessota leenjii hojiin duraa fudhatanii ijoo abbootii dhimmaa fi dhimma hogannuu irratti gahumsi sadarkaa akkmiin akka dabale madaaluuf bar-gaaffii guutan 92 keessaa, dhibbentaan 71.73% gahumsi sadarkaa olaanaan dabaleera yoo jedhan, dhibbentaaan 20.65% gahumsi hanga muraasaan dabale jedhaniiru. Dhibbentaan 7.60% gahumsi dabale hin jiru jedhaniiru. Bar-gaaffii irratti yaada bal'inaan teechifame irrattis abbaa dhimmaa obsaan, loogii malee keessummeessuun danda'ameera. Gosa dhimmaa (yakkaa fi hariiroon, yakka ciccimoo fi sasalphoo, dantaa dhuunfaa fi ummataan adda baasuun keessummeessuu danda'amee jira. leenjiin kennamu akkataa obsaan dhaggeeffatanii yaada abbaa dhimmaa irraa fuudhan waan dabalatuuf leenjitootni hojiitti yeroo seenan hoggansa dhimma irratti fayyadamoo ta'aniiru. Fooyya'iinsi dhufe hin jiru kanneen jedhan dhimmi kun leenjii kennamuun osoo hin taane muuxannoo hojiitiin kan argamudha jedhu.

Daataan af-gaaffiin argame dhimmoota hogganuu fi kanneen dursa argachuu qaban akka dursa argatan taasisuun walqabatee duratti abbaan seeraa sababa dhaddacha jeequutiin namoota callisanii yammuu adaban mul'ata ture. Haa ta'u malee, yeroo ammaa kuni jijjiiramee jira. Abbootiin seeraa dura waa'ee dhaddachaa abbaa dhimmaa gorsuun, akeekkachiisuun yoo hammate qofa adabu.[113] Leenjiin ILQSO gama kanaan bu'aa buusaa jira. Fakkeenyaaf, abbootiin seeraa haalli itti abbootii dhimmaa keessummeessan, beellama itti kennan fedhii abbootii dhimmaa haala giddu galeessa godhateeni dha. Abbootiin seeraa akka yeroo duraa olaantummaa

[113]Afgaaffii G/Inspeektara Alamuu Waaqoo, qorataa poolisii Aanaa Dugda Dawaa waliin gaafa 08/06/08 taasifame.

isaanii agarsiisuuf osoo hin taanee olaantummaa seeraa agarsiisuuf hojjetaa jiru. Haalli falmii seeraan wal bira qabuun hubatanii fi hiikan, falmii itti qajeelchan gahuumsa olaanaa akka qaban ni mul'isa. Gaaffii duraa fi qaxxaamuraa yommuu dhiyaatu haalli itti to'atan baay'ee gaarii dha. Kana jechuun garuu abbootiin seeraa hunda isaanii biratti hoggansi dhimmaa fi keessummeessi abbaa dhimmaa sirrateera jechuu miti. Abbootiin seeraa namatti dallananii fi nama ifatanis akkasuma ni jiru. Kanneen ragaa dhaga'amuu qaban osoo hin dhaga'in bira darbuun mirga namaa miidhanis ni jiru. Garuu akka waliigalaatti fooyya'insi amma jiru baay'ee gaariidha. Namoonni hanqinoota kana qabanis irra caalaan namoota leenjii hin fudhatinii dha.

Ogeessota leenjiii hojiirraa fudhatanii ijoo dhimmaa fi abbootii dhimmaa hogganuu irratti gahumsi sadarkaa hammam akka dabale madaaluuf bar-gaaffii guutan 96 keessaa, dhbbentaan 72.91% gahumsi sadarkaa olaanaan dabale yoo jedhan; dhibbentaaan 22.91% gahumsi hanga muraasa dabale jedhaniiru. Dhibbentaan 4.16% gahumsi dabale hn jiru jedhaniiru. Yaadni bal'inaan bar-gaaffii irratti ibsames, dhimmoota hogganuu fi kanneen dursa argachuu qaban kan akka dhimma daa'immanii fi dubartootaa dhimmoota dantaa mootummaaf dursa kennuun hojjechuun akka dabale agarsiisa. Dhimma hojjetaa fi hojjechiisaa, daa'immanii, maanguddootaa, qaama miidhamtootaa, dubartootaa fa'a irratti leenjii kennameen dursi kennamuufii danda'ameera. Dhimmoota sirna isaan ittiin keessummeeffaman irratti hundaa'uun dursa kennuu danda'amee jira. Fknf, kanneen sirna ariitiinii fi gabaabaan dhiyaatan. Namoota qabamanii fi tursiifaman irratti dursa kennun akkataa heeraatiin hojjechuuf yaaluun ni jira. Yeroo abbootiin dhimmaa gara biraatti mufatani dhufanillee tasgabbeessanii tajaajila isaan barbaadan kennuufiin babal'achaa jira. Fooyya'insi jiraatus garuu hanqinni ammaalle ni jira. Daataan af-gaaffiin argames jijjiiramni akka dhufe yaada cimsuudha. Kunis leenjiin kenname haalli abbootniin dhimmaa itti keessummeessamanii fi bu'uura seeraatiin itti hojjetamu irratti fooyya'iinsa kan fide ta'uu isaati.[114] Duraan nama loluu fi ifachuun kan ture ta'ullee yeroo ammaa fooyya'aa fi komiin illee xiqqaachaa dhufee jira.[115] Abbaa dhimmaas obsaan

[114]Af-gaaffii Insp.ol Alamaayyoo Tolaa Ab/Ad/Na/N/mirkaneessaa waajjira poolisii aanaa Xiyyoo waliin gaafa guyyaa 19/05/08 ,obboo Waaqgaarii Elsaay pireezidaantii mana murtii aanaa jimmaa Arjoo waliin gaafa guyyaa 24/05/08,Insp.Dirribaa Gammachuu Ab/Ad/Qo/Yakkaa fi murtii haqaa kennisiisa waajjira poolisii aanaa sibuu siree waliin gaafa guyyaa 26/05/08 taasifame

[115]Af-gaaffii Tolamariyam Dhibbisaa; Mulugeetaa Takilee; Dabalee Higuu

keessummeessuun dabalee jira. Abbaan dhimmaas yaada isaa bilisaa fi soda tokko male ibsachuu danda'eera.[116] Haa ta'uutii, darbee darbee nama ifachuu fi arrabsuun numa jira.[117]

Leenjii kennamaa tureen kaka'umsii fi miirri tajaajiltummaa hangam akka dabale madaaluuf ogeessota sangataa leenjii hojiin duraatiin leenji'anii daataan bar-gaaffii ijoo kana irratti guutan 97 keessaa, dhibbentaan 65.97% kaka'umsaa fi miira tajaajiltummaan hojjechuun sadarkaa olaanaan dabaleera yoo jedhan; dhibbentaaan 18.55% hanga muraasa dabale jedhaniiru. Dhibbentaan 5.15% jijjiiramni dhufe hin jiru jedhaniiru. Cuunfaa bar-gaaffii irraa yaadotni argaman; yeroo hundaa sa'atii hojii eeguun bahuu dhiisanii akka barbaachisumaa isaatti galmee hojjechuun dabalaa akka jiruu fi kun immoo kaka'umsi hojii dabaluu isaa kan argisiisu akka ta'e hubatameera. Gama biraatiin ILQSO bahanii hojiin dirqama waggaa 4 kaa'amuun isaa namni hojii fooyya'aa ta'e argatee akkaataa itti deemee hojjetu yoo dhabu kaka'umsi hojiif qabu akka gad-bu'u kan taasisuudha. Sa'atii hojii kabajuu, abbaa dhimmaatiif quuqamuu, akkasumas naamusaa fi ogummaa gaarii akka qabataan leenjii taasisuu fi hojiin hojjetamu seeraa fi seera qofa irratti hundaa'uun akka hojjetan kan taasisu waan ta'eef jijjiiramni dhufeera.

Af-gaaffii taasifame irraa ogeessonni qaamolee haqaa quuqamaa fi miira tajaajiltummaa gaarii akka qaban hubatameera. Fakkeenyaaf, abbaan alangaa qoratoota poolisii waliin ta'uun magaalaa irraa haga km 80 fagaatanii deemuun yakka yommuu qoratan ni jira.[118] Keessattuu leenjitootni hojiin duraa quuqamnii fi kaka'umsi hojii isaan qaban guddaadha.Warreen sirna keessa turan ifachuu fi mufachuun isaanirra mul'ata.[119] Leenjiwwan hojiin duraa fi hojii irraa kaka'umsaa fi quuqama abbaa dhimmaatiif hojjechuu irratti jijjirama gaarii fideera. Kana jechuun garuu namootni rakkoo ofiin qaban kanneen abbootii dhimma deddeebiin dhamaasan hin jiran jechuu miti.[120] Keessattuu kaka'umsii fi miirri tajaajiltumaa faayidaa waliin kan walqabatuudha.[121] Fakkeenyaaf duraan kaka'umsii fi miirri tajaajiltummaa ofiseroota seeraa baay'ee gad-aanaa kan ture yoo ta'u dabaliinsa miindaa isaaniin walqabate kaka'uumsi isaanii fooyya'ee jira. gama

[116]Af-gaaffii Jamaal Bakar, Tarrafaa Dafaar, Qindeessa KFSH, Go/Jimmaa, 18/05/2008; Darajjee Kabbadaa
[117]Af-gaaffii Dajanee Kiflee,
[118] Afgaaffii G/Inspeektara Alamuu Waaqoo, qorataa poolisii Aanaa Dugda Dawaa waliin gaafa 08/06/08 taasifame.
[119]Af-gaaffii Damoozee Maammee, Pirezidaantii MMWO gaafa 23/6/2008
[120]Af-gaaffii Naasir Faaris, MMWO tti Abbaa adeemsa hojii kenniinsa tajaajila abbaa seerummaa, gaafa 16/6/2008.
[121]Afgaaffii obbo.Nigaatuu Jaarsoo, pireezdaantii Mana Murtii Olaanaa Godina Booranaa waliin gaafa 08/06/08 taasifame.

biraatiin immoo eeggattummaan waan mul'atuuf ammallee quuqamnii fi kaka'umsi sadarkaa barbaadamerra gaheera jechuun rakkisa namootni jedhan ni jiru.[122]

Ogeessota sangataa leenjii hojii irraatiin leenji'anii ijoo kaka'umsaa fi miira tajaajiltummaan hojjechuun maal akka fakkaatu madaaluuf bar-gaaffii guutan 83 keessaa, dhibbentaan 68.67% jijjiiramni olaanaan dhufeera yoo jedhan; dhibbentaaan 30.12% jijiirama hanga muraasatu dhufe jedhaniiru. Dhibbentaan 1.20% jijjiiramni dhufe hin jiru jedhaniiru. Cuunfaa bar-gaaffii walitti qabamee irratti yaadotni bal'inaan barreeffaman kan argisiisan kaka'umsii fi miirri tajaajiltummaa kan fooyya'e ta'uu isaati. Tajaajila kennuuf dubbisuu, mari'achuu fi mari'achiisuun furmaata kennuun barbaachisaa akka ta'e itti amanuun hojiirra oolmaa isaatirratti hojjetamaa kan jiruudha. Kunis falmiin dhaddacha irratti taasifamu akka fooyya'u taasisee jira. Karaa biraatiin quuqamnii fi kaka'umsi namni yakka raawwate akka itti gaafatamuuf irratti hojjechuun fooyya'ee kan jiru ta'uu isaati. Hubannoo seeraa hawwasaaf kennuun komii isaanii furuun miira tajaajiltummaan hojjetamaa jira. Leenjiin ILQSO tti kennamuu fi moojuulii qophaa'u dubbisuu fi seerotallee iddoo rakkoon itti mul'aturratti hundaa'uun dubbisuun tajaajilli haqaa akka kennamuuf deeggarsi taasisu salphaa miti. Hawaasa tajaajiluun kan nama gammachiisuu fi itti boonan ta'aa dhufee jira. Quuqamuun hojjechuu fi kaka'umsi hojii hanga tokko kan fooyya'e ta'us, ammallee abbootiin seeraa galmee irraa fayyadamuu danda'u qabachuuf fiiguunii fi galmeewwan bu'aan dhuunfaa irraa hin argamne irraa baqachuun ni mul'ata.[123] Af-gaaffiin daataan argames leenjii kennamaa tureen kaka'umsii fi miirri tajaajiltummaa akka walii galaatti kan fooyya'e ta'us iddoo tokko tokkotti hanqinni bal'aan akka jiruu fi abbootiin dhimmaa callisanii osoo hin keessummeeffamiin manneen murtii fi waajjira haqaa keessatti rakkataa akka oolaniidha.[124] Walumaa galatti fooyya'iinsi jiraatus manneen hojii qaamole haqaa keessatti hanqinni quuqamaa fi kaka'umsaan hojjechuu kan jiru ta'uun hubatameera.

[122]Af-gaaffii Itti aanaa Kom. Damee Dinquu, I/G/Waajjira Poolisii Aanaa Kofalee, gaafa 13/5/2008
[123] Mokonnin Hayiluu, MMO Arsii Lixaatti Inipekshinii mana murtichaa, gaafa 9/5/2008
[124]Af-gaaffii Gammachuu Waattolaa, Waajjira Qondaala Naamusaa fi Komii Ummataa dhagahaa Aanaa Kofalee, gaafa 13/5/2008

Leenjiiwwan kennamaa turaneen gahumsi hoggansa dhimmaa fi abbaa dhimmaa akkasumas kaka'umsii fi miirri tajaajiltumaa ogeessotaa akka dabalu taasisuu irratti maal akka fakkaatu madaaluuf hoggantootaan daataan bar-gaaffii guutame akka gadiitti xiinxalameera.

Gabatee 17

Safartuu	LHD			LHI		
	OL	H/mu	HD	OL	H/mu	HD
Leenjiin erga kennamee booda abbootii dhimmaa fi dhimmota hogganuu irratti gahumsi dabale	16	20	1	22	11	1
Leenjiin erga kennamee booda kaka'umsii fi miirri tajaajiltumaa hangi dabale	25	14	2	18	20	1

Sagantaa leenjii hojiin duraatiin ogeessotni leenji'an gahumsi isaan dhimmootaa fi abbotii dhimmaa keessummeessuu irratti qabama sadarkaa akkamiin akka dabale madaaluun hoggantoota ijoo kana irratti bar-gaaffii guutan 37 keessaa, dhibbentaan 43.24% gahumsi isaanii sadarkaa olaanaan dabaleera yoo jedhan; dhibbentaan 54.05% gahumsi hanga muraasa dabale jedhaniiru. Dhibbentaan 2.70% gahumsi dabale hin jiru jedhaniiru.

Sagantaa leenjii hojii irraatiin leenji'anii gahumsi hoggansa dhimmaa fi abbootii dhimmaa sadarkaa akkamiin akka dabale madaaluuf hoggantoota bar-gaaffii ijoo kana irratti guutan 36 keessaa, dhibbentaan 61.11% gahumsi sadarkaa olaanaan dabale yoo jedhan; dhibbentaan 30.55% gahumsi hanga muraasa dabale jedhaniiru. Dhibbentaaan 2.77% gahumsi dabale hin jiru jedhaniiru.

Sagantaa leenjii hojiin duraatiin leenji'anii kaka'umsaa fi miira tajaajiltummaa ogeessotaa hangam akka dabale madaaluuf hoggantoota bar-gaaffii ijoo kana iratti guutan 42 keessaa, dhibbentaan 59.52% kaka'umsii fi miira tajaajiltummaan hojjechuun ogeessotaa sadarkaa olaanaan dabale yoo jedhan; dhibbentaan 33.33% hanga muraasa dabale jedhaniiru. Dhibbentaan 4.76% kaka'umsaa fi miirri tajaajiltummaa hin daballe jedhaniiru.

Sagantaa leenjii hojii irraattiin ogeessotni leenjii fudhatanii kaka'umsii fi miirri tajaajiltummaa isaanii sadarkaa akkamiin akka dabale madaaluuf hoggantoota bar-gaaffii ijoo kana irratti guutan

39 keessaa, dhibbentaan 46.15% kaka'umsii fi miirri tajaajiltummaa sadarkaa olaanaan dabale yoo jedhan; dhibbentaan 51.28% hanga muraasa dabale jedhaniiru. Dhibbentaan 2.56% kaka'umsii fi miirri tajaajiltummaa dabale hin jiru jedhaniiru.

Daataan ogeessota irraa argamee fi hoggantoota irraa argame naannoo gahumsa hoggansa dhimmaa fi abbaa dhimmaatiin dabalee akkasumas, kaka'umsaa fi miira tajaajiltummaan hojjechuutiin daataan garaa garumaa agarsiiseera. Fakkeenyaaf daataan ogeessota irraa argame dhimma hoggansa dhimmaa fi abbaa dhimmaa irratti dabale yommuu madaalan kanneen hojiin duraa fi hojii irraa dhibbentaan 71.73%, 72.91% olaanaa yoo jedhan; 20.65%, 22.91% hanga muraasa dabale jedhaniiru. Madaallii hoggantootaan kenname ammoo yoo ilaallu dhimma hoggansa dhimmaa fi abbaa dhimmaa irratti jijjiiramni dhufe 43.24%, 54.05% olaanaa yoo jedhan; 61.11%, 30.55% hanga muraasa jedhaniiru. Gama tokkoon ogeessotni illee dhibbentaa xiqqaa kan hin jedhamne 20% fi isaa ol kan ta'an gahumsi dabale hanga muraasa kan jedhanii fi hoggantootni immoo hojii ogeesotaan hojjetamaa ture madaaluun yaada kan kennan harki caalaan dhibbentaa 54% ta'u gahumsi hanga muraasatu dhufe jechuun, leenjii kennameen gahumsi hoggansa dhimmaa fi abbootii dhimmaa irratti jijjiiramni fide hagas mara akka hin taane agarsiisa. Bifuma walfakkaatuun leenjii kennameen kaka'umsii fi miirri tajaajiltummaan ogeessotni akka hojjetan taasisuu irratti hanqinni kan jiru ta'uu daataan hoggantoota irraa argame harki caalaan jijjiiramni dhufe hanga muraasa kan jedhuudha. Fknf, kaka'umsaa fi miiraa tajaajiltummaan akka hojjetan taasisuu irratti leenjifamtoota leenjii hojii irraa fudhatan yoo madaalana dhibbentaan 51.28% jijjiirama hanga muraasatu dhufe yoo jedhan; kannen leenjii hojiin duraa fudhatan yoo madaaalan dhibbentaan 33.33% jijjiiramni dhufe hanga muraasa jedhaniiru. Gama biraatiin, ogeessota irraa daataan argames parsantii xiqqaatti kan hin ilaalamne giddu galeessaan 24% kan ta'an jijjiramni dhufe hanga muraasa kan jedhan waan ta'eef gama kanaan irratti hojjetamuu kan barbaachisu ta'uu isaati.

2.1.8. Bu'a-qabeessummaa mana hojii dabale

Leenjiiwwan gama inistitiyutichaan kennamu bu'a qabeessummaa mana hojii hangama akka dabale beekuuf gaafileen sagantaa leenjii hojii irraa fi leenjii hojiin duraan adda qooduun

dhiyaatee jira. Leenjii hojiin irraa namoota 106 (dhibba tokkoo fi jaha) fi leenjii hojiin duraa 107(dhibba tokkoo fi torba) dhiyaatee daataan sassabame akka armaan gadiitti ibsamee jira.

Gabatee 18

Lakk	Safartuu	LHI			LHD		
		OL	H/mu	HD	OL	H/mu	HD
1.	Leenjiin fudhadhe bu'a-qabeessummaa (milkaa'ina galma) mana hojii kiyya hammam dabaleera jetta?	68=71.58%	25=26.31%	2=2.11%	71=66.36%	13=12.15%	4=3.74%

Gabatee armaan olii irraa akka hubatamu sagantaa leenjii hojii irrattiin ogeeyyii gaafii gafataman 106 (dhibba tokkoo fi jaha) keessaa namoonni 95(sagaltamii shan)deebii kennan keessaa namoonni 68 (jahatamii saddeet) **71.58% ol'aanaa**,namoonni 25 (digdamii shan) **26.31% hanga muraasa** namoonni 2(lama) **2.11% hin daballee** jechuun deebii isaanii kennanii jiru.Bar-gaafii kessatti bu'aalee argaman akka ibsan gaafatamanii yaada kennani, akkaataa himannaan qulqullina qabu itti dhiyaatu, falmiin gahaan itti gaggeeffamu irratti hubannoon gahaan waan uumameef galma manichaatiif hojjechuu irratti hojiin hojjatama jiru bu'a qabeessa akka ta'u godheera.[125]

Sagantaa leenjii hojii irraatiin ogeeyyiin 107 (dhibba tokkoo fi torba) ta'anii gaafiin wal-fakkaatu dhiyaateefi namoota deebi**i kennan 88(sadddeetamii saddeet) keessaa namoonni 71(torbaatamii tokko)80.68% ol'anaa,namoonni 13 (kudha sadii) 14.72% Hanga muraasa yammuu jedhan namoonni 4(afur)4.54%ta'an hin daballe jedhani jiru.**

[125] Cuunfaa bar-gaaffii irraa fudhatame

Yaada bu'aalee jira jedhan akka ibsan bar-gaafii keessatti gaafatamaniin Murtii madaalawaa fi tilmamaa ta'e kennuun komiin gama seeraatiin ka'aa turan xiqqaachuu, kuufamni galmee hir'achuu, hojii si'oominaa fi gahumsaan hojjechuun waan uumaameef gama milka'ina mana hojiitiin bu'a qabeessa taasisee jira. Naamuusan, qulqullina , si'oominaa fi haqa baasuu irratti hojii hojjatameen hojimaata seera irratti hin hundoofnee kan tanaan dura ture hambiseera. Amantaan ummanni qabus fooyya'aa jira jedhaniiru.yaadoota armaan olitti ibsamani irra kan hubatamu leenjiin gama inistitiyutichaan kenname milka'ina hojii mana hojii keessatti uumame irratti gahe ol'aana akka bahe dha[126].

Hoogantoota wajjira haqaa fi manneen murtiis gama isaaniitiin leenjiin kennama jiru hangama bu'a qabeessuuma mana hojii isaanii dabalee jira gaafii jedhuu gaafatamanii deebiin isaan kennan gabatee armaan gadii keessatti ibsamee jira.

Gabatee 22

Lakk	Safartuu	LHD			LHI		
		OL	H/mu	HD	OL	H/mu	HD
1.	Bu'a-qabeessummaan (milkaa'inni karoora) mana hojii hammam dabaleera jetta?	24=66.67%	12=33.33%	0	23=67.647%	10=29.41%	1=2.94%

Hogantootani leenjiin gama inistitiyutichaan kenama jiran bu'a qabeesummaa mana hojii isaanii hanagma akka dabale beekuuf sagantaa leenjii hojiin duraa fi hojii irraa irratti yaada kennaaniin hoggantoota 48(afuratamii saddeet) gaafatamani keessaa hooggantootni 36 leenjii hojiin duraa irratti yaada kennaniin namoonni 24(digdamii afur) **66.67% ol'aanaa**,namoonni 12(kudha lama) **33.33% hanga muraasa** yammuu jedhan namootni **hin daballee** jedhan hin jiran.Sagantaa leenjii hojii irraa irratti hoogantoota deebii kennan 34 (soddomii afur)keessaa namoonni 23 (digdamii sadi) **67.647% ol'aanaa**,namoonni 10 (kudhan) **29.41% hanga muraasa** yammuu jedhan namni tokko **2.94% hin daballee** jedheera

[126] Cuunfaa bar-gaaffii irraa fudhatame

Daataa armaan olitti sassabameen hoggantootni jiddu- galeessaan 67% ta'an leenjiin kennama jiru mana hojii isaanii bu'a qabeessa akka taasise ibsanii jiru. Hoogantootni 31.37% ta'an gama isaaniitiin leenjiin kenname hanga muraasa qofa bu'a qabeesuma mana hojii isaaniitif akka gumaache ibsu hoogantootni 1.45% ta'an immoo sagantaa leenjii bu'a qabeesummaa mana hojii isaanitiif gumaacha akka hin goone kaa'u.waluma galatti yaada hoogantoota irraa kan hubatamu hanqinaaleen muraasni akkuma jiranii ta'ee leenjiiwwan kennaman bu'a qabeessuma mana hojii isaanii akka dabala dhufe dha.

2.1.9. Gahuumsa addaa dabale

Hojiin qulqullinaan,si'oominaan akka hojjatamu fi leenjii seeroota adda addaa irratti kenameen hojiin haala wal-fakkaatuun akka hojjatamu taasisee jira. Leenjiwwan haala qabatama irratti kan xiyyeefatan ta'uun isaanii akkasumas leenjii hojiin duraa keessatti shaakalliin jiraachuun ogummaa hirmaattoota leenjii hojiin duraa dabalee jira.Gama biraatiinis hubannoon gama seera deemsa falmii fi qajeelfama adabbii irratti jiru dabaluu isaatiin dogongorri taanan dura ture fooyya'ee jira. Leenjii kennameen jechoota seeraa afaan oromoo sirritti hubachuu akka danda'an taasisee jira. Akka walii galaatti qaawwa seerota siviliis ta'e yakka irratti hubannoo gahaa akka argatanii fi gahee mana hojii isaanii irratti gahumsaan akka hojjetan taasiseera.Beekumsi isaan dhimmoota seera irratti qaban hedduu dabaleera.[127]

Aadaan dubbisuu fi ragaa qabachuu akka dabalu waan taasiseef qulqullinaan hojii raawwachuun dabaleera. Dhimmoota qaawwa seeraa fi hojii keessatti mul'atu irratti marii akka jiraatu fi hanga danda'ametti yaadni walitti dhiyeenya qabu ogeessotni akka qabaatan taasisera.Inni biraa immoo leenjiin dhimmoota wayitaawoo ta'an irratti yeroo adda addaatti kennuun hubannoon walfakkaataan akka uumamu taasisuun hojii sirnaan akka raawwatamu taasisera.[128]

[127] Cuunfaa bar-gaaffii irraa fudhatame
[128] Cuunfaa bar-gaaffii irraa fudhatame

2.1.9. Hudhaalee bu'a-qabeessummaa leenjii fi qorannoo

2.1.9.1. Hanqinaalee kenna leenjii keessatti mul'atan

Hanqinna leenjii keessatti mul'atan beekuuf bar-gaaffiin ogeeyyii saganta leenjii hojii irraa fi leenjii hojiin duraatiif dhiyaatee daataan sassabame akka armaan gadiitti ibsamee jira.

Gabatee 23

Lakk	Safartuu	LHI			LHD		
		OL	H/mu	HI	OL	H/mu	HI
1.	Koorsiiwwan sagantaa leenjichaakeessatti fudhatterakkoo hojiirrattiisin quunnaman furuuf kan rogummaa qabani dhaa?	97=95.10%	5=4.90%	0	86=90.53%	8=8.42%	1=1.05%

Sagantaa leenjii hojii irraa gaafii *Koorsiiwwan sagantaa leenjichaa keessatti fudhatte rakkoo hojiirratti isin quunnaman furuuf kan rogummaa qabani dhaa?*jedhamanii gaafatamanii deebii kennan 102(dhibba tokkoo fi lama) keessaa 97(sagaltamii torba) 95.10% eeyyen,namoonni 5(shan) 4.90% lakkii yammuu jedhan namoonni hin beekuu jedhan hin jiran.

Sagantaa leenjii hojii duraatiin ogeeyyiin107 gaafatamanii deebii kennan 95(sagalatamii shan) keessaa 86(saddeetamii jaha) 90.53% **eeyyen**,namoonni 8(saddeet) 8.42% **lakki** jedhani namni 1(tokkoo) 1.05% **hin beekuu** jedhee jira.

Dhimmoonnii leenjiin irratti kennaman rakkoolee qabatama furuu keessatti gaheen isaanii ol'aana ta'uuf roga qabeessa ta'uun hubachuun ni danda'ama

Daata aramaan olitti bifa bar-gaaffiin sassabaman irraa akka hubatamu leenjiiwwan gama inistitiyuutichaatiin kennman rakkoo qabatama iddoo hojiitti ogeeyyi qunaman furuu keessattii rogummaa kan qabu ta'uu ogeeyyii gaafataman keessaa harki caala ta'an leenjiin kennamu rakkoolee qabatama iddoo hojiitti isaan qunamu furuu keessatti rogummaa akka qabuu dha.

Leenjiin gama inistitiyutichaan kennamu roga qabeessaa fi rakkoo qabatama furuu kan dandeesissuu kan jedhamu ta'us kenninsi leenjii guutumaan guututti hanqinnaa tokkoollee hin qabuu jechuu miti.Ogeeyyiin bar-gaafii keessatti yaada kennanii hanqinni Leenjii keessatti mul'atu yammuu ibsan leenjiin yeroo gabaabaa ogeessota hunda dabareen walgahuu dhabuu. Namoota muraasa irra deddeebiin leenjisuu. Hojjetaa deeggarsaa fi ofiiseeroota seeraa leenjii keessatti bifa walfakkatuun hirmaachisuu dhabuu, leenjiin kennamu yeroo hundaa wayitaawaa akka ta'u curriculum foyyessuu, duub-deebii kennamuu ilaaluu irratti hanqinni jira[129]

Dandeettiin ogeeyyi leenjii kennanii wal-fakkaatu dhabuun leenjiiwwan tokko tokko yeroo bu'aa barbaadamu osoo hin buusiin hafan ni jira.Leenjiin hojii irraa yeroon isaa gabaabaa ta'urraa kan ka'e dhimmoota hunda haguugamuu qaban haguuguu dhabuun ni jira.[130]

Moojuliin leenjii tokko tokkos qulqullina hin qabu.[131] Gama biraan leenjii hojii duraa ilaalchisee leenjiin abbaa seeraa fi abbaa alangaatiif kennamu gargar ta'uu dhabuun leenjiiwwwan kennamaniif leenji'aan kaka'uumsaan akka hin leenjine gahee qaba.[132] Haalli leenjiin itti kennamu nuffisiisaa ta'uu, iddoo fi haalli leenjiin itti kennamu mijataa ta'uu dhabuu,[133] leenjistootni tokko tokko nama kabajuu dhabuu, qormaata haala walfakkatuun

[129] Cuunfaa yaada bar-gaaffii irraa fudhatame
[130] Cuunfaa yaada bar-gaaffii irraa fudhatame
[131] Afgaaffii obbo. Shallamaa Tarreessaa, Hoogganaa Waajjira Haqaa Aanaa bUlee Horaa, obbo. Fayisaa Alamuu A/Alangaa waajjira Haqaa Godina Booranaa waliin gaafa 08/06/08 taasifame.
[132] Afgaaffii obbo. Shallamaa Tarreessaa, hoogganaa Waajjira Haqaa Aanaa Bulee Horaa waliin gaafa 08/06/08 taasifame.
[133] Afgaaffii obbo. Fayisaa Alamuu A/Alangaa waajjira Haqaa Godina Booranaa, obbo. Fiqaaduu Jiraataa, inispeektara Mana Murtii Olaanaa Godina Booranaa waliin gaafa 08/06/08 taasifame.

sirreessuu irratti hanqinni jiraachuu fi kkf hanqinaalee kenna leenjii keessatti mul'atani dha.[134]

Inistitiyuutichi akka qaama sirna haqaa naannoo keenya bakka bu'uttii ogeessota ciccimoo fi muxannoo qaban hin qabu.[135] Inistitiyuutiin leenjii kenneet dhiisu malee leenjiin kennamaa jiru hagam hojiirra oolee jira kan jedhu adda baasuuf qaamolee haqaa deemuun dhimmoota qabatamoo ilaaluun hin hordofu.[136] Qorattootni yakkaa abbaa alangaa waliin kan qoratan yoo ta'ellee leenjii argachaa hin jirani.[137]

Kanneen armaan olitti akka hanqinna leenjii ibsamaniin alatti, sagantaalee leenjii Instiitiyuutiin walqabatee hanqinaaleen armaan gadii akka jiran barggaaffiidhaan akeekameera:[138]

- Haala salphaa namootni hubataniin leenjii kennuu dhabuu
- Leenjistootni tokko tokko gahuumsaa fi qophii gahaa gochuu dhabuu
- Qeeqa leenji'aan kennu fudhachuu dhabuu
- Leenjiiwwan kennaman itti fuufiinsa qabaachuu dhabuun ogeessota ilaallatu walgahuu dhabuu
- Leenjiiwwan kenaman keessatti hubannoo wal-fakkaata qabsiisuu dhabuu
- Rakkoolee leenjiidhaan furamuu qaban uwwisuu dhabuu
- Akkaataa hojii irratti bobba'aniitiin nama leenjiif rogummaa qabu filachuun hirmaachisuu dhabuu, fakkeenyaaf qaama aangoo hin qabne leenjii irratti hirmaachisuu
- Iddoon bultii mijaa'aa ta'uu dhabuu isaatiin leenjii kenamu bifa tasgabbii qabuun hordofuuf rakkisaa ta'uu fa'a dha.

Af-gaaffii hoogantoota waliin taasifameen leenjiwwan kennaman irratti hanqinaaleen akka to'annoo fi hordoffiin laafuu ,ogeessota naamusa ogummichi barbaadu horachuu irratti

[134] Afgaaffii obbo. Fiqaaduu Jiraataa, inispeektara Mana Murtii Olaanaa Godina Booranaa waliin gaafa 08/06/08 taasifame.

[135] Afgaaffii obbo. Jamaal Adam preezdaantii Mana Murtii Aanaa Doddotaa waliin gaafa 01/06/08, obbo. Shallamaa Tarreessaa, Hoogganaa Waajjira Haqaa Aanaa Bulee Horaa waliin, Obbo. Fayisaa Alamuu A/Alangaa waajjira Haqaa Godina Booranaa waliin gaafa 08/06/08 godhame.

[136] Afgaaffii obbo. Fiixaanbaas Faanaa, hoogganaa Waajjira Haqaa Aanaa Yaaballoo waliin gaafa 08/06/08 taasifame.

[137] Afgaaffii Komaandar Halakee Duubaa Ab/Ad/Ho/Qo/Ya fi Mu/ Haqaa kennisisaa qajeelcha Poolisii Godina Booranaa, G/inispeektaraa Roobaa Waariyoo Ab/Ad/Ho/Qo/Ya fi Mu/ Haqaa kennisisaa fi Saajin Balinaa Hayiluu qorataa poolisii Waajjira Poolisii Aanaa Yaaballoo waliin gaafa 08/06/08 taasifame.

[138] Cuunfaa yaada bar-gaafii irraa fudhatamee

hanqinni jiraachuu filannoo ogeessotaa mataa isaatiin rakkoo qabaachuu,leenjiin kennamu xiqqaachaa dhufuu[139]

Akka waliigalaattii daata sassabaman irraa leenjiiwwan kennaman rakkoowwan iddoo hojitti ogeeyyii qunaman furuuf roga qabeessa ta'u hubatameera.Garuu immoo leenjiiwwan kennaman ogeeyyi hunda dhaqabuu dhabuu,yeroon leenjii yeroo gabaaba xiqqaa ta'uun isaa dhimmoota hunda haguugu dhiisuu,dandeettiin ogeeyyis wal-caaluun isaa leenjiiwwan tokko tokko irratti bu'aan barbaadamu akka hin argamne taasisuu,haalli mijataan iddoo leenjii jiraachuu dhabuun sagantaa leeenjii keessatti dhimmoota akka hanqinaatti ibsamanii dha.

2.1.9.2. Leenjii kennamu hojiirra oolchuuf hudhaalee leenjifamtootni gara bakka hojii erga deeman booda mudatan

Kutaa kana jalatti leenjii Instiitiyuutichaan kennamu hojiirra oolchuun walqabatee rakkoo jiru daataan agarsiisu ni xiinxalama. Sana dura garuu ogeessota sagantaalee leenjii Instiitiyuutichaan kennaman irratti hirmaatan keessaa hangam isaanii leenjii fudhatan hojiirra oolchineerra jedhanii akka amanan ilaaluun gaarii dha.

Gabatee 25

Lakk	Safartuu	LHI			LHD		Ida'ama	
		Eeyyee	Lakki	HB	Eeyyee	Lakki	Eeyyee	Lakki
1.	Sagantaa leenjichaa irraa gahuumsa argatte hojiitti hiikuu dandeessee?	102	3	1	100	3	2002	6
	Dhibbentaan	96%	3%	1%	97%	3%	96.5%	3%

Akka gabatee olii irraa hubatamu ogeessotni leenjii fudhannu hojiirra oolchuu hin dandeenye jedhan daran muraasa (%3) dha. Ogeessota LHI fi LHD fudhatan gidduus garaagarummaan hagana jedhamu akka hin jirre hubachuun ni danda'a. Kun immoo ogeessotni bargaaffii guutan

[139] Damoozee Maammee, Pirezidaantii MMWO gaafa 23/6/2008

gariinis ta'u guutuun leenjii fudhatan hojiitti akka hiikan ni amanu. Ogeessotni leenjicha hojiitti hiikuu hin dandeenye jedhan kunneen dabalataan odeeffannoo kennaniin leenjiin instiituutichaan kennameef rakkoo jiru sirnaan kan xiinxalee baasu waan hin taanee fi leenjistoota gahumsaa fi kaka'umsa qabaniin deeggaramuu dhabuu akka sababaatti kaasaniiru. Kana malees, leenjiiwwan kennaman rakkoo qabatamaa irratti kan xiyyeefatan ta'anillee rakkoowwaniif fala gaarii kaa'uu dhabuun ni jira jedhaniiru.

Ogeessotni bargaafficha guutan kana yoo jedhanillee sadarkaan rakkoon kun irra jiruu fi sababootni rakkoo kanaaf ka'uumsa ta'an kana qofa akka hin taane odeeffannoon afgaaffii irraa argame ni agarsiisa. Rakkooleen gurguddoon leenjiiwwan kennaman akka hojiitti hin hiikamne godhan hanqina ogeessota bira jiruunis walqabata. Isaan keessaas gurguddoon: ogeessotni hedduun leenjii fudhatanillee amala isaanii yookin hojimaata ture jijjiiruuf qophii ta'uu dhabuu,[140] kaka'uumsa hojii dhabuu,[141] rakkoo naamusaa fi ilaalcha kira-sassaabdummaa,[142] fa'aan kan walqabatani dha. Rakkoo gama kaka'uumsaa fi naamusa ogeessota qaamolee haqaatiin jiruuf immoo ka'uumsi isaa fayidaa fi hojiin walmadaaluu dhabuu,[143] tarkaanfileen badii naamusaa fudhataman barsiisoo ta'uu dhabuu,[144] fakkeenyaaf nama rakkoo naamusaa qabu bakka hojii jijjiiruun tarkaanfii biraa osoo hin fudhatiin hafuu,[145] kariikulamiin LHD abbaa alangaa fi abbaa seeraaf adda bahuu dhabuu[146] kanneen jedhani dha.

Naannawaan hojii leenjii kennamu hojiitti hiikuu irratti dhiibbaa inni qabaatu ilaalchisee yaadni ogeessotni bargaaffii guutan qaban gabatee itti aanuun kan agarsiifame fakkaata.

Gabatee 26

Safartuu	LHI	LHD	Waliigalatti

[140] Af-gaaffii Naasir Faaris, MMWO tti Abbaa adeemsa hojii kenniinsa tajaajila abbaa seerummaa, gaafa 16/6/2008.
[141] Af-gaaffii Mulugeetaa Takilee
[142] Af-gaaffii Damoozee Maammee, Pirezidaantii MMWO gaafa 23/6/2008; Tarrafaa Dafaar, Abdurezaaq Nagaa; Amiin Aadam, I/G Waajjira Haqaa Godina Arsii Lixaa, gaafa10/5/2008
[143] Af-gaaffii Dajanee Kiflee, Mulugeetaa Fiqaaduu, Kamaal Sirboo, Pirezidaantii MMO Arsii Lixaa, gaafa 9/5/2008
[144] Af-gaaffii Mokonnin Hayiluu, MMO Arsii Lixaatti Inipekshinii mana murtichaa, gaafa 9/5/2008
[145] Af-gaaffii Idriis Yenuus
[146] Af-gaaffii Alamaayyoo Gaaddisaa pireezidaantii mana murtii ol'aanaa godina Wallaga Bahaa waliin gaafa guyyaa 25/05/08 taasifame

	Eeyyee	Lakki	HB	Eeyyee	Lakki	HB	Eeyyee	Lakki
• Naannawaan hojii jiru leenjii kennamu hojiitti hiikuuf mijataa dha?	80 (%78)	21 (%21)	1 (%1)	70 (%70.7)	29 (%29.3)	0	**150 (%74.5)**	**50 (%25)**

Akka daataa gabatee olii keessatti ibsame kanarraa hubatamutti hirmaattotni qorannichaa lakoofsa olaanaa qaban (%74.5) naannawaan hojii isaanii leenjii kennamu hojiitti hiikuuf rakkisaa akka hin taane kan amanani dha. Hirmaattotni naannawaan hojii mijataa miti jedhanis lakkoofsi isaanii xiqqaa kan jedhamu miti (%20.5). Kunis naannawaan hojii qaamolee haqaa keenya keessa jiru bu'a-qabeessummaa leenjii Instiitiyuutichaa irratti dhiibbaa mataa isaa geessisaa kan jiru ta'uu kan agarsiisu dha. Naannawaan hojii jiru leenjiiwwan fudhatan hojiitti hiikuuf irra caalaa rakkisaa kan ta'e immoo ogeessota LHD fudhataniif akka ta'e daataan kun agarsiiseera.

Hoogganttootni bargaaffii guutanis gaaffii walfakkaataa irratti yaada akka kennan taasifameera. Daataan argames kan gabatee itti aanee jiru keessa taa'e fakkaata.

Gabatee 27

Safartuu	Hooggantoota		
	Eeyyee	Lakki	HB
• Naannawaan hojii jiru leenjii kennamu hojiitti hiikuuf mijataa dha?	40 (%88.8)	5 (%11.2)	0

Akka daataa gabatee olii keessatti ibsame kanarraa hubatamutti hooggantootni hedduun (%88.8) naannawaan hojii isaanii leenjii kennamu hojiitti hiikuuf rakkisaa akka hin taane kan amanani dha. Hirmaattotni naannawaan hojii mijataa miti jedhanis lakkoofsi isaanii xiqqaa dha (%11.2). Kunis naannawaan hojii qaamolee haqaa keenya keessa jiru leenjii Instiitiyuutichaan kennamu hojiirra oolchuu irratti hanga barbaadamu mijataa akka hin taane ni agarsiisa. Daataan afgaaffiis bifoota dhiibbaan kunneen itti uumaman kan agarsiise yoo ta'u, isaan keessaa inni tokko heddummina hojii fi hanqinni humna namaa jiraachuu dha. Keessattuu rakkoon kun qorattoota

poolisii biratti kan hammaatu dha.[147] Akkuma beekamu kuufamni hojii jiraachuun ogeessotni seerotaa fi firiiwwan dubbii jiran akkaataa barbaadamuun osoo hin hubatiin ariifannaan hojii kennameef akka raawwatan carraa waan uumuuf bu'uura leenjii fudhataniin raawwachuuf akka rakkatan ni taasisa.

Kana malees, rakkoon kun kan maddu leenjiiwwan kennaman ogeessota hunda walgahuu dhabuu irraa kan maddu dha.[148] Fakkeenyaaf, hojiin ogeessi leenjii fudhate tokko raawwate, qaama olii leenjii hin fudhanneen fudhatama dhabuu danda'a. Yeroo tokko immoo ogeessi leenjii fudhate tokko hojimaata barmaataa namootni hedduun hordofaanirraa maqee bu'uura leenjii kennameefiin hojjechuuf ni rakkata. Rakkoon loojistikii qaamolee haqaa bira jirus bu'uura leenjii kennamuutiin hojjechuudhaaf haala rakkisaa uumuu ni danda'a.[149] Fakkeenyaaf, dhaddacha naanna'aa hojjechuuf rakkoon geejjibaa jiraachuu, kutaaleen hojii dhiphaa ta'uu fi ogeessotni hedduun walcinaa taa'anii abbaa dhimmaa keessummeessuu, kkf caqasuun ni danda'ama.

Gama biraatiin, qabxiin hojiirra oolmaa qorannooo keessatti gahee qabu tokko hordoffii fi deeggarsa taasifamuun kan walqabatu dha. Gabateen itti aanu qabatama gama kanaan jiru kan agarsiisu dha.

Gabatee 27

Safartuu	LHI			LHD			Waliigalatti	
	Eeyyee	Lakki	HB	Eeyyee	Lakki	HB	Eeyyee	Lakki
• Leenjicha hojiitti akka hiikuu akka dandeessu hordoffii fi deeggarsi taasifamu ni jiraa?	52 (%53)	41 (%40)	6	41 (%41.41)	55 (%55.56)	3	107 (%47)	96 (%47.78

Daataan kunis ogeessotni leenjii fudhanne hojiitti akka hiiknu deeggarsii fi hordoffiin barbaachisaan taasifamu hin jiru jedhan akka caala heddummatan kan agarsiisu dha. Hanqinni kunis irra caalaa kan mul'atu ogeessota LHD fudhaniin walqabatee akka ta'e daataa kana irraa

[147] Af-gaaffii Inspeektar Girmaa Maammoo
[148] Af-gaaffii Obboo Milkii Ayyalaa I/Gaafatama Waajjira haqaa aanaa Guutoo giddaa waliin gaafa guyyaa 25/05/08 taasifame
[149] Af-gaaffii Yilmaa Hundee

hubachuun ni danda'ama. Hooggantoota qaamolee haqaa 43 qabxii kana ilaalchisee bargaaffii guutan keessaa 37 (%86) kan gahan garuu deeggarsii fi hordoffiin dhimma kana ilaalchisee taasifamu jira yoo jedhan 6 (%14) immoo deeggarsii fi hordoffiin ogeessotni leenjii fudhatan akka hojiirra oolchan kennamu hin jiru jedhaniiru. Daataan hooggantootaa fi ogeessotaan guuttaman kunneen kan walhinsimne ta'u ni hubatama. Ta'us daataan hooggantootaan guutame qaama dirqama kana bahuu qabuunis kan guutame waan ta'eef, namni immoo amala isaatiin hanqina isaa dubbachuurraa yeroo hedduu akka ofqusatu waan beekamuuf sirrummaa qaba jechuuf kan nama rakkisu dha. Daataa afgaaffii irraa argames yoo ilaallu ogeessota leenjii fudhataniif deeggarsaa fi hordoffii taasisuun walqabatee hojii hedduun akka hin hojjetamne hubachuun ni danda'ama. Hanqinni to'annoo fi hordoffii jiraachuun akkuma jirutti ta'ee[150] hooggansi gahuumsaa fi naamusaa gaarii hin qabnellee jiraachuu[151] fi qaamolee haqaa gidduu hariiroon gaarii fi qindoominni dhabamuun[152] hojiirra oolmaa leenjiiwwan kennamaniitiif hudhaa akka ta'aa jiran ni beekama.

Kanumaan walqabatee ogeessotni leenjiiwwan kennaman kanneen irratti hirmaatan hubannoo argatan gargaaramuun hubannoo ogeessa cinaa isaanii jiru fooyyessuuf dhiibbaan uumuu danda'an ilaalamuu kan qabu dha. Gabateen itti aanus daataa kana agarsiisu qabateera.

Gabatee 28

Safartuu	LHI			LHD			Ida'ama	
	Eeyyee	Lakki	HB	Eeyyee	Lakki	HB	Eeyyee	Lakki
• Hubannoo leenjicha irraa argame ogeessota birootiif qooduun ni jiraa?	70 (%68)	30 (%29)	3	77 (%74)	24 (%23)	3	**147 (%71)**	**54 (%26)**

Daataan bargaaffii kun akka agarsiisutti ogeessotni leenjii fudhatan ogeessota biroo waliin hojjetaniif hubannoo argatan haalli itti qoodan jiraachuu hirmaattotni irra caalaan (%71) ni

[150] Af-gaaffii Damoozee Maammee, Pirezidaantii MMWO gaafa 23/6/2008; Kamaal Aliyyii,

[151] Af-gaaffii Asfaawu Lammaa, Pirezdaantii MMA Baabbilee, 26/5/2008; Darajjee Kabbadaa; Dabalee Higuu; Ashannaafii Ishetuu; Mokonnin Hayiluu, MMO Arsii Lixaatti Inipekshinii mana murtichaa, gaafa 9/5/2008

[152] Af-gaaffii Komaandar Makonnin Shallamaa, A/Ad/Qo/Yakkaa fi Mu/Ha/Kennisiisaa, Wa/Po/Go/Harargee Bahaa, 25/5/2008; Hamdii Rashiid

agarsiisu. Hirmaattotni hubannoo leenjii irraa argamu waliif qooduun hin jiru jedhenis lakkoofsi isaanii xiqqaa kan jedhamu miti (%26). Hubannoo leenjii irraa argatan hiriyoota isaaniitiif qooduu irrattis ogeessotni LHD fudhatan kan LHI fudhatan irra fooyyee qabaachuu daataan kun ni agarsiisa.

Gabatee 29

Safartuu	Hooggantoota		
	Eeyyee	Lakki	HB
• Hubannoo leenjicha irraa argame ogeessota birootiif qooduun ni jiraa?	27 (%61)	13 (%30)	4

Daataan bargaaffii hoogggantootaan guuttames hubannoo sagantaalee leenjii kennaman irraa argamu ogeessota birootiif haalli qoodamu jiraachuu ni agarsiisa (%61). Ta'us hooggantootni bargaafficha guutan hedduun (%30) gama kanaan hojiin hojjetame akka hin jirre amanu. Kunis rakkoon gama kanaan jiru bu'a-qabeessummaa sagantaalee leenjii kanneeniitiif hudhaa guddaa akka ta'aa jiru kan namatti agarsiisuu dha. Hubannoo walii qooduun ni jira kanneen jedhan, bifa gochaan kun ittiin calaqqisu yeroo ibsanis: marii paanalii taasisnu irratti wal-hubachiisaa deemu, maateeriyala leenjii ittiin fudhatan walii ergisuu yookin waliin dubbisuu fi dhuunfaan waliin mari'achuu fa'aan akka ta'e hirmaattotni bargaaffii guutan agarsiisaniiru. Hanqinni gama kanaan jiru immoo ogeessotni leenjii fudhatan hubannaa argatan akka walii hiran deegarsii fi hordoffiin taasifamu yookin haalli mijatu jiraachuu dhabuu kan jedhu dha.

2.2. Bu'a Qabeessummaa Hojii Qorannoo Seeraa

Inistitiyuutiin Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Oromiyaa gaafa hundeeffamu hojiiwwan ijoo gurguddaa lama akka hojjetuufidha. Inni tokko leenjii kennuun hanqinoota hubannoo jiran fooyyesuun hojmaatni walfakkaataan qaamolee haqaa naannichaa keessatti akka uumamu taasiisuudha. Gama biraatiin ammoo hanqinoota seeraa fi hojmaataa jiran irratti qorannoo gaggeessuudhaan rakkoowwan jiran furuufidha. Haaluma kanaan hanga ammaatti qorannowwan 40 ol gaggeessera. Qorannowwan Inistitiyuutichaan gaggeeffaman kunneen tajaajila haqaa bifa walfakkaataa fi qindoomina qabuun akka kennamu taasisuu irratti

fooyya'iinsa akkamiitu dhufee kan jedhu xiinxalamera. Haaluma kanaan, hoggantoota waajjiraalee haqaa fi pirezidaantota manneen murtii irraa daataan bar-gaaffiin walitti qabame akka armaan gadiitti xiinxalameeara. Daataan hooggantoota irraa qofa kan walitti qabames yeroo qorannoowwan dhiyaatan kan irratti hirmaatan isaan qofa waan ta'eef ogeessotni bu'a-qabeessummaa hojii qorannoo madaaluuf odeeffannoo sirrii ni qabaatu amantaa jedhu waan hin qabneefi dha.

Gabatee 29

Safartuu	OL	H/mu	HD
• Qorannoowwan Inistitiyuutiin gaggeeffaman kenniinsa tajaajila haqaa bifa walfakkaatuu fi qindoomina qabuun akka kennamu fooyyessuun yoo madaalamu	29 (69.04%)	13 (30.95%)	0

Qorannoowwan gaggeeffamaa turan kenniinsa tajaajila haqaa irratti fooyya'iinsa inni fide madaaluuf hoggantoota waajjira haqaa fi pirezidaantota manneen murtii baay'inni isaanii 48 ta'an irraa walitti qabamera. Haaluma kanaan, hoggantoota ijoo kana irratti bar-gaaffii guutan 42 keessaa namootni 29 (69.04%) fooyya'iinsa olaanaa fideera yoo jedhan; namootni 13 (30.95%) jijjiiramni hangi muraasa dhufeera jedhaniiru.

Af-gaaffiin daataan argame akka agarsiisutti qorannoon Inistitiyuutichaan gaggeefame rakkoo qabatamaa irratti hunda'uun furmaata gaarii akeekaa akka jiru ni agarsiisa.[153] Instiitiyuutiin akka biyyaattillee dhimmoota rakkoo qabatamaa fi yaaddessaa ta'an irratti qorannoo ni gaggeessa.[154] Qorannoo gaggeeffame bu'uureffachuun, argannowwan qorannichaa irratti leenjiin ogeessotaaf haalli itti kennamee rakkoo gama sanaan jiru furuuf deemanu kan jiruudha. Kun immoo jijjiirama qorannoon dhufeedha. Gama biraatiin iddoo rakkoon hojmaataa jiru dursanii qorannoon adda baasuun rakkoo sana furuuf leenjii kennuun ni jira. Hojiiwwan qorannoo leenjiin deeggaramanii hanqinootni jiran akka hir'atan ta'aa kan jiru waan ta'eef hojiiwwan qorannoo manichaan gaggeeffaman tajaajilli haqaa bifa walfakkaatuu fi qindoomina qabuun akka kennamu taasisuu keessatti fooyya'iinsi qorannoon dhufe gaarii ta'uu isaati.

[153] Afgaaffii Shimallis Simee, hoogganaa Waajjira Haqaa Godina Booranaa; Shallamaa Tarreessaa, hoogganaa Waajjira Haqaa Aanaa Bulee Horaa waliin gaafa 08/06/08 taasifame.
[154] Af-gaaffii Damoozee Maammee, Pirezidaantii MMWO gaafa 23/6/2008

Gama biraatiin gabatee olii irraa kan hubatamu jijjiiramni dhufe hin jiru namni jedhe dhibus, jijjiiramni dhufe hanga barbaadamu miti jechuun fooyya'iinsi hanga muraasa kan jedhan namoota xiqqaatti hin lakkaa'amne dhibbentaa 30.95% kan ta'aniidha. Sababootni jijjiiramni hanga barbaadame ta'uu dhabeefis, dhamaatiin ogeessotaa baay'ee akka ta'e kan hubatamu ta'us gama hoggansaan qaama dhimmi ilaallatu waliin ta'uun akkaataa qorannoon gaggeeffame hojiirra ooluu danda'u irratti hojjechuun ni hafa.[155] Akkumaa maqaa isaatii silaa qorannoon Inistitiyuutichaa hanga seerri irratti hundaa'ee bahuutti gahuu qaba. Garuu hanga ammaatti seerri qorannoo kana bu'uureffachuun bahe hin jiru. Gama biraatiin Inistitiyuutichi qorannoo caalaa leenjii irratti kan xiyyeeffatu fakkaata. Kun immoo hanga silaa barbaadame akka hin taane taasiseera.[156] Qorannoowwan yeroo hedduu inistitiyuutiin gaggeessu rakkoo qabatama bu'uura godhateeti sadarkaa qulqullina isaa kan eeggatee dha. Haa ta'uu malee, qorannoowwan gaggeefaman martii hojirra oolaa hin jirani.[157] Fakkeenyaaf qorannoo yakkaa poolisii fi Abbaan Alangaa waliin qoratan irratti akkasumas, dhimma hariiroo hawaasa keessatti gahee Abbaa Alangaa kan jedhu irratti qorannoowwn gaggeefaman akka Biiroo Haqaatti dhimma barbaachisoo ta'anii fi Biiricha ilaallatan ta'us hanga ammaa hojiirra hin oolle.[158] Qorannoowwan rakkoo furuu danda'an gaggeefamanis bu'aan qorannoo hanga gaditti ogeessota dhaqqabaa hin jiru.[159] Hojirra oolma qorannoon walqabatee ILQSO'n dhiibbaa gochuun irra jiraata qorannoowwan gaggeessa sheelfii irra kaahuun qofti gahaa miti.[160]

Akka waliigalaatti inistitiyuutichi qorannoowwan gaggeessaa turee fi jiru osoo hojiirra oolanii jijjiiramni gaariin kan dhufuu danda'u ta'ullee akka hanqina guddaatti kan ilaalame hojiirra akka ooluuf tattaaffii gochuu dhabuu ILQSO ti.

[155] Balaay Hoogganaa waajjira koree qindeessituu sagantaa fooyya'iinsa sirna haqaaa naannoo oromiyaa waliin gaafa 03/06/08 gaggeefame.
[156] Balaay Hoogganaa waajjira koree qindeessituu sagantaa fooyya'iinsa sirna haqaaa naannoo oromiyaa waliin gaafa 03/06/08 gaggeefame.
[157] Af-gaaffii Addee Caaltuu Hassan A/Alangaa Naannoo fi dagaagina naamusa fi inispeekshinii waliin gaafa guyyaa 10/05/08, obbo Kaliifaa Tolaa I/G/wajjira haqaa Aanaa Heexosaa waliin gaafa guyyaa 16/05/08,obboo Waaqgaarii Elsaay pireezidaantii mana murtii aanaa jimmaa arjoo waliin gaafa guyyaa 24/05/08 taasifame
[158] Af-gaaffii Addee Caaltuu Hassan A/Alangaa Naannoo fi dagaagina naamusa fi inispeekshinii waliin gaafa guyyaa 10/05/08, obbo Kaliifaa Tolaa I/G/wajjira haqaa Aanaa Heexosaa waliin gaafa guyyaa 16/05/08 taasifame
[159] Af-gaaffii obboo Kadiir Abdullaxiif pireezidaantii mana murtii aanaa Heexosaa waliin gaafa guyyaa 18/05/08, obboo Ashrafuu Kaliil B/B I/G waajjira haqaa godina Arsii waliin gaafa guyyaa 19/05/08 , obboo Abarraa Wiirtuu A/seeraa fi B/B pireezidaantii mana murtii aanaa guutoo giddaa waliin gaafa guyyaa 24/05/08 taasifame
[160] Af-gaaffii obboo Alamaayyoo Gaaddisaa pireezidaantii mana murtii ol'aanaa godina Wallaga Bahaa waliin gaafa guyyaa 25/05/08

BOQONNAA SADI

YAADOTA GUDUUNFAA FI FURMAATAA

3.1. Yaadota Guduunfaa

Leenjiin Inistitiyuutiin kennamaa ture akka waliigalaatti beekumsaa fi ogummaa leenjifamtootaa dabaluu irratti gahee guddaa taphachuu bu'aan qorannoo kanaa ni agarsiisa. Keessumattuu leenjiin hojiin duraa leenjifamtootni akkaataa tajaajila haqaa kennan irratti ogummaa dabalataa akka argatan kan isaan gargaare dha. Leenjiin kenname: ofitti amanamummaan ogeessotaa akka dabalu gochuu; seeronni haala wal fakkaataniin akka hiikaman yookan hojiirra oolan gumaachuu; qulqullinni kenniinsa tajaajila haqaa fooyya'uu; dogongorri ogeessotni hojii keessatti raawwatan akka hir'atu gochuu fi kenni tajaajila haqaa haqa-qabeessa akka ta'u gochuu qorannoon kun ni agarsiisa. Haa ta'u malee dhimmoota kanneen irratti amma illee hanqinoonni akka jiran xinxaalli qorannichaa ni agarsiisa. Rakkoon kunis sirni filannoo kaadhimamtoota SLHD jiru naamusa ogeessotaa adda baasuu irratti hanqina qabaachuu fi hanqinoota kenniinsa leenjii waliin walqabatan irraa kan maddu dha.

Gama naamusaa fi ilaalchaatiinis sagantaawwan leenjii kennaman hubannoo naamusa ogummaa irratti fooyya'iinsa uumaniiru. Ta'us, rakkoon guddaan jiru jijjiirama amalaa uumuu dhabuu dha. Kanaaf, rakkoon naamusaa cimaa fi bifa adda addaan ibsamu kan jiru ta'uu isaa qorannichi ni agarsiisa. Rakkoolee naamusaa uumaman kanaaf haalli ogeeyyiin itti filatamanii gama qaamolee haqaa kanatti makamanii fi sirni to'annoo naamusa ogeessotaa amma jiru laafaa ta'uun gumaacha mataa isaanii qabu. Gama Inistiitiyuutiin leenjiin naamusaa dhimmoota qorannoon adda bahanii fi qabatamoo ta'an bu'ureeffatee kennamuu dhabuun, dhimmoota naamusaa irratti to'annoon leenjifamtoota irratti godhamu hir'ataa dhufuun rakkoolee naamusaa ogeessota biratti mul'ataniif gahee qabu. Haalli fi naannawaan hojii mijaa'uu dhabuunis (keessattuu mindaan xiqqaachuun) akkasuma hanqina naamusaa irratti dhiibbaa kan hordofsiise ta'uu ni hubatama.

Leenjiwwan Inistiitiyuutiin kennamaa turan itti fayyadamni yeroo fi si'oominni hojii akka dabalu taasisuu irratti jijjiiramni gaariin kan jiru ta'uu isaa xiinxalli gaggeeffame ni argisiisa. Ta'us,

gama waajjira haqaatiin qorannaa yakkaa irratti haalli itti lafarra harkifamu jiraachuu fi manneen murtii keessattis abbootiin seeraas galmee qorachuu jedhamee haalli itti dhimmootni beellamaman kan jiru ta'uu isaati. Kunis kaka'uumsa hojii dhabuu irraa kan maddu ta'uun kan hubatamu dha.

Leenjiiwaan kennamaa turan dhaqqabummaa dabaluu, iftoominaa fi itti gaafatamummaan hojjechuun qaamolee haqaa keessatti akka dabalu taasisuu irratti bu'aan gaariin argameera. Dhaqqabummaan walqabatee uummata itti dhiyeenyaan tajaajiluu irratti fooyya'iinsi ni jira. Ammalee garuu hanqinootni iddoon itti mul'atan hedduu dha. Rakkoon dhaqqabummaan walqabatee jiru irra caalaan dhiyeessii waliin kan walqabatu dha. Iftoominaan hojjechuun walqabatees fooyya'iinsa gaariitu jira. Galmeewwan bifa iftoomina qabuun dhaddacha ifaa keessatti kan hojjetamani dha. Ta'us, guutumaa guutuutti abbootii seeraa fi abbootii alangaa hunda biratti bifa iftoomina qabuun hojjetama jechuu miti. Al-naamusummaa fi walbeekumsaan hojjechuun walqabatee hanqinootni darbee darbee ni mul'atu. Itti gaafatamummaan walqabatee rakkoon jiru tarkaanfii fudhachuu irratti dha. Hanqinni naamusaa yeroo argamutti itti gaafatamummaa mirkaaneessuuf tarkaanfiin fudhatamu gahaa akka hin taanee fi tarkaanfii fudhachuufillee duubatti harkiffachuun baay'inaan kan mul'atu dha. Kanaafuu, dhimmootni akkasii kun leenjiin kan sirratan waan hin taaneef kutannoon hooggansaa fi hooggansa fakkeenyummaa qabu qabaachuu irratti hojjechuutu barbaachisa.

Dhimmootaa fi abbootii dhimmaa hogganuu, quuqamaa fi miira tajaajiltummaan ogeessotni akka hojjetan taasisuu irratti akka waliigalaatti jijjiiramni gaariin mul'ateera. Haa ta'u malee, abbootii dhimmaatiif quuqama dhabuu irraa kan ka'e sa'aatii eeguu dhabuun abbootii dhimmaa teechisaa ooluu, sababa malee beellama jijjiiruu, abbootii dhimmaa ifachuun kan jiru ta'uun isaa hubtameera.

Bu'a-qabeessummaa sagantaalee leenjii instiitiyuutichaa irratti waantota dhiibbaa geessisan keessaa tokko kaadhimamtootni SLHD abbootii alangaa ta'uun ramadaman leenjii fudhatanii bahan hedduu isaa kan itti hin hojjenne waan ta'eefi dha. Kun kaka'uumsa leenjifamtootaa irrattis dhiibbaa mataa isaa kan qabu dha. Leenjistootni fi moojuliin leenjii tokko tokko gahuumsa dhabuun ni jira. Leenjiin kennamu hawwataa fi mala gaheessota hirmaachisaatiin

kennamuu dhabuun ni jira. Leenjiin Instiitiyuutiin kennamu rakkoo uwwisaas ni qaba. Keessattuu leenjiin poolisootaaf kennamaa jiru gahaa miti.

Leenjii kennamu hojirra oolchuuf leenjifamtootni gara bakka hojii erga deeman booda rakkooleen gara garaa hudhaa akka ta'anis qorannichi agarsiiseera. Isaan keessaas: leenjiiwwan kennaman rakkoowwan jiran agarsiisuun fala gaarii kaahuu dhabuu, ogeessotni hedduun leenjii fudhatanillee amala isaanii yookin hojimaata ture jijjiiruuf qophii ta'uu dhabuu, rakkoo naamusaa fi ilaalcha kira-sassaabdummaa fa'a caqasuun ni danda'ama.

Naannawaan hojii qaamolee haqaa keenya keessa jiru bu'a-qabeessummaa leenjii Instiitiyuutichaa irratti dhiibbaa mataa isaa geessisaa kan jiru ta'uus qorannoon kun ni agarsiisa. Rakkooleen naannawaa hojiitiin walqabatan kunneenis: heddummina hojii fi hanqina humna namaa, leenjiiwwan kennaman ogeessota hunda walgahuu dhabuu, rakkoo loojistikii fi kkf caqasuun ni danda'ama. Leenjiiwwan kennaman hojiitti akka hiikaman deeggarsii fi hordoffiin barbaachisaan taasifamu jiraachuu dhabuunis akka rakkoo tokkootti fudhatamuu danda'a. Dabalataanis, hooggansi gahuumsaa fi naamusa gaarii hin qabne jiraachuu fi qaamolee haqaa gidduu hariiroon gaarii fi qindoominni dhabamuunis hojiirra oolmaa leenjiiwwan kennamaniitiif hudhaa ta'aa jiru. Akkasumas, ogeessotni leenjii fudhatan ogeessota biroo waliin hojjetaniif hubannoo argatan akka qoodan sirni dandeessisu jiraachuu dhabuus kaasuun barbaachisaa dha.

Bu'aa qorannootiin walqabatee qorannoowwan gaggeeffamaa turanii fi jiran kan dhamaatiin cimaa itti bahuu fi osoo hojiirra oolanii rakkoo qabatamaan manneen hojii qaamolee haqaa keessa jiran furuu keessatti gahee olaanaa taphachuu kan danda'aniidha. Qorannoowwan gaggeeffaman hedduun isaanii qoratamaniituma sheelfii irra taa'uu yoo ta'e malee gara hojiitti yoo hiikaman hin mul'atani. Rakkoo kanaafis kaka'uumsaa fi kutannoo dhabuun gama Instiitiyuutii fi qaamolee haqaatiin jiru laafaa ta'uun akka ka'uumsaatti kan fudhatamu dha.

3.2. Yaadota Furmaataa

Argannoowwan qorannichaa yeroo ilaallu dhimmootnii fi qabxiileen sagantaaleen LHD fi LHI yeroo dheeraa irratti bu'a-qabeessa ta'an hedduu dha. Instiitiyuutiin dhimmoota bu'a-qabeessa

ta'uu sakatta'a kanaan olitti adda baafaman kanneen irratti bu'aa argame tursiisuudhaaf akkasumas cimee akka itti fufu gochuudhaaf hojjechuu akka qabu ni akeeku.

Haa ta'uyyuu malee boqonnaa kana keessatti dhimmoota akka hanqinaalee sagantaalee leenjii kanneeniitti teechifaman mara irratti, Instiitiyuutichi furmaata barbaachisaa kennuudhaaf yeroo osoo hin kennine ciminaan hojjechuu qaba. Keessumaayyuu,

- Filannoo kaadhimamtoota abbootii seeraa fi abbootii alangaa sagantaa LHD irratti ogeessi leenjiif filatamu, kan naamuusa fooyya'aa qabu akka ta'u koreewwan godinaalee irratti hundeeffamanii dorgomtoota calalan hawaasa kaadhimamaan keessaa bahe irraa odeeffannoo qabatamaa dugda duuba (background) isaanii agarsiisu haala itti argatan sirni dandeessisu bahee hojiitti hiikamuu qaba. Instiitiyuutiin adeemsa kana itti dhiyeenyaan hordofuu fi deeggaruu qaba.

- Qulqullina leenjii fooyyessuuf gahuumsa moojulii leenjii dabaluuf hojii cimaan hojjetamuu qaba. Kana keessatti imaammataa fi qajeelfama leenjii ifa ta'e qabaachuu fi qajeelfamoota jiranis hojiirra oolchuun barbaachisaa dha. Moojulootni leenjii qophaa'ans dhimmoota qabatamaan kan deeggaramanii fi mariisisaa ta'uu qabu. Leenjiin kamiyyuu fedhii kan bu'uureffate ta'uu qaba. Seerota qaawwa qaban yookin hiikoof saaxilamoo ta'an irratti leenjiin yommuu kennamu ejjannoon sadarkaa Inistiitiyuutiitti qabame akka calaqqisu haala mijeessuu fi to'achuun Inistitiyuutii irraa ni eegama. Gahuumsa leenjistootaa cimsuu fi naamusa isaaniitiinis fakkeenyummaa akka qabaatan hojjechuun barbaachisaa dha. Kanaafi muuxannoo dhaabbilee walfakkaatoo daawwachuu, dhaabbilee barnootaa olaanoo waliin ta'uun leenjistootaaf leenjii (mala leenjii fi hubannoo seeraa irratti) gaggabaaboo qopheessuu, kkf irratti hojjetamuu qaba.
- Haalli kenna leenjiis mala leenjii gaheessota hirmaachisaa ta'uu qaba. Ogeessi leenjii fudhatu, yaadota adda addaa leenjii keessatti ka'an irratti mari'atee hubannoo argachuu akka danda'u Inistitiyuutiin haala mijeessuu qaba. Uwwisa leenjii haqa-qabeessa ta'e qabaachuun barbaachisaa dha. 'Data base' qabaachuudhaan namoota leenjii hojirraa fudhachuu qaban adda baasuun gaarii dha. Leenjiin hojiirraa gabaabaan Instiitiyuutichaan kennamu ogeessa mara kan walhin geenye yoo ta'e, bifa leenjii leenjistummaatiin kennamee 'TOT' haalli ogeessotni leenji'an yeroo deebi'an ogeessota biro itti leenjisan sirnaawwaa bifa ta'een itti adeemamuu qaba.

- Leenjiin naamusa irratti kennamu dhimmoota qabatamoo fi qorannoon adda bahan irratti hundaa'uun akka kennaman godhamuu qaba. Naamusa ogeessota qaamolee haqaa mirkaneessuuf qaamolee dhimmi kana irratti hojjetan kanneen akka inspeekshinii, gumii, koreewwan naamusaa, qondaaltota naamusaa fi kkf gahoomsuuf leenjiin qophaa'uu qaba.
- To'annoon naamusa leenjifamtootaa irratti godhamu ciminaan gaggeefamuu qaba.
- Sirna to'annoofi hordoffii naamusa ogeessota qaamolee haqaa cimina qabu hundeessuun hanqinoota naamusaa mul'atan hatattamaan furuu.
- Rakkoolee mijaa'ina naannawaa fi haala hojiitiin walqabatanii ka'aniif furmaata laachuu.
- Inistitiyuutiin leenjii erga kenne booda hagam hojiirra oolee jira kan jedhu adda baasuufi deeggaruu qaba. Kana malees, leenjiiwwan kennaman rakkoowwan jiraniif furmaata hojiitti hiikamuu danda'an kan akeekan ta'uu qabu. Akkasumas naannawaan hojii qaamolee haqaa keenya keessa jiru leenjii kennamu hojiitti hiikuuf kan dandeessisu akka ta'u hooggansi irratti hojjechuu qaba. Dabalataanis Instiitiyuutiin qaamolee haqaa waliin ta'ee leenjii kennamu marti hojiirra akka oolu deeggarsaa fi hordoffii gochuu qaba. Ogeessotni leenjii fudhatan ogeessota biroo waliin hojjetaniif hubannoo argatan akka qoodan sirna dandeessisu mijeessuun barbaachisaa dha.
- Qorannoowwan gaggeeffaman akka hojiirra oolan Inisitityuutiin hojjechuu qaba. Hanga danda'ametti qaama dhimmi isaa ilaallatu waliin marii taasisuun faayidaa isaan argamsiisan ibsuufiin qorannoowwan hojiirra oolchuuf dhama'uun barbaachisaadha.
- Qorannoowwan gaggeeffaman akka hojiirra ooluu danda'an maxxanfamanii qaama dhimmi ilaallatu bira haalli ittiin gahuu danda'u jiraachuu qaba. Kana malees, qaamolee seera baastuu fi qaamoleen biroo hojiirra oolmaan qorannoo ilaallatu bifa itti-gaafatamummaa qabuun bu'aa qorannoo gaggeeffamuu akka fudhatanii itti fayyadaman sirni dandeessisu jiraachuu qaba.
- Qulqullina qorannoowwaniis sadarkaa barbaadamu irraan gahuuf muuxannoo dhaabbilee walfakkaatoo daawwachuu fi qorattootaaf leenjii (mala gaggeessa qorannoo fi hubannoo seeraa irratti) kennuun baay'ee barbaachisaa dha.

MIILTOOLEE

Miiltoo 1

Gaaffiilee Bargaaffii fi Afgaaffii

Unka 1

Bargaaffii Bu'aa Leenjii fi Qorannoo Sakatta'uuf Qophaa'e

Instiitiyuutiin leenjii ogeessota qaamolee haqaa fi qorannoo seeraa oromiyaa yeroo hundaa'ee irraa eegalee hanga xumura bara 2007'tti leenjii hojiin duraa marsaa saddetiin, leenjii hojiirraa yeroo dheeraa marsaa kudhaniin, akkasumas leenjii hojiirraa gabaabaadhaan ogeessota kumaatamaaan lakkaa'amaniif leenjii kennaa tureera. Yeroo ammaas, fayidaa fi bu'aa qabatamaa leenjiiwwan kunneen raawwii hojii keessan fooyyessuu irratti fidan sakatta'uun barbaachisaa ta'ee argameera. Isinis gaaffilee itti aanuun dhiyaataniif deebii dhugaa ta'e kennuun milkaa'ina qorannoo kanaatiif deeggarsa taasiftaniif dursinee isin galateeffanna.

- Gahee Hojii keessan _____
- Gosa Leenjii fudhattanii 1. Leenjii Hojiin duraa 2. Leenjii Hojiirraa Yeroo Dheeraa 3. Leenjii Hojiirraa Gabaabaa (Leenjii Hojiin duraa fi leenjii hojiirraa yeroo dheeraa fudhattaniittu yoo ta'e kan leenjii hojiin duraa madaalaa).
- Muuxannoo Hojii keessan (Waggaa) _____

Gaaffilee gabatee keessatti dhiyaataniif deebii sirrii jalatti mallattoo '√' gochuudhaan deebisaa

Lakk	Safartuu	Eeyyee	Lakki	Hin beeku
2.	Sagantaa leenjichaa irraa gahuumsa argatte hojiitti hiikuu dandeessee?			

Deebiin keessan 'eeyyee' yoo ta'e fakkeenya caqasaa. "Lakki'' yoo jettan immoo sababa isaa caqasaa.

_____

_____

_____

_____

3.	Safartuu	Eeyyee	Lakki	Hin beeku
	Naannawaan hojii keessan leenjiiwwan fudhattan hojiitti hiikuuf mijataa dha?			

Deebiin keessan ‘eeyyee’ yoo ta’e fakkeenya caqasaa. “Lakki’’ yoo jettan immoo sababa isaa fi rakkoo kana akkamitti akka baatan caqasaa.

_____

_____

_____

_____

4.	Safartuu	Eeyyee	Lakki	Hin beeku
	Gahuumsa leenjiiwwan fudhatte irraa argatte hojiitti akka hiikuu dandeessu hordoffii fi deeggarsi taasifamu ni jiraa?			
5.	Koorsiiwwan sagantaa leenjichaa keessatti fudhatte rakkoo hojiirratti isin quunnaman furuuf kan rogummaa qabani dhaa?			

6.	Safartuu	Eeyyee	Lakki	Hin beeku
	Hubannoo leenjicha irraa argatte ogeessota biroo leenjicha hin fudhatneef haalli itti qooddan ni jiraa?			

Deebiin keessan ‘eeyyee’ yoo ta’e fakkeenya caqasaa. “Lakki’’ yoo jettan immoo sababa isaa fi koorsiiwwan kam kam akka ta’e caqasaa.

_____

_____

_____

_____

7.	Safartuu	Olaanaa	Hanga	Hin

			Muraasa	daballe
	Leenjii erga fudhatte booda qulqullinni fi haqa-qabeessummaan hojii kiyyaa hangam dabaleera jetta?			

Deebiin keessan ‘Olaanaa yookin Hanga Muraasa dabaleera’ kan jedhu yoo ta’e fakkeenyaaf maal maal irratti akka ta’e caqasaa. “Hindaballe’’ yoo jettan immoo sababa isaa caqasaa.

_____

_____

_____

_____

8.	Safartuu	Olaanaa	Hanga Muraasa	Hin Hir’anne
	Leenjii erga fudhatte booda dogongorri hojii keessatti ani raawwadhu hangam hir’ateera jettaa?			

Deebiin keessan ‘Olaanaa yookin Hanga Muraasa hir’ateera’ kan jedhu yoo ta’e fakkeenyaaf maal maal irratti akka ta’e caqasaa. “Hin Hir’atne’’ yoo jettan immoo sababa isaa caqasaa.

_____

_____

_____

_____

9.	Safartuu	Olaanaa	Hanga Muraasa	Hin daballe
	Leenjii erga fudhatte booda ofitti-amanamummaan keessan hammam dabaleera jettaa?			

Deebiin keessan ‘Olaanaa yookin Hanga Muraasa dabaleera’ kan jedhu’ yoo ta’e fakkeenyaaf maal maal irratti akka ta’e caqasaa. “Hindaballe’’ yoo jettan immoo sababa isaa caqasaa.

_____

_____

_____

_____

10.	Safartuu	Olaanaa	Hanga Muraasa	Hin daballe
	Leenjii erga fudhatte booda itti-fayyadamni yeroo fi si'oominni hojii kiyya hangam dabaleera jetta?			

Deebiin keessan 'Olaanaa yookin Hanga Muraasa dabaleera' kan jedhu' yoo ta'e fakkeenyaaf maal maalin akka ibsamu caqasaa. "Hindaballe'' yoo jettan immoo sababa isaa caqasaa.

_____

_____

_____

_____

11.	Safartuu	Olaanaa	Hanga Muraasa	Hin daballe
	Leenjii erga fudhatte booda abbootii dhimmaa fi dhimmoota hoogganuu (hojii dursa argachuu qabuuf dursa kennuu) irratti gahuumsi kiyya hangam dabaleera jetta?			

Deebiin keessan 'Olaanaa yookin Hanga Muraasa dabaleera' kan jedhu' yoo ta'e fakkeenyaaf maal maalin akka ibsamu caqasaa. "Hindaballe'' yoo jettan immoo sababa isaa caqasaa.

_____

_____

_____

_____

12.	Safartuu	Olaanaa	Hanga Muraasa	Hin jiru
	Leenjii erga fudhatte booda hojii kiyya haala iftoominaa fi itti-gaafatamummaa qabuun raawwachuu irratti fooyya'iinsi jira jettaa?			

Deebiin keessan ‘Olaanaa yookin Hanga Muraasa dabaleera’ kan jedhu’ yoo ta’e fakkeenyaaf maal maalin akka ibsamu caqasaa. “Hin jiru’’ yoo jettan immoo sababa isaa caqasaa.

_____

_____

_____

_____

13.	Safartuu	Olaanaa	Hanga Muraasa	Hin daballe
	Leenjiin fudhadhe bu’a-qabeessummaa (milkaa’ina galma) mana hojii kiyya hammam dabaleera jetta?			

Deebiin keessan ‘Olaanaa yookin Hanga Muraasa dabaleera’ kan jedhu’ yoo ta’e fakkeenyaaf maal maalin akka ibsamu caqasaa. “Hindaballe’’ yoo jettan immoo sababa isaa caqasaa.

_____

_____

_____

_____

14.	Safartuu	Olaanaa	Hanga Muraasa	Hin daballe
	Leenjii erga fudhatte booda kaka’uumsi hojii fi miirri tajaajiltummaa kiyya hangam dabaleera jetta?			

Deebiin keessan ‘Olaanaa yookin Hanga Muraasa dabaleera’ kan jedhu’ yoo ta’e fakkeenyaaf maal maalin akka ibsamu caqasaa. “Hindaballe’’ yoo jettan immoo sababa isaa caqasaa.

_____

_____

_____

_____

15.	Safartuu	Olaanaa	Hanga	Hin

			Muraasa	daballe
	Leenjii erga fudhatte booda naamusni ogummaa kiyya hangam dabaleera jetta?			

Deebiin keessan ‘Olaanaa yookin Hanga Muraasa dabaleera’ kan jedhu’ yoo ta’e fakkeenyaaf maal maalin akka ibsamu caqasaa. “Hindaballe’’ yoo jettan immoo sababa isaa caqasaa.

_____

_____

_____

_____

16.	Safartuu	Olaanaa	Hanga Muraasa	Hin daballe
	Leenjii erga fudhatte booda beekumsi hojii /knowlegde/ kiyya hangam dabaleera jetta?			

Deebiin keessan ‘Olaanaa yookin Hanga Muraasa dabaleera’ kan jedhu’ yoo ta’e fakkeenyaaf maal maalin akka ibsamu caqasaa. “Hindaballe’’ yoo jettan immoo sababa isaa caqasaa.

_____

_____

_____

_____

17.	Safartuu	Olaanaa	Hanga Muraasa	Hin daballe
	Leenjii erga fudhatte booda ogummaan hojii /skills/ kiyya hangam dabaleera jetta?			

Deebiin keessan ‘Olaanaa yookin Hanga Muraasa dabaleera’ kan jedhu’ yoo ta’e fakkeenyaaf maal maalin akka ibsamu caqasaa. “Hindaballe’’ yoo jettan immoo sababa isaa caqasaa.

_____

_____

_____

_____

18. Qabxiilee armaan olitti tuqamaniin alatti leenjiin Instiitiyuutichatti fudhadhe hojii kiyya raawwachuu keessatti bu'aan naaf buuse ni jira yoo jettan tarreessaa.

18. Hanqinaalee sagantaalee kanneeniin walqabatanii jiran tarreessaa.

Unka 2

Bargaaffii Hooggantootni Qaamolee Haqaa Guutan

Instiitiyuutiin leenjii ogeessota qaamolee haqaa fi qorannoo seeraa oromiyaa yeroo hundaa'ee irraa eegalee hanga xumura bara 2007'tti leenjii hojiin duraa marsaa saddetiin, leenjii hojiirraa yeroo dheeraa marsaa kudhaniin, akkasumas leenjii hojiirraa gabaabaadhaan ogeessota kumaatamaaan lakkaa'amaniif leenjii kennaa tureera. Yeroo ammaas, fayidaa fi bu'aa qabatamaa leenjiiwwan kunneen raawwii hojii keessan fooyyessuu irratti fidan sakatta'uun barbaachisaa ta'ee argameera. Isinis gaaffilee itti aanuun dhiyaataniif deebii dhugaa ta'e kennuun milkaa'ina qorannoo kanaatiif deeggarsa taasiftaniif dursinee isin galateeffanna.

Gaaffilee waliigalaa gabatee itti aanu keessatti dhiyaataniif deebii sirrii jalatti mallattoo '√' gochuudhaan deebisaa

Lakk	Safartuu	**Deebii**		
		Eeyyee	Lakki	Hin Beeku
19.	Naannawaan hojii jiru leenjiiwwan fudhattan hojiitti hiikuuf mijataa dha?			
20.	Ogeessotni gahuumsa leenjiiwwan irraa argatan hojiitti akka hiikuu danda'an hordoffii fi deeggarsi taasifamu ni jiraa?			
21.	Ogeessotni leenji'an hubannoo leenjicha irraa argatan ogeessota biroo leenjicha hin fudhatneef haalli itti qooddan ni jiraa?			

Leenjifamtoota sagantaawwan leenjii gosa sadeeniifuu leenjiin booda bu'aa argame mallattoo '√' gochuudhaan agarsiisaa

Lakk	Safartuu	**Leenjii Hojiin Duraa**	**Leenjii Hojiirraa Yeroo**	**Leenjii Hojiirraa Yeroo**

					Dheeraa			**Gabaabaa**		
		Olaanaa	Hanga Muraasa	Hin daballe	Olaanaa	Hanga Muraasa	Hin daballe	Olaanaa	Hanga Muraasa	Hin daballe
22.	Qulqullinnii fi haqa-qabeessummaan hojii hangam dabaleera jettu?									
23.	Dogongorri hojii keessatti isaan raawwatan hangam hir'ateera jettu?									
24.	Ofitti-amanamummaan isaanii hammam dabaleera jettu?									
25.	Itti-fayyadamni yeroo fi si'oominni hojii isaanii hangam dabaleera jettu?									
26.	Abbootii dhimmaa fi dhimoota hoogganuu irratti gahuumsi isaanii hangam dabaleera jettu?									
27.	Hojii isaanii haala iftoominaa fi itti-gaafatamummaa qabuun raawwachuu irratti fooyya'iinsi jira jettuu?									
28.	Bu'a-qabeessummaan (milkaa'inni karoora) mana hojii hammam dabaleera jetta?									
29.	Kaka'uumsi hojii fi miirri tajaajiltummaa isaanii hangam dabaleera jettu?									
30.	Naamusni ogummaa isaanii hangam dabaleera jettu?									
31.	Beekumsi hojii /knowlegde/ isaanii hangam dabaleera jettu?									
32.	Ogummaan hojii /skills/ kiyya hangam dabaleera jetta?									

33. Qabxiilee armaan olitti tuqamaniin alatti leenjiin Instiitiyuutichatti kenname hojii isaanii raawwachuu keessatti bu'aan ogeessota kanaaf buuse ni jira yoo jettan tarreessaa.

_____

_____

_____

_____

_____

_____

_____

34. Hanqinaalee sagantaalee kanneeniin walqabatanii jiran tarreessaa.

_____

_____

_____

_____

_____

_____

35.	Safartuu	Olaanaa	Hanga Muraasa	Hin jiru
	Qorannoowwan Instiitiyuutichaan gaggeeffaman kenniinsi tajaajila haqaa bifa walfakkaataa fi qindoomina qabuun akka kennamu fooyya'iinsi fide hammami jettu?			

Deebiin keessan ‘Olaanaa yookin Hanga Muraasa’ kan jedhu’ yoo ta’e fakkeenyaaf maal maalin akka ibsamu caqasaa. Fooyya’iinsi fide “Hin jiru’’ yoo jettan immoo sababa isaa caqasaa.

_____

_____

_____

_____

_____

Unka 3

Qajeelchituu Afgaaffii Gariin Caaseffame (semi-structured interview guide) (Pirezdaantotni MM, hooggantootnii WH, Abuukaattoo dhuunfaa, Inspeekshinii naamusaa MM fi WH, Koree SFSH, Qondaala Naamusaa ykn Koree Dhageessuu komii uummataa,Waajjiraalee Poolisii) gaafataman

1. Ogeeyyiin kunneen erga leenjii Instiitiyuutichaan kennamu fudhatan booda (LHD, LHI yeroo dheeraa fi yeroo gabaabaa) jijjiiramnii fi fooyya'iinsi hojii irratti mul'isan; keessattuu:

    - ✓ Beekumsaa fi ogummaan walqabatee
    - ✓ Naamusaa ogummaan walqabatee
    - ✓ Tajaajila haqaa si'oomina qabuu fi haqa-qabeessa ta'e kennuu irratti
    - ✓ Kenni tajaajila haqaa dhaqqabamaa, iftoominaa fi itti gaafatamummaan keessatti kan mirkanaa'e akka ta'u hojjechuu irratti
    - ✓ Seerota bifa walfakkaataan hiikuu fi hojiirra oolchuun walqabatee
    - ✓ Quuqama hojii fi kaka'uumsa isaan qaban
    - ✓ Qulqullinna hojiitiin walqabatee
    - ✓ keessumeessa abbaa dhimmaatiin walqabatee

    bu'aan argame haala kamiin ibsama?

2. Kenniinsa tajaajilaa ogeessota kanneeniin kennamuun walqabatee dhimmoota leenjiiwwanii fi qorannoowwan gaggeeffamaniin:

    a. furmaata argataniiru jettanii fi
    b. dhimmoota furamuu hin dandeenye jettan nuuf ibsaa.

3. Leenjii kennamu hojiitti akka hin hiikne hudhaaleen jiran maal fa'i?
4. Hanqinoota jiran maqsuuf maaltuu hojjatamuu qaba jettu?

Miiltoo 2

Tarree Ogeessota Afgaaffii Deebisanii

1. Abdiisaa Bariisaa, Abukaatoo dhuunfaa Godina Arsii Lixaa, gaafa 10/5/2008
2. Abdiisaasaa Bariisaa, Abukaatoo dhuunfaa Godina Arsii Lixaa, gaafa 10/5/2008.
3. Abdulsaabur Abdullahi, Qondaala Naamusaa Go/Ha/Bahaa, 26/5/2008.
4. Abdurezaaq Nagaa, Ajajaa Wa/Po/Aa/Gommaa, 19/5/2008
5. Addee Balaayinash Tafarraa A/Alangaa Fi Qondaala Dagaagina Naamusa Waajjira Haqaa Godina Wallagga Bahaa
6. Addee Caaltuu Hassan A/Alangaa Naannoo Fi Dagaagina Naamusa Fi Inispeekshinii
7. Afagaaffii obbo. Baqqalaa Taarinoo, Abukaatoo dhuunfaa waliin gaafa 23/05/08 gaggeeffame.
8. Af-gaaffii Addee Balaayinash Tafarraa A/Alangaa fi qondaala dagaagina naamusa waajjira haqaa godina wallagga bahaa waliin gaafa guyyaa 25/05/08 taasifame
9. Af-gaaffii Addee Caaltuu Hassan A/Alangaa Naannoo fi dagaagina naamusa fi inispeekshinii waliin gaafa guyyaa 10/05/08,
10. *Afgaaffii G/Inspeektara Alamuu Waaqoo, qorataa poolisii Aanaa Dugda Dawaa waliin gaafa 08/06/08 taasifame.*
11. *Afgaaffii Komaandar Halakee Duubaa Ab/Ad/Ho/Qo/Ya fi Mu/ Haqaa kennisisaa qajeelcha Poolisii Aanaa Godina Booranaa waliin gaafa 08/06/08 taasifame*
12. Afgaaffii Obbo. Abdellaa Ogatee, It/A Hoogganaa Biiroo Haqaa Oromiyaa waliin gaafa 03/06/08 gaggeefame
13. Afgaaffii Obbo. Abdullaahi Shumaa, Barreessaa, Koree Sagantaa Fooyya'iinsa Sirna Haqaa Godina Booranaa waliin gaafa 1o/06/08 taasifame.
14. Afgaaffii obbo. Akiliiluu Abbabaa, Abbaa Alangaa Inispeekshinii Biroo Haqa oromiyaa waliin gaafa 10/05/08 godhame.
15. Afgaaffii obbo. Caalaa Bulchaa Aanaa Sibuu Siree waliin gaafa 26/05/2008 godhame.
16. Afgaaffii obbo. Fallaqaa Gaaddisaa Preezdaantii Mana Murtii Aanaa Sibuu Siree waliin gaafa 26/05/2008 godhame
17. Afgaaffii obbo. Fiqaaduu Jiraataa, inispeektara Mana Murtii Olaanaa Godina Booranaa waliin gaafa 08/06/08 taasifame.
18. Afgaaffii obbo. Jamaal Adam preezdaantii Mana Murtii Aanaa Doddotaa waliin gaafa 01/06/08 godhame.
19. Afgaaffii obbo. Kadiir Abdullaxiif pireezidaantii mana murtii aanaa Heexosaa waliin gaafa guyyaa 18/05/08,
20. Afgaaffii obbo. Naannoo Badhaadhaa, A/Alangaa Dursaa garee himannaa fi Qo'annoo Komoshinii Naamusaa fi Farra Malaanmaltummaa Oromiyaa waliin gaafa 03/06/08 taasifame.
21. Afgaaffii obbo. Nigaatuu Jaarsoo, pireezdaantii Mana Murtii Olaanaa Godina Booranaa, gaafa 08/06/08
22. Afgaaffii obbo. Shimallis Simee, hoogganaa Waajjira Haqaa Godina Booranaa, gaafa 08/06/08
23. Afgaaffii obbo. Tamasgeen Zerihuun Hogganaa Waajjira Haqaa Aanaa Mooyyalee waliin gaafa 11/06/08 taasifame.
24. Af-gaaffii obboo Ashrafuu Kaliil B/B I/G waajjira haqaa godina Arsii waliin gaafa guyyaa 19/05/08 taasifame

25. Af-gaaffii obboo Booreessaa Baqqalaa I/Gaafatama waajjira haqaa godina wallagga bahaa waliin gaafa guyyaa 23/05/08 taasifame,
26. Af-gaaffii obboo Fayyisaa Dhiinsaa I/Gaafatamaa waajjira haqaa aanaa jimmaa arjoo waliin gaafa guyyaa 24/05/08 taasifame
27. Af-gaaffii obboo. Abarraa Wiirtuu A/seeraa fi B/B pireezidaantii mana murtii aanaa guutoo giddaa waliin gaafa guyyaa 24/05/08
28. Amiin Aadam, I/G Waajjira Haqaa Godina Arsii Lixaa, gaafa10/5/2008.
29. Asfaawu Lammaa, Pirezdaantii MMA Baabbilee, 26/5/2008;
30. Ashannaafii Ishetuu, B/B Pirezdaantii MMA Haramayaa, 26/5/2008
31. Dabalee Higuu, B/B I/G Wa/Haqaa Aa/Jimmaa, 17/5/2008;
32. Dajanee Kiflee, Abukaatoo dhuunfaa, Go/Jimmaa, 19/5/2008;
33. Damoozee Maammee, Pirezidaantii MMWO gaafa 23/6/2008
34. Damoozee Maammee, Pirezidaantii MMWO gaafa 23/6/2008.
35. Darajjee Kabbadaa, Qondaala Naamusaa, Go/Jimmaa, 17/5/2008
36. Dastaa Mohaammad, Waajira Komii fi iyyata ummataa Aanaa Arsii Negellee, gaafa 12/5/2008.
37. Dimbaruu Goree, MMO Jimmaatti Inispekshinii Godinaa, gaafa 17/5/2008.
38. Fatih Abbaa Joobir, Pirezdaantii MMA
39. *Fiixaanbaas Faanaa,hoogganaa Waajjira Haqaa Aanaa Yaaballoo waliin gaafa 08/06/08,*
40. Fu'aad Shariif, B/B/Qondaala Naamusaa, Wa/Haqaa/Go/Harargee Bahaa, 24/5/2008.
41. Fufaa Hundumaa, Qondaala Naamusaa, Aa/Gommaa, 19/05/2008
42. Galmeessaa Itichaa, waajjira qindeessaa koree fooyya'iinsa sirna haqaa Godina Arsii Lixaa, gaafa 12/5/2008.
43. Gamadii Daddafoo, Godina Arsii Lixaatti Qondaala naamusaa, Abbaa adeemsa hojii dhimma bulchiisa iyyannoo ummataa, gaafa 10/5/2008.
44. Gammachuu Waattolaa, Waajjia Qondaala Naamusaa fi Komii Ummataa Dhagahaa Aanaa Kofalee, 13/5/2008.
45. Guuttataa Xuruneh, B/B I/G Wa/Haqaa Aa/Maannaa, 19/5/2008
46. Guuttataa Xuruneh; Baanchaamlaak Adaanaa, A/Ad/H/Q/Y fi M/H/Kennisiisaa, 19/5/2008
47. Hamdii Rashiid, abukaatoo dhuunfaa /Harargee Bahaa/, 26/5/2008;
48. Hamiid Kadiir, qondaala naamusaa ykn komii dhagahaa Aanaa Shaashamannee, gaafa 12/5/2008.
49. Heedataa Fayyisaa, I/G/Waajjira Haqaa Aanaa Shaashammannee
50. Hirphaa Irreessoo, pirezidaantii MMA Shaashamannee, gaafa 10/5/2008
51. Hirphaa Irreessoo, pirezidaantii MMA Shaashamannee, gaafa 10/5/2008.
52. I/A/Inspeektaraa Sa'id Kaliil, A/Ad/Qo/Yakkaa, Wa/Po/Aa/Haramayaa;
53. I/A/Kom.Margaa Garbii Ab/Ad/Qo/Yakkaa Fi Murtii Haqaa Kennisiisaa Qajeelcha Poolisii Godina Wallaggaa Bahaa,
54. Idriis Yenuus, Qondaala Naamusaa, Aa/Haromayaa, 26/5/2008
55. Ingidaa Nugusee, I/G/Waajjira Haqaa Godina Jimmaa, gaafa 19/5/2008.
56. Inispeektar Kamaal Aliyyii, Qoratoo Poolisii, Wa/Po/Aa/Jimmaa, 17/05/2008
57. Ins. Abduroo Hawwii, B/B Hogganaa Waajjira Poolisii Godina Arsii Lixaa, gaafa 9/5/2008.

58. Ins.olaanaa Abduljaabbaar Amanuu, Hogganaa Waajjira Poolisii Aanaa Arsii Negellee, gaafa 12/5/2008.
59. Insp.Dirribaa Gammachuu Ab/Ad/Qo/Yakkaa Fi Murtii Haqaa Kennisiisa Waajjira Poolisii Aanaa Sibuu Siree Waliin Gaafa Guyyaa 26/05/08 Taasifame
60. Insp.Ol Alamaayyoo Tolaa Ab/Ad/Na/N/Mirkaneessaa Waajjira Poolisii Aanaa Xiyyoo
61. Inspeektar Girmaa Maammoo, A/Ad/Qo/Yakkaa, Wa/Po/Aa/Meettaa, 28/5/2008
62. Ismaa'el Abbaa boor, Bakka Pirezidaantii MMO Jimaa, gaafa 17/5/2008.
63. Ittaanaa Saj. Isheetuu Makuriyaa, Waajjira Poolisii Aanaa Shaashamanneetti Qorataa yakkaa
64. Ittanaa Kom. Damee Dinquu, Hogganaa Waajjira Poolisii Aanaa Kofalee, gaafa 13/5/2008.
65. Jamaal Abbaaboor, Pirezdaantii MMA Jimmaa, 17/05/2008;
66. Jamaal Bakar, Qorataa, Wa/Po/Aa/Baabbilee, 25/5/2008;
67. Jibriil Hammee, Fu'aad Shariif, B/B/Qondaala Naamusaa, Wa/Haqaa/Go/Harargee Bahaa, 24/5/2008.
68. Jibriil Hammee, I/G/Wa/Haqaa/Aa/Meettaa, 26/05/08.
69. Jibriil Mahaammad, B/B/I/G/Wa/Haqaa/Aa/Haramayaa, 26/5/08;
70. Kabbadaa Tasammaa, Pirezidaantii MMA Kofalee, gaafa 10/5/2008.
71. Kadir Wayyuu, Pirezidaantii MMA Arsii Negellee, gaafa 12/5/2008.
72. Kamaal Sirboo, Pirezidaantii MMO Arsii Lixaa, gaafa 9/5/2008
73. Kamaal Sirboo, Pirezidaantii MMO Arsii Lixaa, gaafa 9/5/2008.
74. Kom. Asaffaa Gannatii, Komishinii Poolisii Oromiyaatti abbaa adeemsa qorannaa yakkaa
75. Kom. Asaffaa Gannatii, Komishinii Poolisii Oromiyaatti abbaa adeemsa qorannaa yakkaa
76. Kom. Geetachoo Badhaadhaa I/G/Waajjira Poolisii Aanaa Doddotaa Waliin Gaafa Guyyaa 16/05/08 Taasifame
77. Kom.Lammeessaa Gonfaa I/Gaafatamaa Wajjira Poolisii Aanaa Jimmaa Arjoo
78. Komaandar Makonnin Shallamaa, A/Ad/Qo/Yakkaa fi Mu/Ha/Kennisiisaa, Wa/Po/Go/Harargee Bahaa, 25/5/2008;
79. Mahaammad Abduramaan, Inispeekshinii MMO/Harargee Bahaa, 24/5/2008
80. Mahaammud Abdulmajiid, Pirezdaantii MMA Meettaa, 24/5/2008;
81. Miliyoon Gabrakidaan breessaa koree sagantaa fooyya'iinsa sirna Haqaa Aanaa Doddotaa waliin gaafa 01/06/08 godhame.
82. Miliyoon Wandaafarraash, I/G/Wa/Ha/Go/Harargee Bahaa, 24/5/2008
83. Mokonnin Hayiluu, MMO Arsii Lixaatti Inipekshinii Godinaa, gaafa 9/5/2008.
84. Mootii Goobanaa, I/G/Waajjira Haqaa Aanaa Kofalee, gaafa13/5/2008.
85. Mulugeetaa Fiqaaduu, Pirezdaantii MMO Go/Harargee Bahaa
86. Mulugeetaa Getaachoo, B/B I/G/Wa/Haqaa Aanaa Gommaa, 18/5/2008;
87. Mulugeetaa Takilee, Koomaandara, Hoogganaa, Wa/Po/Go/Jimmaa, 18/05/2008;
88. Naasir Faaris, MMWO tti Abbaa adeemsa hojii kenniinsa tajaajila abbaa seerummaa, gaafa 16/6/2008.
89. Naasir Faaris, MMWO tti Abbaa adeemsa hojii kenniinsa tajaajila abbaa seerummaa, gaafa 16/6/2008.
90. Obbo *Liibaan Areeroo, Bulchaa Godina Booranaa waliin gaafa 10/06/08*

91. Obbo Husseen Usmaan Pireezidaantii Mana Murtii Ol'aana Godina Arsii
92. obbo Kaliifaa Tolaa I/G/wajjira haqaa Aanaa Heexosaa waliin gaafa guyyaa 16/05/08,
93. Obbo Kaliifaa Tolaa I/G/Wajjira Haqaa Aanaa Heexosaa,
94. Obbo Mokonnin Naggasaa Inspeektara Mana Murtii Ol'aanaa Godina Arsii ,
95. Obbo Tasfaayee Abbitow Oggeessa Qorannoo Fi Hordoffii Sagaqntaa Fooyya'iinsa Sirna Haqaa Godina Wallagga Baha Waliin Gaafa Guyyaa 23/05/08 Taasifame
96. Obbo. Aaddisuu Dhaabaa Abbaa Alangaa fi bakka bu'aa Hogganaa waajjira haqaa Aanaa Sibuu Siree *waliin gaafa 26/05/08 taasifame.*
97. Ashanaafii Nigaatuu A/alangaa waajjira haqaa Aanaa Bulee Horaa waliin gaafa 07/06/08 taasifame.
98. Duubaa Kulee Hogganaa waajjira haqaa Aanaa Dugda Dawaa waliin gaafa 07/06/08 taasifame.
99. Obbo. Mahaammud Abdulmajiid, Pirezdaantii MMA Meettaa, 24/5/2008
100. Obbo. Taaddalaa Garramuu, bulchaa Aanaa Doddotaa waliin gaafa 01/06/08 godhame.
101. Obboo Abarraa Wiirtuu A/Seeraa Fi B/B Pireezidaantii Mana Murtii Aanaa Guutoo Giddaa
102. Obboo Abdusamad Muhammad I/Gaafatamaa Waajjira Haqaa Aanaa Xiyyoo
103. obboo Abdusamad Muhammad I/Gaafatamaa waajjira haqaa aanaa xiyyoo waliin gaafa guyyaa 19/05/08
104. Obboo Alamaayyoo Gaaddisaa Pireezidaantii Mana Murtii Ol'aanaa Godina Wallaga Bahaa Waliin Gaafa Guyyaa 25/05/08 Taasifame
105. Obboo Ashrafuu Kaliil B/B I/G Waajjira Haqaa Godina Arsii
106. Obboo Ashrafuu Kaliil B/B I/G Waajjira Haqaa Godina Arsii
107. Obboo Booreessaa Baqqalaa I/Gaafatama Waajjira Haqaa Godina Wallagga Bahaa
108. Obboo Dabalee Xilaahun I/G/Garee Inspeekshinii Mana Murtii Ol'aana Godina Arsii
109. Obboo Darsee Hamdaa A/Alangaa Fi Qondaala Naamusaa Waajjira Haqaa Godina Arsii
110. Obboo Fayyisaa Dhiinsaa I/Gaafatama Waajjira Haqaa Aanaa Jimmaa Arjoo
111. Obboo Fayyisaa Dhiinsaa I/Gaafatamaa Waajjira Haqaa Aanaa Jimmaa Arjoo
112. Obboo Kadiir Abdullaxiif Pireezidaantii Mana Murtii Aanaa Heexosaa
113. Obboo Milkii Ayyalaa I/Gaafatama Waajjira Haqaa Aanaa Guutoo Giddaa
114. Salamoon Taaddasaa, Preezdaantii Mana Murtii Aanaa Mooyaalee waliin gaafa 11/06/08 taasiafame.
115. Tarrafaa Dafaar, Qindeessa KFSH, Go/Jimmaa, 18/05/2008; Darajjee Kabbadaa
116. Tolamariyam Dhibbisaa, Pirezdaantii MMA Gommaa, 18/05/2008;
117. Wandasan Hayilee,Qindeessaa KFSH Go/Haragee bahaa, 26/5/2008
118. Warquu Gabbisaa, MMWO tti Abbaa adeemsa garee inspekshinii Naannoo, gaafa 15/6/2008.
119. Yaldoo Badhaasaa, I/G/Waajjira Haqaa Aanaa Arsii Negellee, gaafa 10/5/2008.
120. Yilmaa Hundee, Qondaala Naamusaa Aa/Mannaa, 19/05/2008
121. Waaqgaarii Elsaay Pireezidaantii Mana Murtii Aanaa Jimmaa Arjoo Waliin Gaafa Guyyaa 24/05/08 Taasifame